# XIINXALA AKAAKUU GAREE JECHOOTA AFAAN OROMOO KITAABA BARATAA KUTAA 9^FFAA^ FI 10^FFAA^ KEESSATTI DHIYAATANII

**GAADDISAA BIQILAA LIGDII**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**
**FINFINNEE**

# XIINXALA AKAAKUU GAREE JECHOOTA AFAAN OROMOO KITAABA BARATAA KUTAA 9^FFAA^FI 10^FFAA^ KEESSATTI DHIYAATANII

QORATAAN: GAADDISAA BIQILAA LIGDII

GORSAA: AMAANU'EEL ALAMAAYYOO (PHD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGUBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIHAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

HAGAYYAA 2011/2019

FINFINNEE

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaan qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii gamisaan guuttachuuf Gaaddisaa Biqilaatiin, mataduree: "*Dhiyaannaa akaakuu Garee Jechoota Afaan Oromoo kitaaba Barnootaa Kutaa 9fi 10 Xiinxaluu"* jedhu irratti qophaa'e kan adeemsa barbaachisu guutee dhiyaateedha.

Koree Qormaataa

Qoraa Keessaa_________________________________Mallattoo__________Guyyaa__________

Qoraa Alaa____________________________________Mallattoo__________Guyyaa__________

Gorsaa______________________________________Mallattoo____________Guyyaa___________

______________________________________________________________________________

Itti Gaafatamaa Muummee Afaan Oromoo Ykn Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa

# Axereeraa

*Qorannoon kun mataduree "Xiinxala Dhiyaannaa Akaakuu Garee Jechoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa kutaa 9fi 10 bara 2005 qophaa'an" irratti kan geggeeffameedha. Kaayyoon isaas: Akkaataa dhiyaannaa Akaakuu Garee Jechoota AO KB kutaa 9fi 10 xiinxaluun hanqinaalee mul'ataniifi haala kamiin dhiyaachuu akka qaban ibsuudha. Yaaxxinni qorannichaas, yaaxina caaseffamaa irratti kan hundaa'eedha. Qorannoon kun akka yaada gabbataa qabaatuuf, kitaabileen adda addaa mataduree qorannichaan walitti dhiyeenya qaban ilaalamaniiru. Irraawwatamni qorannichaas, KB kutaa 9fi 10,Qajeelcha Barsiisaafi Silabasii BAO yammuu ta'u, kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf,maddi ragaa odeeffannoon irraa argame madda ragaa 1ffaa ta'ee, Sakatta'a barruudha. Kunis, KB kutaa 9fi10, akkasumas QB waliin Walbira qabuun kan sakattaa'aman.Yaada kana gabbisuuf, barsiisota AO barsiisan afuriif gaaffiin afaanii dhiyaachuun yaada isaanii irraa xiinxalli geggeeffameera. Walumaa galatti, faayidaa, akaakuufi akkaataan dhiyaannaa isaanii hanqina mul'ate adda baasuun qaacceffamanii dhiyaataniiru. Xiinxala geggeeffameefi cuunfaa qorannichaa irratti hundaa'uun argannoowwan gurguddoon qorannichaa: Qophiin dhiyaannaa akaakuu garee jechoota AO KB kutaa 9fi 10 keessatti fkn gahaan deggeramee; baay'inni garee jechootaa adda ba'uun dhiyaachuu qaba kan jedhu. Moggaasni garee jechootaa jiran: maqaa, maqibsi, gochimni, gochibsiifi durduubeen garee jechootaa ta'uu isaaniif ulaagaa qoodiinsa isaanii waliin ibsamuu akka qabaniidha. Faayidaan qoodiinsa garee jechootaa, akkaataa barattoota hawwachuu danda'aaniin ibsi gahaan itti kennamuun dhiyaachuun gaarii ta'a. Qorannoo kanaan, gareen jechoota AO KB kutaa 9fi 10 keessatti bifa alkallattiifi kallattii ta'een dhiyaachuu akka qaban ifa ta'ee jira. Akkasumas, gareen jechootaa; ulaagaa xiinhimaa, xiinhiikaafi xinqooqaan adda bahaanii qoodamuu akka qaban; garee jechoota AO KB keessatti qabiyyee walitti fufiinsa qabuun garee jechootaa jiran haala gaariin ibsuu akka danda'utti qoodamuu akka qaban kan ibsu. Gareen jechootaa ibsamanis Maqaa, maqibsa, gochima, gochibsiifi durduubee jedhamuun haala walqabatiinsa qabuun akkaataa ifa ta'een kan dhiyaatu ta'uu gaarii ta'uu. Dhiyaannaan akaakuu garee jechooota AO KB kanneen keessatti, utuu KBfi QB keessatti adda addummaa hin uumin yaada walfakkaatuun barattootaafi barsiisota Oromiyaa keessa jiraniif hubannoo walfakkaataa akka uumuuf walsimachisanii dhiyeessuun gaariidha.*

# Galata

Waan hundumaa dura galanni kan isa waaqaafi lafa uumee, uumama lubbu-qabeessaafi dhabeessa kan irratti uume Waaqayyo Gooftaa maccaaf haata'u. Itti aansuun, mata duree qorannoo kanaa irraa kaasuun milkaa'ina qorannichaaf gorsa naaf kennaa kan turan barsiisaakoo kan ta'aan Dr. Amaanu'eel Alamaayyoo guddaa haa galatoomanin jedha.

Dabalataan, haadhawarraa koo kan taate Aadde Dabalee Baqqalaa Goshuu gochi isheen ganamaa hanga galgalaa nasooruuf, najajjabeessuufi nabohaarsuuf haasaa isheen taasiftu yeroo kamuu natti yaadatamu, kanaafuu, kabaja guddaa haa argattu. Ammas, mucaan yeroonan qorannoo kana hojjedhu waggaa lammaffaa keessa jiru, Lammiisaaf Gaaddisaa reefu Afaan dhalootaa hiikkatuun, yeroo boqonnaakoo cabaquun nabashannansiisu kan natti yaadatamu; guddachuun bakka guddaa haagahu jedheen baceessa.

Akkasumas, Waajjira Barnootaa Aanaa Begii, barsiisota mana barumsaa sadarkaa $2^{ffaa}$fi Qophaa'inaa, hiriyoota koo kanneen kallattii adda addaan fiixaan ba'insa hojii qorannoo kanaaf gumaacha yaadaafi maallaqaa naaf taasisan hundaaf gama kanaan galata guddaa argadhaa jechuun barbaada.

Dhumarratti, hayyoota Oromoo guddina Afaan Oromootiif gumaacha adda addaa taasisaa jiran guddaa haagalatooman. Dabalataanis, kanneen guddina Afaan kanaaf ga'ee isaanii ba'aa turanii Lubbuun aarsaa ta'aan qooda guddaa waan qabaniif, seenaan isaan haayaadatun jedha.

## Jibsoo

| | |
|---|---|
| Akkaayyoo - | akka kaayyoo qoratichaatti odeeffattoota filachuu. |
| Ariirrata- | Seenduubee |
| Baceessuu- | Eebbisuu ykn galootoonfachuu |
| Banamaa- | ofkennaa |
| Gooree- | murtaa’aa |
| Gooroo- | dimshaashaa/ Waliigala |
| Maseenaa- | kan hinhorre, hinbaay’anne |
| Xiinjecha- | xiinxala jechaa |
| Xiinxala - | Dhimma tokkorratti xiinxala gadifagoo geggeessuu |
| Yaadrimee- | yaada ka’umsaa |

## Hiika Jechoota Gabaajee

Gabaajee Ibsa

AO--------------------------------------------------Afaan Oromoo

KB-------------------------------------------------Kitaaba Barataa

KBAO---------------------------------------------Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo

QB-------------------------------------------------Qajeelcha barsiisaa

SBAO---------------------------------------------Silabasii Barnoota Afaan Oromoo

BAO-----------------------------------------------Barnoota Afaan Oromoo

FQBW---------------------------------------------Fooyya'insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa

WGI-----------------------------------------------Waldaa Guddina Internationalaa

FFIK-----------------------------------------------Fandii Faastii Inisheetiivii Kaatoolikii

UK-------------------------------------------------Unaayitid Kiingidam

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereeraa ........ i
Galata ........ ii
Jibsoo ........ iii
Hiika Jechoota Gabaajee ........ iv
Baafata ........ v
Tarreeffama Gabateewwanii ........ viii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA
1.1. Ariirrata Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 7
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 8
1.3.2. Kaayyoo Gooree ........ 8
1.4. Faayidaa Qorannichaa ........ 8
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 9
1.6. Hanqinaalee Qorannichaa ........ 9
1.7. Qindoomina Qorannichaa ........ 10
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU
2.1. Maalummaa Jechaafi Garee Jechootaa ........ 11
2.2. Ulaagaa Gareen Jechootaa Ittiin Qoodaman ........ 14
2.2.1. Ulaagaa Xinjecha ........ 14
2.2.2. Ulaagaa Xinhiikaa ........ 15
2.2.3. Ulaagaa Xinhimaa ........ 15
2.3. Akaakuu Garee Jechootaa ........ 17
2.3.1. Gareewwan Jechootaa Gooroo ........ 17

2.3.2. Gareewwan Jechootaa Gooree ........................................................................ 19
2.4. Faayidaa Garee Jechootaa Kitaaba Barataa Keessatti Dhiyeessuun Qabu ..................26
2.5. Haala Ittiin Garee jechootaa Kitaaba Barataa Keessatti Ittiin Dhiyaatan ...................27
2.5.1. Karaa Kallattii Ta'een ................................................................................ 27
2.5.2. Karaa Alkallattii ....................................................................................... 28
2.5.3. Mala Faayidaa Murtaa'aaf Dhiyeessuu .......................................................... 29
2.5.4. Murtaa'aatii Gara Dimshaashaatti (Inductive Method) Dhiyeessuu .................. 30
2.5.5. Dimshaashaa Gara Murtaa'aatti (Deductive Method) Dhiyeessuu .................... 30
2.5.6. Ijaan akka Ilaalan Gochuufi Fakkeenya Kennuun Dhiyeessuu ........................... 30
2.6. Seerota Qophii Kitaaba Barnoota Afaanii ..................................................................31
2.7. Ulaagaalee Filannoo Kitaaba Barnootaa Gaarii .........................................................31
2.8. Ulaagaalee Madaallii Kitaaba Barnootaa Afaanii .......................................................32
2.9. Sakatta'a Barruu Walfakkii.........................................................................................33
BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....................................................................................................35
3.2. Irraawwatama Qorannichaa .........................................................................................35
3.3. Iddattoofi Mala Filannoo Iddattoo ...............................................................................36
3.4. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanaman.............................................................37
3.4.1. Sakatta'a Kitaaba Barataa Kutaa 9fi 10 ........................................................... 37
3.4.2. Sakatta'a Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 9fi 10 ...................................................... 37
3.4.3. Sakatta'a Silabasii Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9fi 10................................. 38
3.4.4. Afgaaffii Barsiisotaa......................................................................................... 38
3.5. Malleen Qaaccessa Ragaalee .......................................................................................38
BOQONNAA AFUR: QAACCEESSAAFI IBSA RAGAA
4.1. Qaacceessa Odeeffannoowwan Sakatta'a Dookumentiin Argaman............................40
4.1.1. Qaacceessa Akaakuu Garee Jechootaa KBAO Kutaa 9 ..................................... 40

4.1.2. Haala Xiinxala Dhiyaannaa Garee Jechootaa Silabasii Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9 ........ 50

4.1.3. Qaacceessa Akaakuu Garee Jechootaa KBAO Kutaa 10 ........ 53

4.1.4. Haala Xiinxala Dhiyaannaa Garee Jechootaa Silabasii Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 10 ........ 68

4.2. Qaacceessa Afgaaffii Barsiisotaa ........ 73

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

5.1. Cuunfaa ........ 84

5.2. Argannoowwan ........ 85

5.3. Yaboo ........ 85

Wabiilee ........ 87

DABALEEWWAN........

## Tarreeffama Gabateewwanii

**Fuula**

Gabatee 1 ........................................ 39
Gabatee 2: Xiinxala akaakuu dhihaannaa garee jechoota KBAO kutaa 9 ........................................ 40
Gabatee 3: Akaakuu Firoomsee ........................................ 47
Gabatee 4: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 4 Kutaa 9 ........................................ 50
Gabatee 5: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 5 Kutaa 9 ........................................ 51
Gabatee 6: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 7 Kutaa 9 ........................................ 51
Gabatee 7: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 8 Kutaa 9 ........................................ 52
Gabatee 8: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 9 Kutaa 9 ........................................ 52
Gabatee 9:Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa10 Kutaa 9 ........................................ 53
Gabatee 10: Xiinxala akaakuufi dhihaannaa garee jechoota KBAO kutaa 10 ........................................ 54
Gabatee 11: Bamaqoota Afaan Oromoo Agarsiisu ........................................ 57
Gabatee 12: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 3 Kutaa 10ffaa ........................................ 68
Gabatee 13: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 4 Kutaa 10 ........................................ 69
Gabatee 14: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 6 Kutaa 10 ........................................ 69
Gabatee 15: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 7 Kutaa 10 ........................................ 70
Gabatee 16: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 8 Kutaa 10 ........................................ 71
Gabatee 17: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 9 Kutaa 10 ........................................ 72
Gabatee 18: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 11 Kutaa 10 ........................................ 72

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Qorannoon kun kan inni xiyyeeffate, haala dhiyaannaa garee jechootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9[ffaa]fi10[ffaa]irrattidha. Boqonnaa kana keessatti qabiyyeewwan dhiyaatanis: ariirrata, ka'umsa, kaayyoo, faayidaa, daangaafi hanqinaafi qindoomina qorannichaa ofkeessatti hammatee jira.

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Meeshaalee sirna barnootaa keessaa siilabsiin isa tokko. Qophii sirna barnootaa keessatti silabasiin ragaa isa guddaa odeeffannowwan qaamolee sirna barnootaatiif dabarsuuf gargaaruudha.Yaada kana dhaabbanni NEK- International (1999:39), hayyoota (Dubine and Olshtain, 1986) waabeffachuun yoo ibsu, *"The syllabus is one of the important curriculum tools via which curriculum developers convey information to teachers, learners, textbook writers, directors, etc. And amore detailed and operational statements of teaching and learning activities."* jedhanii ibsu.

Akka yaada hayyoota kanarraa hubannutti silabasiin meeshaa sirna barnootaa isa qooda guddaa fiixaan ba'insa sirna barnootaaf gumaacha taasisuudha. Qopheessitoonni sirna barnootaa qaamolee sirna barnootaa kanneen akka barsiisotaa, barattootaa, qopheessitoota kitabilee barataafi dura taa'ota manneen barnootaatiif odeffannoo waa'ee barnootaafi gochaawwan baruu barsiisuu ittiin daddarbu/lufu ta'uu hubanna. Dabalataanis Qajeelchi Qophii, Qo'annaafi Qorannaa Sirna Barnootaa (B.B.O), 1995/2003 yaada kana deeggaruun akka ibseetti, Siilabasiin qophii sirna barnoota keessatti meeshaa gahe guddaa qabuudha. Gaheen isaa kun akaakuu barumsaa tokkoof kaayyoowwan fiixaan bahuu qaban, qabiyyeewwan kaayyoowwaniif mijaawaa ta'aan, wayitiilee qabiyyeewwaniif ramadaman, malaafi tartiiba dhiyeessa barnoota akkasumas, tooftaa madaallii hojii barnootaa hunda ifaan kan agarsiisuudha jedhu. Akka ibsa hayyoota kanaatti silabasiin gosa barnoota tokkoof yoo qophaa'u dhimmoottan gurgguddon adda addaa keessatti hammatamee kan qophaa'u ta'uusaati hubanna. Dabalatanis silabasiin meeshaa barnootaa kanneen akka kitaaba barataafi qajeelchaa barsiisaatiif ka'uumsa akka ta'eefi imaammata barnootaarratti hundaa'ee kan qophaa'u ta'uu qopheessitoonni sirna barnootaa kunniin haalan ibsanii jiru. Kanaafuu sirna barnoota keessatti, meeshaan barnootaa kaayyoo imaammata barnootaafi leenjiirratti

hundeeffamee waan qophaa’eef waan inni of keessaa qabu hubachuun barbabaachiisaadha. Sababni isaas siilabasiin qophii meeshaalee barnootaa kan akka kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaaf ka’uumsa waan ta’eefi. Kunis, silabasiin kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaatiif bu’uura jechuudha. Haalli qophii meeshaalee kanneenii immoo qajeelchi barsiisaa kitaaba barataarratti hundaa’eetti qophaa’a.Kitaabni barataa immoo silabasi irraa qophaa’a. Kanaafuu barnoonni afaanii imaammata biyyattiin qabdurraa madda jechuudha.Yaaduma kana gabbisuudhaan ministeerri barnootaa Itoophiyaa (2010 :1) yoo ibsu;

*The exsisting curriculum in Ethiopia is based on the objective of the educational Training polciy of 1994.This policy stressed the need for relevance and for account to be taken of the profile of students .It also emphasized the important in writing the curriculum and in developing the text books following sound pedagogical and psychological principles and taking into consideration international standards and local conditions.*

Akka yaada kana irraa hubatamutti qophii meeshaalee barnootaa ilaalchisee, meeshaaleen barnoota kanneen akka silabasii, kitaaba barataafi qajeelchi barsiisaa sadarkaa isaa eeggate, yoo qophaa’u sirna barnootaa biyyattirratti hundaa’ee yoo tu’u, sirni barnoota kun immoo kaayyoofi mul’ata imaammata barnootaafi leenjii biyya keenya kan bara 1994 (1987) bu’uura godhachuun kan qophaa’e ta’uutu hubatama.

Kunis haala qophii meeshaalee barnootaa kanneenii qindoominaafi toora sadarkaa isaa eeggatee gurmaa’ee si’a qophaa’u, Qajeelcha barsisaa, kitaaba barataa, silabasii, sirna barnootaa, imaammata barnoota qaama imaammata qopheessu ta’uun kan walduraa duubaan wal simannaan qophaa’u ta’uutu hubatama.

Bu’uuruma kanaan Kitaabileen kunneen Maxxansi jalqabaa Bara 2005/2012 Riippaabiliika Diimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaan kan qophaa’eedha. Gama suurawaniifi fakkiwwanii, dokimentootaafi meeshaalee kanneen biroo odeeffannoofi ragaalee isaan ofkeessaa qaban waliin Ministeera Barnootaa Itoophiyaatiif kan dhiyaate yoo ta’u, mirgichis waggoota shaniif hojiirra akka oolu eeree jira. Qopheessaa, Maxxansaafi Raabsaan, Dhaabbata Maxxansaa MK KaampaalaaYugaandaatti kan argamu akka ta’e niibsa. Qopheessi, maxxansiifi raabsiin kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanaa fandii dhaabbiilee qulqullina barnootaa kutaa 1-12 manneen barnootaa mootummaa keessatti

kennaman irratti kan hojjetan, kanneen akka Fooyyeessa Qulqullina Barnoota Waliigalaa (FOBW) irraa argameeniidha. Federaala Rippaabilika Dimokiraatawaa Itoophiyaa Fooyyeessa Qulqullina Barnoota Waliigalaatiif qarshii liqaan Waldaa Guddina Internaashinaala (WGI), Fandii Faasti Inisheetiivii Kaatoolikii (FFIK)fi kanneen guddinarratti hojjetan biroo Koorpireeshinii Guddina Fiinlaandii, Xaaliyaani Deggersa Niizerlaandiifi UK kan Muummee Guddina Internaashinaaliitiif dhaabbatan irraa argateen kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa akka qophaa'u taasise. (*Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa: Kutaa 9ffaa: 2005)*

Kitaabilee haala kanaan qophaa'an keessatti, akaakuun garee jechootaa AO haala kamiin dhiyaatanii jiru, akkaataa qoodiinsa isaan KBAO kutaa 9fi 10 keessatti dhiyaatanii jiran haala gahaa ta'een ibsamanii jiruufi hinjiranii adda baasuuf qorannoon kun kan geggeeffame. Kunis, mata duree, "Xiinxala Dhiyaannaa Akaakuu Garee Jechoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 9fi 10" kan jedhu irratti xiyyeeffachuuniidha. Afaan tokko Caasaa sadarkaa xiqqaa irraa kaasee hanga caasaa guddaa ergaa dabarsuu danda'uutti haala ittiin dhiyaatu mataasaa niqaba. Haalli qindaa'ina caasaa afaanii madda qaama afaaniis ta'e kan ijaarsa jechootaafi himoota afaan tokkoo galma gahumsa sagantaa barnoota afaan sanaaf qooda guddaa qaba. Haaluma kana irraa ka'uun, xiinjechi afaan tokkoo akka adda dureetti yeroo fudhatamee ilaalamu sirnoota ijaarsa mataa isaa kan qabuudha.
Xiinjechi qaama xinqooqaa keessaa tokko ta'ee akkaataa unkaan jechoota adda addaa afaan tokkoo keessatti ittiin ijaaraman kan adda baasee xiinxalu yammuu ta'u; xiinimnis qaama xinqooqaa ta'ee; akkaataa ittiin jechoonni walfilatanii caasaa isaanirra guddaa uuman saayinsii qoratuudha. Kunimmoo unkaa ijaarsa jechootaafi himootaa sagantaa barnootaaf kitaaba barnootaa keessatti tooftaa ittiin qophaa'aan qabaachuu agarsiisa. (Andrson,1992;Radford,et al.1999)

Qorannoon kun damee xinqooqaa kan ta'e xiinxala yaadrimee xiinjechaa kan qabuudha. Xiinqooqni immoo saayinsii Afaanii ta'ee akka walii galaatti Afaanota addunyaa sagaleerraa hanga hiikaatti kan qoratuudha. Kana malees, walitti dhufeenya afaaniifi beekumsawwan karaalee dameewwan adda addaa hammatamanillee akkuma kana kan qoratuudha. Dameewwan xinqooqaa murtaawoo ta'aan, kanneen akka xiinhiikaa, xiinsagaa, xiinhimaafi

xiinjechaati. Walii galatti yoo ilaalaman jarreen kun, itti fayyadama afaanii, jijjiirama afaanii, ijaarsa jechootaafi seerota afaanii tajaajila isaanii waliin qorata.

Haaluma kanaan, qorannoon kun dhiyaannaa akaakuu garee jechoota Afaan Oromoorratti kan bu'uureeffatu xiinjecha afaanichaa kan ilaallatuudha (Lyon,1983). Xiinjechi damee xinqooqaa ta'ee, afaanoonni garaa garaa jechoota isaanii akkamitti akka ijaarratan bu'uura walii galaa kan dhiyeessuudha. Qoratichis, haala dhiyaannaa garee jechoota Afaan Oromoo kitaaba barnoota kutaa 9^ffaa^fi 10^ffaa^ yeroo qoratu haala garaa garaa ilaaluun. Kunis, gareen jechootaa KBAO keessatti haalli dhiyaannaa isaa, duraa duubni qabiyyee, ulaagaa qoodiinsaa, faayidaa qabiyyeen kun qabu adda baasee xiinxalee kan dhiyeesse. Jechootni Afaan tokko garee gareetti qoodamanii dhiyaachuun haala ifaafi salphaa ta'een adda baasanii hubachuuf baay'ee barbaachisaadha.

Akkuma yaada olii keessatti ibsamee jiru xiyyeeffannaan qorannoo kanaa akaakuu garee jechoota afaan Oromoo KB Kutaa 9fi 10 keessatti haala kamiin akka dhiyaatee jiru xiinxaluu irratti kan bu'uureeffate. Kunis, dhiyaannaan qabiyyee akaakuu garee jechootaa KB kanneen keessatti fiixaan ba'insa sagantaa barnootaan walqabsiisuun adda baasee kan xiinxaluudha. Kanamalees, dhiyaannaan garee jechoota Afaan Oromoo KB keessatti qindoomina akkamii akka qabaniifi qoodiinsi isaanii ulaagaa irratti xiyyeeffatan maal akka ta'e ibsamanii kan dhiyaatan.

Walumaa galatti, qorataan Qorannoo kana mata duree "Xiinxala Dhiyaannaa Akaakuu Garee Jechoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 9fi 10" jedhu irratti xiyyeeffatachuun galma ga'umsa sagantaa barnootaan walqabsiisuun adda baasee xiinxaluun kan geggeesse.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Barumsa afaanii keessatti beekumsaafi itti fayyadama afaanichaa qixaan beekuuf haalli qophii KB baay'ee murteessaadha. Kunis, kan irratti xiyyeeffatu: seera qindaa'ina caasaa afaanii jechuun qindaa'ina sagalee afaanichaa, haala gareen jechootaa itti qoodaman hariiroo isaan waliin qaban tajaajilli isaan galumsaa himaa keessatti qabanfi kkf fa'i. Harmer (1991:58) "One of the teacher job is to show how the new language is formed, how the grammar works and how it is put together. One way of doing this is to explain the grammar

in detail using grammatical terminology and giving a mini lecture on the subject,"jedha. Yaada kanarraa kan hubannu, hojii barsiisaa keessaa inni tokko akkaataa barumsa afaanii keessatti wanti haaraan tokko dhiyaachuu danda'u, akkaataa walitti dhufeenyaafi hojiirra oolmaa caasaa afaanichaa argisiisuudha. Kun immoo caasaa afaanichaa bu'uuraan beekuuf, hiika caasaafi qabiyyee barnoota afaanichaa irratti ibsa murtaa'aa ta'e kennuu danda'uu agarsiisa.

Duulaa, (2008:4).Harmer (1987: 42) waabeeffachuun akka ibsetti, kitaabni barattootaaf qophaa'u daree keessatti waliin mari'achaa yookaan waliin haasa'aa akka baratan kan taasisu yoo ta'e gaariidha. Faayidaan kanaas, caasaa afaanii barsiisuu qofa osoo hinta'in dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu akka gabbifatan isaan gargaara jedha. Yaada barruu namootaa kanarraa wanti hubatamu, daree barnootaatti caasaan afaanii duukaa dandeettiiwwan barattootni gabbifatan jiraachuu isaaniiti, jechuudha. Walumaagalatti, qorannoon kun bu'uuraan kan irratti xiyyeeffatu, xiinxala Dhiyaannaa Akaakuu Garee Jechaa Afaan Oromoo KB kutaa 9fi 10 keessatti: qoodinsi garee jechaa haala walfakkaatuufi walitti fufiinsa qabuun dhiyaatanii akka jiran adda baasuuf. Akkasumas, qabiyyeen garee jechaa KBAO kutaa 9fi 10 keessatti,ulaagaa barbaachisu guutanii akka dhiyaatan qorannoo kana keessatti xiinxalameera.

Haaluma kanaan, qorannoo kana, mata duree "Xiinxala Dhiyaannaa Akaakuu Garee Jechoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 9fi 10" irratti geggeessuuf, qoratichaaf ka'umsa kan taa'an nijiru. Qorataan qorannoo kana geggeessu, Kitaabilee AO kutaa 9fi 10 2005-2006tti barsiisaa kan ture yoo ta'u, qabiyyee garee jechootaa kitaabilee kanneen keessatti argaman dhiyeessuuf ibsa gahaa fakkeenyaan deggerame argachuuf kitaabilee dabalataa gabaarraa bituun itti fayyadamaa kan ture. Kana jechuun, qabiyyeewwan garee jechootaa jiran dhiyeessuuf hawwataa, yaadannoo dabalataa hin qabu jedhee waan yaadee jiruuf. Qabiyyeen garee jechooataa Kitaabota BAO kutaa9fi 10 keessa jiran, garee jechootaa ta'uu isaaniif ibsi dabalataa taa'ee jiru hinjiru. Kana jechuun, darbee darbee boqonnaalee kitaabilee kanneen keessatti, maqaa, maqibsa, gosoota maqibsaa,gochima, gochibsafi durduubee kanneen jedhantu dhiyaatanii jiru. Isaanumtiyyuu, ibsi barbaachisaan osoo itti hinkennamin, irra caalaa shaakala gilgaalaa keessatti dhiyaatanii kanjiran.

Fakkeenyaaf, “maqaafi gosoota isaa’ kan jedhu, maalirratti hundaa’ee akka maqaa jedhamu wanti ibsu hin mullatu. Akkasumas, kitaabilee kanneen keessatti, maalummaa, faayidaafi ulaagaan qoodinsa garee jechootaa ibsamuu dhabuun qorannoo kana geggeessuuf kaka’umsa qoratichatti uumeera. Kunis, qabiyyeen garee jechootaa kanneen haala kamiin qindaa’anii akkaataa barachuufis ta’e, barsiisuuf hawwataa ta’uu akka qabu qorannoo kanaan xiinxalamanii ifa ta’uun dhiyaatanii jiru. Gareen jechoota Afaan Oromoo bifa walfakkaataa ta’een Silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti, akkaataa hawwataa ta’uu danda’aaniin dhiyaatanii kan hin jirre ta’aanii waan mul’ataniif qorannoo irratti geggeessuun kan barbaachiseef. Akkasumas, qabiyyeen garee jechoota Afaan Oromoo kitaaba barataa keessatti, ibsa dabalataafi fakkeenya gahaa ta’een dhiyaatanii kan hinjirre ta’uu isaaniif qoraticha qorannoo kana akka geggeessuuf fedhii qabaatee jira.

Inni biraan jechoota ijaaruufis ta’e kanneen ijaaraman haalli qindoomina dhiyaannaa qabiyyee kitaaba barnootaa keessatti galma gahumsa barnootaaf murteessaadha. Haaluma kanaan, qorataan kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9[ffaa]fi 10[ffaa] yeroo barsiisaa turetti rakkoo kana waan argee hubateef haala kamiin dhiyaachuu akka qaban argannoo qorannichaan yaadi furmaata jedhu qoratichi kan kaa’e.

Barnooti waa’ee jechaa yeroo kennamu kaayyoo jechoota hubachuufi fayyadamuu barattootaa kakaasuun galma ga’insa fayyadama jechootaa barattootaa bara baraan daran olkaasuufi waan baratan dubbisanii bira ga’uu isaanii addaan baafachuudha.

Kanaaf barattootni yeroo kitaaba dubbisan hammisaan waa’ee jechoota sanaa beekan murteessaadha. Kunis, sababa mataasaa danda’e qaba. Jalqabumarraa jechootni bu’uura odeeffannoo ittiin argataniifi ittiin dabarfatan erga jedhamee, ittiin barachuun jiruufi jireenya ofii ittiin geggeessuun akkasumas, odeeffannoo darbu ittiin baruun immoo kan jalqabaati. Kanaaf, xiyyeeffannoo guddaan akka itti kennamuufidha (Write Group LEAD21, F:2).

Haala kamiinuu keessatti, jechootni bu’uura quunnamtii milkaa’ina keessatti kan shoora guddaa taphatuudha. Jechootni fageenyattis ta’e, dhiyeenyatti ergaa yookaan odeeffannoo dabarsuuf iddoo olaanaa kan qabu ta’uusaa yaada kaa’uufiidha. Kana malees, bu’uura milkaa’ina wanta namni baruu barbaaduuf odeeffannoo kennuufi kan namni ariitiin ittiin waabarachuu danda’uufi waan haaraa ta’e tokko illee xiinxalee haala hubannoo gadi

fageenya qabu ittiin barachuu danda'uudha. Haaluma kanaan, jechoota baruufi barsiisuu keessatti barattootni osoo yaada dhiphataa (kan itti ulfaatu) kan hin taane, akka si'aa'inaan jechoota baratan gochuuf tooftaalee isaan rakkisanitti fayyadamuun hin barbaachisu. As keessatti, jechoota isaan hiika isaa hinbeekne kallattiin akka hiikaniif gaafachuurra, haala galumsa gochaa naannoosaanii jiruun walqabsiisuun barsiisuun filatamaa akka ta'e yaada hiruufiidha (John D. Bransford, Ann L.Brown, and Rodney R. Cooking, 1999).

Adeemsi dhiyaannaa garee jechoota Afaan Oromoo sagantaa barnootaafi kitaaba barnoota afaanichaa keessatti dhiyeessuufi walitti dhufeenya hojiirra oolmaa qabiyyichaa kitaaba barnoota Afaan Oromootiif bu'uura ta'a jechuun qoratichi kan yaadu. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti, haala qophii dhiyaannaa akaakuu garee jechaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa^fi 10^ffaa^ keessa jiru maalummaa, faayidaafi akkaataa qoodinsa isaaniifi faca'insa qabiyyee, barsiisuufi barachuuf hawwataa taa'uu isaanii, xiinxaluun argannoo argame irratti hundaa'uun yaada hanqina jiruuf yaada furmaata ta'u, jedhee qoratichi yaadu ibsamaniiru. Kanas, gaaffiilee bu'uuraa gaditti dhiyaatan deebisuun qorannichi geggeeffamee kan jiru.

1. Gareen jechootaa KBAO Kutaa 9fi 10 keessatti haala kamiin dhiyaataniiru.?
2. Gareen jechootaa KBAO kutaa 9fi 10fi QB keessatti, hiika quubsaa ta'e qabuu?
3. KBAO 9fi 10 keessatti mata duree garee jechootaa jedhuun, akaakuu garee jechootaa gooroofi gooree, jechoota maseenoofi banamoo qabiyyeen jedhan ibsamanii jiruu?
4. Ulaagaa gareen jechoota Afaan Oromoo ittiin qoodaman ibsuun jechootni Afaan Oromoo KB kutaa 9fi 10 keessatti akkaataa barbaachisuun dhiyaatanii jiruu?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoowwan gurguddoo lama ofkeessatti hammatee jira. Isaanis, kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreeti.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon qorannichaa inni gooroon dhiyaannaa garee jechaa KB Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 hojiirra oolaa jiru xiinxaluudha. Kunis, maalummaa, faayidaafi qoodinsa isaanii irratti hangam ibsa barbaachisuufi fakkeenyaan deggeramanii KBfi QB keessatti walsimuun dhiyaatanii akka jiran ibsuudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

1. Dhiyaannaa garee jechaa KB Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti akkamiin akka dhiyaatu adda baasuu.
2. Dhiyaannaa garee jechaa KB Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti qoodinsi garee jechootaa haala qindaa'ina qabuun walittifufiinsaan jiraachuu isaanii adda baasuu.
3. Akaakuu garee jechootaa gooroofi gooree, akkasumas garee jechootaa maseenoo kan jedhan ibsamanii jiraachuu isaanii mirkaneessuu.
4. Jechootni Afaan Oromoo gareetti qoodamanii jiran KB Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti ulaagaa kamiin qoodamanii akka jiran ibsuu.

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoo kana, garee jechoota Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 9fi 10 irratti adeemsisuun kan barbaachiseef:

- Gareen jechoota Afaan Oromoo qabiyyeefi ulaagaa barbaachisaniin guutanii akka dhiyaatan yaada dhiyeessuuf nigargaara.
- Qaamoleen adda addaafi namoonni qabiyyee barnootaa yeroo qopheessaniifi dhiyeessan akkaataa qabiyyeen sun ittiin dhiyaachuu qabu, ega adda baasanii booda qopheessuu akka qaban kallattii agarsiisuu nidanda'a.
- Xiinxala haala dhiyaannaa qabiyyee garee jechootaa keessatti kan xiyyeeffatamuu qaban seera qindoomina afaanichaan kan walqabate; xiinjecha sadarkaa isaaniin dhiyaatan ta'uu waan qabuufi haala dhiyaannaa garee jechootaa KB keessatti mul'atan kanas barataan akkaataa isaanii adda baasee hubatee akka fudhatu taasisuuf.
- Namoota mata duree qorannoo kana waliin dhiyeenya qabu irratti qorannoo geggeessuu barbaadaniif akka ka'umsa tokkootti gargaaruu ni danda'a.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun mata dureedhaan "Xiinxala Dhiyaannaa Akaakuu Garee Jechaa Afaan Oromoo Kitaaba Barnootaa Kutaa 9fi 10 Keessatti Dhiyaatanii" jedhu, KBAO kanneen bara 2005 maxxanfan qofarratti daanga'uun kan geggeeffameedha. Bakki qorataan kitaabilee kutaa 9fi 10 itti argatuufi barsiisootni afgaaffiif filataman itti argamuun hojii baruufi barsiisuu geggeessan, naannoo Oromiyaa Goodina Wallaggaa Lixaa Aanaa Begii mana barumsaa Sadarkaa 2ffaa fi Qophaa'inaa Begiidha.

### 1.6. Hanqinaalee Qorannichaa

Qorannoo kana geggeessuu keessatti, hanqinoonni na ,mudatan kanneen biro jiraatan illee, qorannoo kana fiixaan baasuuf furmaata itti barbaaduun qorannichi kan xumura argatee jiru. Haata'u malee, hanqina ta'aanii kanneen qoraticha mudachaa turan, kanneen gaditti dhiyaataniidha.

Rakkoo muuxannoo qorataan walqabatee jiru. Kunis, karaa qoratichaan dhimmoota qorannoo kanaan walqabatan adda baasee hubachuu irratti dandeettiin qoratichaa gahaa tahuu dhabuu. Kanas, furmaata isaa barbaaduuf namoota hubannnoo qaban waliin walquunnamuun kallattii argachaa kan ture. Qorannoo kana geggeessuuf hanqinni biraan ture, kitaabilee wabii qorannoo kana geggeessuuf fayyadan dhiyeenyatti dhabuudha. Rakkoo kitaabilee wabii na mudataniif furmaata barbaaduuf, hanga mana kitaaba uummataa deemuun sakatta'uun, akkasumas Yuunversiitii natti dhiyoodha jedhamu garuu fagoo kan ta'e Wallaggaa deemuun kitaabilee wabii naaf taa'aan barbaaddachuuf qoratichi yaalii kan taasise. Qorannoo kana fiixaan baasuu keessatti, yeroo gahaa ta'e dhabuun qoraticha mudateera. Kunis, hojii idilee koo waliin qorannoo kanas waanan hojjedhuuf danqaa natti uumaa tureera. Ta'us, karoora baafachuun itti deemuun qorannoo kana geggeessuuf tattaaffii taasiseera. Keessumaa yeroo boqonnaakoo dhiisuun hojii qorannoo kanaaf kanan oolche.

## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamee dhiyaate. Boqonnaa 1ffaa keessatti ariirrata, ka’uumsa, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi haala qindoomina qorannichaa ibsutu dhiyaate. Boqqonnaa 2ffaa‘n sakatta’a barruu yemmuu ta’u, qabiyyee jechootaafi garee jechoota Afaan Oromoo ilaalchisee yaada beektonni afaanii kennaniifi ogbarruu firoominaa matadurichaan dhiyeenya qabanirratti qorannoolee geggeeffamantu keessatti dhiyaate. Boqonnaa 3ffaa’n saxaaxaafi mala qorannichaa kan ibsu yemmuu ta’u, qorannichi gosa qorannoo ibsaa kan mala sakatta’iinsaan adeemsifameedha. Kutaa kana keessatti malli irrawwatamni qorannoo, maddi odeeffannoo, iddatteessuu, meeshaaleen funaansa odeeffannoo, malli qaaccessa odeeffannoofi qindaahina qorannichaa addeeffameera. Boqonnaa 4ffaa keessatti qaaccessa sakatta’a dookumentiifi afgaaffii barsiisota filatamanirraa odeeffannootu ibsamuun dhiyaate. Askeessatti, xiinxalli KBAO 9fi 10, akkasumas SBAO 9fi 10 xiinxalamaniiru. Boqonnaa 5ffaa keessatti gudunfaa, argannoofi yabootu qaaccessa godhamee irraa ka’uun duraaduubaan qindaa’anii kan dhiyaatanii kan jiran.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti mata dureewwaan garaagaraa kanneen dhiyaannaa garee jechaa waliin hariiroo qabaniifi yaada haayyootaan deeggaramantu keessatti dhiyaate. Kunis, haala armaan gadiin kan kaa'amaniidha.

## 2.1. Maalummaa Jechaafi Garee Jechootaa

Maalummaa garee jechaa ibsuun, dura jecharratti yaadni haayyootaa maal akka ta'e, haailaallu. Jechi qindaa'ina seera qabeessa sagaleelee dubbiifi latiilee irraa kan ijaarame akka ta'e Getahun (1989) ibsee jira. Akkasumas, Habtaamuun (2000) dhimma maalummaa jechaa Afaan Amaaraan yoo ibsu, qaama hiika kennu isa jalqabaafi gulantaalee afaanii keessaa isa bu'uuraa miirri waliigaltee irraa eegaludha jedha. Kanbiroon, Crystal (1997); Jurafsky and Martin (2000), qaama himaa kan gama lamaaniin bakka duwwaan (white space) daangeffame jechuun hiiku. Hayyoonni kunneen afaan barreeffamaa bu'uura godhachuun, of danda'ee dhaabbachuu unka xinqooqaarratti hundaa'an.

Jechoonni afaan hunda keessatti garee murtaawoo jalatti walitti qabamuu danda'u (Lyons, 1981; Greenbaumfi Nelson, 2002). Akka Addunyaan ibsetti, ammamiin garee kanaa garuu ammamii daangaa hubannoo namaafi akkamii amala afaanichaa kan hordofuudha (Addunyaa, 2010). Afaan Oromoo gama xinjechaatiin dureessa Temesgen (1993). kunimmoo horsiisuufi uumuuf yaasuun guddina afaanichaa dabaluuf mijaawaa ta'uusaa agarsiisa. Kana irraa ka'uun jechoota isaa lakkofsaan hedduu amalaanis ammuma sana tahan qofa qofaatti xiinxaluun dadhabsiisaa waan taheef, gareetti qooduun barbaachisaa dha (Mitikkuufi Tashoomaa, 1992). Kanaaf, jechoota Afaan Oromoo adda baasanii hubachuuf gareetti qooduun barbaachisaadha. Akka Addunyaan ibsee jirutti, amala jechoota afaanichaa irraa ka'uun ulagaalee mijatanitti jechootni akka qoodaman kaa'ee jira. (Addunyaa, 2010).

Ulaagaaleen kunniin bifa garaagaraa qabaachuu malu. Gar-tokkoon qabiyyee mataasaanii qabachuu fi dhabuu irratti hundaa'uun yoo garee adda addaa jala galan kaan ammoo, bifaa fi galumsa isaanii irratti hundaa'uun qoodaman. Hammuma jechoota afaanichaa gadi fageenyaan xiinxalaa deemnu ammi qooddii kanaas jijjiiramaa deema. Kanas, Greenbaum fi Nelson,(2002:86) garee jechaa dhaabbataan hin jiru jechuun ibsu. Afaan Oromoo caasaa mataasaa qaba. Akkuma afaanota biroo seera mataasaa fi jechoota isaaf ta'u qaba. Jechoonni

afaan tokko keessatti argaman baay’eedha. Jechoota kanneen akkuma jiranitti qorachuuf rakkisaa waan ta’eef garee garee isaaniitti qooduun barbaachisaa dha. Yeroo gareedhaan qoodamanis ulaagaa hiikaa, caasaa fi uunka irratti hundaa’uudhaani. Haaluma kana bu’uureeffachuun hayyoonni afaanii jechoota afaan tokkoo xiinxaluuf, daangessuufi hiika isaanii kennuuf akka tolutti gareetti qooduun qoratu. Afaan Oromoos caasaa isaa keessatti daangaa jechoota isaa beekuuf, amala jechoota isaa beekuuf, uunkaafi danooma isaa akkasumas, jechoota isaan maxxanfatan xiinxaluufi afaanichas gadi fageenyaan qorachuuf jechoonni afaanicha keessa jiran garee shanitii qoodamaniiru.

Isaanis:

A) Garee maqaa

B) Garee addeessaa (Garee maqibsaa)

C) Garee gochimaa

D) Garee dabalgochimaa(Gareegochibsaa

E) Garee durgaa/Durduubee (wiirtuu j.8ffaa)

Gama biraatiin garee jechaa jechuun akaakuuwwan jechootaa afaan tokko keessatti argaman jechuu dha. Yeroo baay’ee hayyuuleen, jechoota gareetti qooduun irratti ulaagaa adda addaa eeru. Kana irraa ka’uun hayyuulee caaslugaa duudhawaa (traditional grammarian) jechoota afaan tokkoo garee saddeetitti qoodu. Kunis, tajaajila jechoonni caasaa caaslugaa keessatti qaban gidduu galeeffachuudhaan ta’a. (Gabbaroo, 2007 Addunyaa, 2010). Qooddiiwwan kunneenis: maqaa, bamaqaa, gochima, gochibsa, maqibsa, durduubee, firoomsee fi raajeffannoo dha.

Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalametti, hayyuleen caasluga dudhaawaan jechootaa iddoo saddeetitti (8) qoodaniiru. Qooddiin isaan adeemsisan kunis hiika jechaa kan bu’uureffate ture. Ulaagaa isaan qabatanii deemaa turan hamma tokko sirrii ta’ullee guutummaan guutuutti sirrii akka hin taane kanneen biroon nimormu.

Afaan Oromoo keessatti barreessitootni, qopheessitoonni sirna barnootaa, akkasumas, barsiisonii garee jechootaa saddeettan caasluga dudhawwaa keessatti ibsamanitti dhimma

bahaa jiru (Xilahun, 1995). Haalli kun immo jechoota Afaan Oromoo qajeellootti qorachuun osoo hin taane, qorannoo duraan geggeeffamanii fi haala qooddii garee jechootaa afaanota birootiin walfakkeessuuf carraaqqii godhame akka fakkaatu Addunyaa, (2010) ibseera.

Caasluga duudhaawwaa keessatti duraa duubummaa jechootaa murteessuun akka hawaasni itti madaqu gochuun ala, kamummaa fi maalummaa amala isaanii addaan baasuun akka amala afaanichaatti balballoomsuun beekamaa hin turre. Qooddiin bakka saddeetii, moggaasa kutaa dubbii jedhamuun caasluga duudhaawaa keessatti haalaan beekamu. Hayyoota xiinqooqa ammayyaa biratti moggaasichi garee jechaatti jijjiiramee jira. Jijjiiramni kun moggaasa qofa osoo hin taane baay’ina garee jechaa irraattis ta’ee jira. Ulaagaaleen jechoota gareetti ramaduuf tajaajilanis fooyya’anii jiru. Hayyuun xiinqooqaa O’Grady (1996), jechoota gareetti qooduun afaanicha irratti waan hundaa’uuf akka ulaagaa buu’uuraatti hiika, uunkaa fi faca’iinsa ilaaluun gaarii ta’uu eera.

Bu’uuruma kanaan Abarraafi Kaawwan (1998) jechoota Afaan Oromoo gochima, dabalgochima, maqaa, maqdhaala, addeessa, durgaafi walingaa jechuun bakka ja’atti qoodaniiru. Bu’uura qooddii kanneeniifis dhuunfaa dhuunfaatti yaada kennaniiru. Fakkeenyaaf, jechi tokko maqaa jedhamuuf uunki isaa hima keessatti bakki galmaa ilaalamuu akka qabu; addeessi immoo, odeeffannoo dabalataa waa’ee maqaa fi maqdhaalaa ibsuu isaa kaa’aniiru. Haa ta’u malee, (Addunyaa, 2010) gaalees ta’e ciroon maqaa ykn bamaqaa tokko ibsuuf odeeffanoo dabalataa waa’ee isaanii kennuu akkka danda’aan eeruun yaadicha qeeqee jira. Gama birootiin akka Abarraafi Kaawwan (1998)tti durgaa fi walingaan jechoota dura galuufi waliinga’uu yaada jedhu irraa ka’uun moggaafaman. Moggaasa kana keessatti jechi dubgaa jedhu itti dabalamuun barbaachisaa dha. Sababinsaa, dura qofa osoo hin taane jechoonni garee kana jalatti haammataman duubas galuun tajaajila walitti hidhuufi firoomsuu ni kennu. Itti dabalees waliingaa jechi jedhu jechoota, gaaleewwan, himoota, yaadoolee fi wkf walitti hidhuuf waan tajaajiluuf durduubee jalatti ramaduun fudhatama qabu. Kanaafuu, baay’ina gareewwan jechoota Afaan Oromoo bakka bifa armaan oliin ja’atti qooduun gahaa akka hin taane ibseera. Walumaagalatti, baay’ina garee jechoota afaanichaa lafa kaa’uun dura bu’uura ramaddii adda baafachuun gaariidha. Kunis jechoonni waa’ee isaanii hin beekne garee tokko jala galchuuf ulaagaan ittiin ilaalaman jiraachuu waan qabuufi. Kanaaf, akka ulaagaatti, ulaagaa xinjechaa, xinhimaafi ulaagaa xinhiikaa dhimma

bahuun garee jecha Afaan Oromoo qooduu akka dandeenyu Addunyaan, (2012:114) ibsee jira. Ulaagaa kanneen mata duree itti aanu keessatti balballoomsuun akka armaan gadiitti ibsamanii jiru.

### 2.2. Ulaagaa Gareen Jechootaa Ittiin Qoodaman

O'Grady (1996) akka jedhutti "Ulaagaaleen garee jechootaa gareetti qooduuf tajaajila afaanii irratti kan hundaa'u ta'ee hiika, unka, faca'insa ilaallata" jechuun kaa'a. Akka yaada O'Grady tti jechootni AO kanneen gareetti qooduuf jechootni kun haala akkamiin jiru, eessa qubatu yookiin haalli qindeeffamasaanii maal akka ta'e ilaaluun kan qindaa'udha jechuun kan yaada isaa kaa'udha.

Akkuma armaan oliitti ibsuun yaalaame jechi tokko garee kana jala jechuun qooduun dura ulaagaa ittiin qoodnu sana addaan baasnee beekuun barbaachisaadha. Ulaagaaleen kunniinis: xiinjecha (morphological criteria), xiinhiika (semantic  criteria) xiinimaafi (syntactic criteria) dhimma ba'uu dandeenya. Addunyaa(2012:114)

#### 2.2.1. Ulaagaa Xinjecha

Xiinjechi akkaataa ijaarsa jechoota afaan tokkoo haala saayinsaawaa ta'een kan qo'atuudha. Qo'annaa jechoota afaan tokkoo keessatti jechootni ijaaraman akkaataa isaan garee adda addaatti ittiin qoodamaniifi uunka/bifa addaa afaan keessatti qabatanii argaman kan xiinxaluudha. Karaa biraan, haala uunkaan sagalee afaan tokkoo itti sakatta'amufi saayiinsii haala jechootni afaan tokkoo ittiin ijaaramuun tajaajila caaslugaatiif oolaan agarsiisuufi xiinxaluudha (Mattews, 1991; Yule, 1996; Radford, et al.1999).

Hayyuun Crystal (1987:90) irratti xiinjecha yoo ibsu: saayiinsii jechoota afaan tokkoo xiinxalu; haala jechootni afaan tokkoo itti uumamaniifi horuudhaan caasluga agarsiisan kan xiinxaluudha. Yaada hayyootaa kanarraa kan hubannu, bu'uurri qoodiinsa jechoota afaan tokkoo xiinjecha afaanichaan xiinxalamuu akka danda'uudha. Kunis, qoodiinsa, tajaajila, hormaatafi uumamuudhaan caasluga afaanichaa keessatti itti qorataman kan ilaalamu.

### 2.2.2. Ulaagaa Xinhiikaa

Xinhiikni saayinsii hiika balballoomsuu dha (O'Grady, 1996). Jechoonni hiika aadaa, hiika bakka bu'amaa, hiika galumsaafi kkf qabaachuu malu. Dhimmoonni hawaasummaafi xiinsammuus hiika irratti dhiibbaa guddaa qaba. Kanaafuu, hiika ka'umsa godhachuun himoota kana mara yaada keessa galchuu barbaada. Kun immoo jechoota hunda garee tokko jalatti ramaduu danda'a. Caaslugni duudhawaanis kan qeeqame sababa kanaaf. Kanaafuu, xiinhiikni ulaaga guddaa ta'uun jechoota gareetti ramaduuf qofaa isaa gahaa miti.

### 2.2.3. Ulaagaa Xinhimaa

Tartiibni jechootaa hima afaan oromoo ijaaran sirna qabu. Sirnaalee hedduu keessaa kan asiitti ilaallu duraa duubummaadha. Duraa duubummaa jechootaa kennataa ta'uun ykn fudhatamummaan isaanii kan mirkanaa'u oromoodhaani jechoonni hima ijaaruuf duraa duubaan dhufan amala dhuunfaa qabaataniillee, waliinis hojjeetu. (yaada kanaaf, xiinhima jalatti yaada Aitchion(1999;16) dhiyyeesse ilaalla. Akkasumas, qaamoleen himaa hundi bakka isaanii qabame qabaatanillee waliin ilaalaman malee yoo sirnaan caasaa sanaatiin ala bahan bu'aa hin buusan. Egaa, jechoota Afaan oromoo hima keessaatti bakka galumsaarratti hundaa'uun gareetti qooduun ulaagaa isa guddaadha. Ulaagaalee sadan oliitti kaafne bu'uura godhachuun, jechoota afaan oromoo garee shan jalatti qooduun ibsuun nidandaa'ama. Isaanis: Maqaa, Gochima/xumura, Durduubee/firoomsee, Maqaibsii /ibsamaqaa/fi Gochibsii/ ibsa gochimaa/xubibsii/ibsaxumuraa kanneen jedhamaniidha.

Kana jechuun ammoo, caacculee (elements) hafan jara malee, balballoomsa caasaa afaanichaa keessaatti qooda hin qaban jechuu miti. Caacculee hafan keessaa inni tokko raajeffannoodha.

Raajeffannoon arbeessuun (by exagurating) ykn kineessuun (by diminishing) waan tokkoo kan ibsu irra gara miira /dhageettii/ keenyaati. Afaanicha keessaatti jechoonni dhageettii kana bakka bu'uun tajaajialn akka kanaan gadiitti ta'u.

| | | | |
|---|---|---|---|
| Fkn. Ishoo! | Dhaqachi! | Wayyoo! | Ajab! |
| Elaa! | Uggum! | Baga! | |
| Magan! | wkf | | |

Unkaaleen Xiinqooqaa waan miira keenyatti dhaga'aman kanneen akka naasuu, gammachuu, aariifi wkf ittiin ibsachuuf akka feenetti hima tokko keessa bakka feene galchuu dandeenya. Karaa biraatiin, jechoonni kunneen qabiyyee kanneen biroo tumsu malee, kan mataa isaanii hin qaban. Kanaafuu, hima keessatti iddoo dhaabbataa hin qaban.

Fkn Ishoo ilma koo guddadhu! Ilma koo ishoo guddadhu! Guddadhu ilma koo ishoo!

Fkn kana keessatti unki 'ishoo' jettu jalqaba, gidduufi dhumatti argamti. Kunimmoo, ulaagaa xinhimaatiin bakka dhaabbataa dhabuusaa mul'isa. Kana malees jechi kun guutummaa himichaa bifaanis hanqina qaba. Addunyaa barkeessaa (2012:116)

Gabaabumatti, bakkaan dhaaba dhabuun, guutummaa himaa tajaajiluufi bifa dhaabbataa qabaachuun raajeffannoo garee jechaa jalatti ramadamuu akka hin dandeenye taasiseera. Bamaqaaleen immoo, bakka maqaa bu'uun tajaajiluun garee maqaa jala galuu waan danda'aniifi, akka garee ofdanda'aa tokkootti ilaalamuu hindanda'an. Akka maqaafi maqibsaa horuufi uumamuuf dhamjechoota fufachuus hin danda'an. Kanumaanis garee jechaa maseenaa jedhamu. (Gabbaroo 2007; Addunyaa, 2010).

Gama biraatin, durduubeefi qabsiistuun hojii firoomsuu waan raawwataniif akka garee tokkootti lakkaa'amu. Gabaabumatti, jechoota garee maseenaa ta'anii tajaajila caaslugaatiif oolan keessaa bamaqaafi qabsiistuun duraa duubaan maqaafi durduubee jala galuu danda'u. Raajeffannoon ammoo, dhaaba waan hin qabneef garee jechootaatiin ala ta'uun ilaalama.

Jechoonni Afaan Oromoo akkaataa galmaafi unka (context and form) irraatti hundaa'uun gareewwan shaniitti qoodamu. Isaanis: Maqaa (Noun) Maqibsii(Adjective) Xumura (Verb) Gochima (Adverb)fi Durduubee(Pre and Post Position) Geetaachoo Rabbirraa(2011).

Akkasumas, Abarraan, "Jechoonni hima keessatti itti fayyadamnu gareewwan adda addaatti hiramu, isaaniis maqaa, bamaqaa, maqibsii, xumuura, xumibsii fi durduubeedha," jedha Abarraa kaasaayee (2010).

Gareewwan jechoota ilaalchisee hayyoonni garaagaraa hiikoo adda addaa lafa kaa'aniiru. Haata'u malee, afaanoonni hundinuu akkaataa tajaajilaafi unka jechoota afaan isaaniif

hiikaafi ibsa laatu malee, gareewwan jechootaa ilaalchisuun hiiki waliigalaa hayyoota hunda tokko godhu hin jiru.

Walumaagalatti, jechoonni afaan tokkoo lakkoofsaan hedduu yemmuu ta'an jechoota kanneen immoo bakka tokkotti xiinxaluuf nuffisiisaa waan tahuuf gareetti qooduun qayyabachuun barbaachisaadha. Kana irraa ka'uun, Afaan Oromoo akka caasluga ammayyaatti gareewwan jechootaa shanitti qoodaman qaba. Kanaaf, qorannoo kana keessatti, kitaabni barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9fi 10tiif qophaa'e, dhimmoota dhiyaannaa garee jechaan walqabtee armaan olitti eeraman akkamitti akka qindeessee dhiyeessetu qoratamee xinxalame.

## 2.3. Akaakuu Garee Jechootaa


Hayyoonni afaanii jechoota afaan tokkoo xiinxaluuf, daangessuufi hiika isaanii kennuuf akka tolutti gareetti qooduun qoratu. Afaan Oromoos caasaa isaa keessatti daangaa jechoota isaa beekuuf, amala jechoota isaa beekuuf, uunkaafi danooma isaa akkasumas jechoota isaan maxxanfatan xiinxaluufi afaanichas gadi fageenyaan qorachuuf jechoonni afaanicha keessa jiran garee shanitii qoodamaniiru. Haala qoodiinsa garee jechaa ilaalchisee Greenbaum and Nelson (2002:8) Addunyaan waabeefachuun akka ibsetti,There is no a fixed number of word classes," jechuun ibsuun, jechoota Afaan Oromoo gareewwan gooroofi gooree jechuun balballoomsuu dandeenya, jedhee kaa'a. Haaluma kanaan, gareewwan gooroo jechootaa bakka lamatti qooduun **garee banamaa**(jechoota qabiyyee)fi **garee maseenaa** (jechoota tajaajilaa) jechuun kan qoodu. Warreen garee banamaa jalatti qoodaman immoo: maqaa, maqibsa, gochimaafi gochibsa jechuun yookaa'u. Waarreen garee maseenaa jalatti qoodaman immoo: durduubee, qabsiistuu, raajeeffannoofi bamaqaa jechuun ibsamanii jiru. Addunyaa (2012:107). Akkaataa armaan gadiitiin haailaallu.

### 2.3.1. Gareewwan Jechootaa Gooroo

Akkuma maqaa isaarraa hubannu jechi gooroo jedhu dimshaashummaa qaba. Jechoonni afaan oromoo garee kana jalaatti qoodamaniis dimshaasha ta'u jechuudha.Gareen jechoota gooroo kunis, jechoota afaanichaa banamaa fi maseenaa[ open and closed classes], salphaafi xaxamaa [simple and complex words ] ta'aan of jalaatti haammata.Garee jechaa tokkon banamaa kan jennu, adeemsa hormaataa fi yaasaa keesssaatti hirmaachuu fi guddina aadaa fi

afaan oromoo keessatti qooda fudhachuu yoo danda’eedha. Jechoonii garee kana jala galan qabiyyee fi hiikaa mataa isaaanii qabu.

Kanaafuu, jechoota qabiyyee [content words ] jedhamu. Gareen Maseenaa ammoo, akkkuma maqaa isaaarraa hubachuuun danda’amu buu’uura horteee fi yaasaaa ta’uun hindanda’aan. Jechoonni garee kanaa, dhamjechoota garaa garaa waan ofiitti hin fudhanneef bifni isaanii dhaaba qaba; qabiyyee mataa waliin galuun tajaajila seerlugaatiif oolu. Kanaafuu jechoota tajaajilaa {functiona words} jedhamu.




*Fakkii-1*

*Gareewwan gooroo jechootaa Addunyaa (2012:108)*

Gareewwan Jechootaa Gooroon Kan Biraa ammo, jechoota salphaafi xaxamaas ilaallata. Kanneen garee jechaa salphaa jalaatti ramadamaan, dhamjecha walabaa kan ta’aaniidha. Warri miseensa garee xaxamaa ta’aan garuu kanneen fufiilee tokkoofi isaa ol ofirraa qabaniidha.

**Fakkeenya.**

| | |
|---|---|
| Lafa | namummaa |
| Nammoome | namoomse |
| Nama | dhagaa |

Jechoota fakkeenya armaan olii keessaatti: lafa, namaafi dhagaan jechoota sasalphaadha. Jechoota kana salphaa kan taasise bifa walabaa tokko qabaachuu isaaniiti. Jechoota haala kanaan fufiilee hormaataafi yaasaa baay'inaan waan ofirraa hin qabneef, hiikaykn tajaajila gara garaatiif hin dhaabbatan. Jechoonni, 'namoome', 'namoomse'fi 'namummaa' jedhan ammoo, xaxamoodha. Xaxamoo kan jechisiises, unka hiika garaa garaa qabanitti addaan qoqqoodamuu danda'uu isaaniiti. Kana hubachuuf qaamolee jechaa: hundee, bu'uurum horteefi bu'uur-hortee addaan baafachuu barbaachisa. Qaamolee kunneen addaan baafachuuf jecha mursiisatan jedhu ilaalla. Jecha kana keessaatti qaamolee mursiisat jedhan gosa fufiilee fudhachuu danda'aaniin yoo ilaalle inni duraa hundee, kan itti aanu bu'uurum-hortee inni dhumaa bu'uurhortee ta'u. qaama mur-jedhuun ala kanneen hafan hundee ta'uu hin danda'an. Sababni isaa ammoo dham jechoota hiika tokko olii ofirraa qabaachuudha. Qaamni mursiis- jedhu fufiilee yaasaas (uumamtees) ta'e hortee fudhachuuf qophaa'aa waan ta'eef bu'uurum hortee yoo ta'u, mursiisat- kan jedhu ammo fufiilee hortee fudhchuuf caarraa waan qabuuf bu'uur horteedha. Sadan isaanii keessaa (mur-) kan jedhu hundees, bu'uurum hortees ta'uu dandaa'a. Gabaabumaatti, qaamoleen kanneen adda baafachuun jechoota salphaafi xaxamaa jedhaman addaan baafachuurrati gahee guddaa qaba. Addunyaa(2012:109). Yaada olii kannarraa kan hubachuun dandaa'amu, jechoonni AO kumaatamaa lakkaa'amuu danda'aan kanneen ilaaluuf, garee jechootaa gooroon kanneen kamfaa akka ta'aan beekuun barbaachisaa akka ta'eedha. Akkasumas, qoodamiinsa isaanii keessatti, garee jechootaa gooroon kanneen kamfaa akka ta'aan adda baafachuudhaan xiinxaluun barbaachisummaa qaba.

### 2.3.2. Gareewwan Jechootaa Gooree

Afaan Oromoo keessaatii jechoonni qabiyyeefi tajaajila {content and fuctioal words] Maal akka fakkaatan gareewwan gooroo jalatti ibsamee jira. Maata duree kana jalatti ammoo, amala isaanii gadi fageenyaan ilaaluuf gareewwan xixqqaa garaa garaatti qooduun gaalee

“gareewwan gooree” jedhu balballoomsuu yaalla. Moggaasni “gooree” jedhu murtaa’aa ta’uu waan tokkoo ilaallata. Amala jechoota gadi fageenyaan qo’achuu kan jedhameefis kanarraa ka’uuni. Yaada kana deeggaruun, Gareenbaum and Nelson (2002:86) “one can set as many classes and sub-classes as her/his language allows,” jechuun ibsu. Qooddiin kun kan duraan maqaa kutaalee dubbii (parfs of speech) jedhamuun caasluga duudhawaa keessatti tajaajilaa turerratti yaada dhiyyeessuun eegala. Afaan ‘Greeco-Roman’, jedhu qooddii gareewwan jechootaatiif akka akkayyaatti (as amodel) tajaajailaa turuufi gareen jechootaa saddeetiitti qoodamuu isaa xinqooqni seenawaan ni ibsa.[Antilia,1972]niin waabeeffachuun Addunyaa,(2012:110) irratti akka ibsetti. Afaan Oromoo keessaatti barsiisoonni, qopheessitoonni sirna barnootaa, akkasuumas barreessitoonnii, garee jechootaa saddeettan kanatti dhimma bahaa jiru. Haalli kun amala jechoota afaan oromoo qajeelootti qorachuun osoo hin taane, qorannoo duraan gaggeeffamanii fi haala qooddii gaaree jechootaa afaanoota birootiin wal –fakkeessuuf carraaqqii godhame fakkaata. Yaada kanas caalaatti ibsuuf, kutaalee dubbii saddeettan ilaaluun ni danda’ama.

| | |
|---|---|
| Maqaa | Durduubee |
| Maq ibsii | qabsiistuu |
| Gochima | Raajeffannoo |
| Goch ibsii | bamaqamaa |

Jechoota gareewwan armaan olii jalaatti qooduun maqaa kutaalee dubbii jedhu kanaan xiinima duudhawwaa (traditional syntax) keessatti iddo guddaa qaba.

Mitikkuufi Tashoomaa(1992) moojulii barnoota fagoo barsiisota sadarkaa dippiloomaatiif qophaa’erratti garee jechoota afaan oromoo bakka shaniitti qoodan ta’ullee, bu’uura qooddii isaanii mul’inaan lafa hin keenye. Baye (1986) waraqaa Phd, kan matadureen isaa “The phrase structure of Ethiopian oromoo” jedhurratti garee jechoota afaanichaa haaluma mitikkuu fa’iin qoode.

Baayyinni garee jechoota afaanichaa lafa kaa’uun dura, bu’uura ramaddii kanaa addaan baafachuu wayya. Jechoonni nuyi waa’ee isaanii hin beekne garee tokko jala galuuf, ulaagaan ittiin ilaalaman jiraachuu qabu.

Gareen jechootaa jiran bakka garaa garaa shanitti qoodamu. Isaanis: Garee maqaa, Garee ibsamaqaa, Garee gochimaa, garee gochibsiifi Garee durduubee jedhamuun beekamu (Addunyaa, 2011; Geetaachoo,2014). Gareewwan jechootaa kanas, haala gadiitiin ilaaluun ni dandaa'ama.

**A. Garee Maqaa**

Garee maqaa ulaagaalee garaa garaa sadiin ilaaluu dandeenya. Ulaagaaleen kunneenis,

- Ulaaga hiikaa (xiinhiika)

Gareen maqaa ulaagaa xiinhiikaa moggaasa waan tokkootiif yookaan waan tokkoo ittiin waamuuf gargaara.

- Ulaagaa Xiinjechaa

Gareen maqaa ulaagaa xiinjechaa immoo dhamjechoota /latiilee/dabalatee faayidaa seerlugaa ibsuu ilaallata.

Fakkeenyaaf:

Nama+-oota=Namoota
Jabbii+-icha=Jabbicha
Tolaa+dhaaf=Tolaadhaaf
Sa'a+-wwan=saawwan
Ogeessa+-yyii=ogeeyyii

Fakkeenya oliirraa kan nuti hubannu, jechootni oggaa latiilee maxxanfatan faayidaa seerlugaa ibsuu dabalatee; hiikaafi ergaa duraan jechi jalqabaa qaban ni jijjiira. Innis, jecha sana danoomsuu, abbaa qabeenyummaa mirkaneessuurrattidha.

- Ulaagaa Xiinhimaa:

Gareen maqaa ulaagaa hiikaan, ittiin waamama yookiin moggaasa waan tokko kan bakka bu'uudha. Gareen maqaa ulaagaa xiinjechaan garee jechaa kun dhamjecha akkamii dabalatee faayidaa seerlugaa akkamii akka ibsu ilaallata (Addunyaa, 2011)

| **Garee Maqaa** | **Dhamjecha** | **Faayidaa** |
| --- | --- | --- |
| Nama | -oota=namoota | [baay’ina] |
| Nama | -icha=Namicha | [beekumsa] |
| Caalaa | -Ø | |
| Caaltuu | -tuu | [saala] |

Gareen maqaa ulaagaa xiinhimaa caasaa himaa keessatti bakka gareen sun qubatu kan ilaallatuudha (Geetaachoo, 2014).

Fakkeenyaaf:

[Nama] diimaa arge.

↓

Garee Maqaa

**B. Garee Ibsa Maqaa**

Garee ibsa maqaa ulaagaa garaa garaa sadiin ilaaluu dandeenya. Isaanis: Ulaagaa xiinhiikaa, ulaagaa xiinhimaafi xiinjechaatiin kan ilaalamuudha (Geetaachoo, 2014).

Gareen ibsa maqaa ulaagaa xiinhiikaan maqaatti aanee galuun maqicha ibsa. Gareen ibsa maqaa ulaagaa xiinjechaa dhamjecha garaagaraa ofitti dabaluun faayidaa garaagaraa kan agarsiisuudha. Ulaagaan xiinjechaan gareen ibsa maqaa dhamjechoota garaagaraa dabalachuun faayidaa seerlugaa ibsuu ilaallata.

Fakkeenyaaf:

| **Ibsa Maqaa** | **Dhamjecha** | **Faayidaa** |
|---|---|---|
| Diimaa | - Ø | koorniyaa |
| Diimtuu | -tuu | |
| Diimtittii | -ti | beekumsa |

Diimaa, diimtuu ibsa maqaa jedhu keessatti dhamjechoota saala ibsan [-t, -tuu]'n bakka buufama. 'Diimaa' kan jedhamu keessatti dhamjechi saala ibsu hinmul'atu waan ta'eef [Ø]/dhamjecha duwwee tiin bakka buufama. 'Diimtuu' keessatti immoo [-tuu] nimul'ata. Kanaaf, dhamjechi saala ibsu [-tuu] ta'a. 'Diimtittii' keessatti latoo [-tii]'n kun kanneen biroo keessaa adda baatee beekamuushee ibsa. Gareen ibsa maqaa ulaagaa xiinhimaan hima keessatti bakka qubannaa isaaniin eessa akka ta'aan kan mul'isuudha (Geetaachoo,2014).

Fakkeenya:

Nama diimaa arge.

⇓

Ibsa maqaati

**C. Garee Gochimaa**

Gareen gochimaa yookiin xumuraa ulaagaalee garaagaraa sadiin ilaalamu. Isaanis: ulaagaa xiinhiikaa, xiinjechaafi xiinhimaan kan ilaalamuudha.

Gareen jechaa gochimni, ulaagaa xiinhikaan xumura gocha tokkoo kan ibsuudha.

Ulaagaa xiinjechaan latoo dabalatee faayidaa seerlugaa ibsu kan ilaallatuudha.

Fakkeenyaaf:

| **Garee Jechaa** | **Latoo** | **Faayidaa** |
|---|---|---|
| **Ati deemte** | -t | Ramaddii 2ffaa |
| | -e | Hennaa |
| **Isheen deemte** | -t | Koorniyaa |
| | -e | Hennaa |
| **Deemtan** | -an | baay'ina |
| **Deeme** | -e | Hennaa |

Jecha jalqaba matimaa'Ati' jedhu dabalatee dhiyaate 'deemte' keessatti '-t' n ramaddii 2ffaa qeenxee ta'ee tajaajila ; '-e' immoo henna ta'uun tajaajila. Jechi matima 'Ishee' dabalatee dhiyaate 'deemte' '-t' koorniyaa ibsa; jechi 'deemtan' '-an' kan jedhu baay'ina ibsa; jechi 'deeme' '-e' henna ibsa (Addunyaa, 2012).

Ulaagaa xiinhiikaan gareen gochimaa xumuramuu gocha tokkoo kan ibsuudha. Gareen gochimaa ulaagaa xiinhimaan hima keessatti bakka gareen jechaa galee jiru agarsiisa. Gareen gochimaa caasaa himaa keessatti dhumarra galee xumuramuun raawwii gocha tokkoo kan nutti agarsiisuudha. Kanaaf, dhuma himaarratti galee tajaajila jechuudha./caasaa ktimaa irratti galee tajaajila.

Fakkeenya:

Nama diimaa [arge]------------------garee gochimaati (Mirreessaa, 2014).

**D. Garee Durduubee**

Gareen durduubee gosa garee jechaa keessaa tokko ta’ee maqaa duraafi boodaan kan galuudha. Garee durduubeen ulaagaa xiinjechaan ilaalamuun dhamjecha maxxanfatee faayidaa seerlugaa ibsu hinqabu. Horsiisa jechootaa keessattis hundee ta’uun hintajaajilan (Geetaachoo,2014:F.14).

Gareen durduubee hima keessatti ykn caasaa himaa keessatti dura maqaattis ta’e booda garee maqaatti maxxanee galuun faayidaa seerlugaa adda addaa ibsuu mala.

Fkn’f:

a. Mana<u>tti</u> gale
b. <u>Gara</u> manaa gale.

**E. Garee Gochibsii**

Gochibsii akkuma gareewwan jechootaa olitti ibsamanii jiranii akaakuu garee jechootaa keessaa isa tokko, ulaagaa xiinhiikaan hima tokko keessatti xumura dura dhufuudhaan, akkaataa, yeroo, bakka, sababa, irra deddeebii gochi tokko itti raawwateefi meeshaa gochi ittiin raawwate kan ibsu ta’uu isaa yaadni barreeffama namootni hedduun barreessan niibsa.

Gareen jecha gochibsii ta’aan, garee jechoota kanbiroo ta’uu akka danda’aan, Lammaafi Cimdiin(2018); “Eenyummaafi Tajaajila Xumibsaa” mata duree jedhu jalatti balballoomsanii jiru. Kanarraa kan hubannu, jechoonni gochibsii taa’an bu’uuraan gareewwan, maqaafi durduubeewwan keessaa akka ta’aaniidha. Kunis, gochibsi bu’uuraan garee jechoota biroo waan ta’eef, ulaagaan garee kanneeniif fayyadu, garee gochibsaas ittiin ibsuuf nitajaajila jechuu dandeenya. Dabalataan, gareen gochibsii tajaajilaan hima keessa jira malee uumamaan kan hinjirreedha.

Fakkeenya. A. Caalaan **suuta** deema.

Ijoolleen Dhaabaa **baayee** gaggabaaboodha.

Caaltuun **gaangeedhaan** deemte.

Himoota olii keessatti jechoonni gurraacha'anii jiran gochibsoota. Himoota kanneen irraa jechoonni suuta, baay'eefi gaangeedhaan gochimaafi maqibsa ibsuun gochibsa jala galuu isaanii hubanna. Haata'u malee, gochibsoonni kunneen garaagarummaa qabu. Warri kaan gareen jechaa isaanii kanbiroo ta'ee, akka gochibsaatti yoo tajaajilan, kaan ammoo ijaarsa garaa garaatiin kan argamaniidha. Fakkeenya oliirraa 'suuta' kan jedhu maqaa akka gochibsaatti tajaajileedha. Caasaan, gaangeedhaan jedhu, garuu gaangeefi –dhaan' n walitti dhufuun kan argameedha. Jechi kunis, tajaajilaan gochibsa malee, bifaan GDti. Addunyaa (2012:138).

## 2.4. Faayidaa Garee Jechootaa Kitaaba Barataa Keessatti Dhiyeessuun Qabu

Jechoota kitaaba barataa keessatti dhiyeessuun barbaachisummaan isaa ol'aanaadha. Akka Duulaan, (2008). Nuunan (1986). Waabeeffachuun ibsetti, "Barbaachisummaan caasaa afaanii barsiisuun qabu inni guddaan caasaa afaanichaa eeganii walii galtee uumuuf gargaara," jedhu. Kana jechuun matimaafi gochima walsimsiisuu keessatti gaheen caasaa afaanii ol'aanaa ta'uudha. Jecha tokko qorachuuf akkaataa sagaleeleen walitti dhufanii jechoota ijaaran murteessaadha. Garee jechootaa kitaaba barataa keessatti haala ifaafi guutuu ta'een dhiyeessuun barattootaafis ta'e barsiisotaaf hubannoo gaarii kan uumu ta'a.

Gareen Jechootaa waliigaltee afaanii keessatti barbaachisummaan isaan qaban ol'aanaadha. Kunis, akkaataa barbaachisuun ulaagaa barbaachisaa ta'e guutanii kitaaba barataa keessatti yoo dhiyaatan barsiisonni qorannoo akka irratti geggeessaniifi barattoonni ijaarsaafi caaseffama jechoota dhiyaatanii akka adda baafatanii baratan; akkasumas, unkaalee jechicha ijaaran gadifageenyaan akka beekaniif gargaara. Ulaagalee jechoonni ittiin qoodaman beekuun immoo unka jechootaa adda baafachuun waan gargaaruuf kitaaba barataa keessatti duraa duubaan qindaa'anii dhiyaachuun barbaachisaadha. John Atkins (1995), "Caasaa caaslugaa kanneen akka: hennaa, ramaddii, koorniyaa, lakkoofsa, garee jechootaa jijjiiraniifi kkf argisiisan barattootaaf ibsuun barsiisuun gaarummaa qaba," jedha. Sababni isaas, sadarkaa kanatti, barattoonni caasaalee kanneen yoo baratan dandeettii afaan isaanii haalaan

akka gabbifataniif gargaara. Barattootni, waa'ee jechaa yeroo baratan; nidubbatu, nibarreessu, nidhaggeeffatu, nidubbisu, waan ta'eef dandeettiiwwan afaanii shaakaluuf, kallattii hedduun jechatti kan dhimma bahaan.

### 2.5. Haala Ittiin Garee jechootaa Kitaaba Barataa Keessatti Ittiin Dhiyaatan

Galma ga'iinsa baruu barsiisuuf akkaataan dhiyaannaa kitaaba barataa baay'ee murteessaadha. Kitaabni qophaa'u, sadarkaa barataan kan walsimatu, barattoota kan hawwatuufi qabiyyee barattoota mariisisuuf mijatu; akkasumas, irra deddeebii kan hinqabneefi kan barattoota xiinxalsiisu danda'u ta'uu qaba. Harmer (1987:47), "Kitaabni qophaa'uu kan barattoonni daree barnootaa keessatti waliin mari'achaa yookaan haasa'aa akka baratan taasisu yoo ta'e gaariidha; kunis, karaa kallattiifi alkallattii ta'uu danda'a," jedha. Kana jechuun qabiyyeen barnoota qophaa'uu kan barattoonni kallattiin irraatti mari'ataniifi fayyadama yookaan galumsa keessa akka barataniif kan qophaa'u ta'uu qaba. Jechoota Afaan Oromoos kallattiifi alkallattiin barreeffama keessatti dhiyeessuun akka barattoonni ofiin xiinxalanii wanta barbaadame bira ga'aan gochuun nidanda'ama. Kitaaba barataa kutaa 9^ffaa^fi 10^ffaa^ keessattis karaa alkallattiinis, karaa kallattiinis jechoota adda addaa barreeffama keessa galchuun qophaa'ee osoo dhiyaatee barattoonni akka ofiin shaakalaniif waan gargaaruuf, dhuunfaan yookaan gareen hojjetanii hubannoo gahaa akka argataniif isaan fayyada. Dhiyaannaan jechootaa kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa^fi 10^ffaa^ bara 2005 qophaa'e yoo ilaalle immoo karaa kallattii ta'e qofaan ibsa laachuurratti waan xiyyeeffatuuf barattoonni akka ofiin hojjetan hintaasisu. Kanaaf, qopheessitoonni sirna barnootaa qorannoo kana bu'uura godhachuun qophii kitaaba itti aanuu keessatti haala olitti ibsame kanaan dhiyeessuu qabu.

#### 2.5.1. Karaa Kallattii Ta'een

Kana jechuun karaa ifa ta'een caasaa afaanii barsiisuu jechuudha. Harmer (1987:4) akka ibsetti, karaa kallattii ta'een caasaa afaanii barsiisuu keessatti barsiisaan mataduree qopheeffate sana erga ibsee booda, fakkeenya adda addaa kennuun barattoonnis fakkeenya kenname irratti hundaa'uun akka shaakalan godha. As keessatti kitaabni waa'ee qoodinsa jechootaa irratti ibsa gahaafi ifaa ta'e kennuun dhiyaata jechuudha. Yaada kana gabbisuuf John Atkins (1995:41) irratti, dhamjechoota: hennaa, ramaddii, koorniyaa, lakkoofsa,

matima, garee jechootaa jijjiiran ilaalchisuun ibsiifi fakkeenyi gahaan kitaaba barataa keessatti qophaa'uun dhiyaachuu qaba jedha.

Kun caasaa afaanii kallattiin barsiisuu waan ta'eef, ibsiifi fakkeenyi gaariin kitaaba keessatti qophaa'uun dhiyaachuun barbaachisaadha jechuudha. Fakkeenyaaf; kitaabicha keessatti kan dhiyaatu garee jecha maqaa yoo ta'e, dura maalummaa jechaa ibsuufi itti aansuun ulaagaa qoodiinsa garee maqaa fakkeenya garaagaraa kennuun kan dhiyaatuu qabu. Barsiisaas ta'e barataan fakkeenya kenname kana hordofuun hojjetu jechuudha, jedha. (Tashoomaa, 2005).

### 2.5.2. Karaa Alkallattii

Kun immoo deemsa keessa barattoonni caasaa afaanii akka baratan kan taasisuudha. Kunis, tooftaalee adda addaan dhiyaachuu danda'a.

#### A. Waliin Haasawaa yookaan Marii Gochuu Keessa

Harmer (1987: 42) waabeeffachuun Duulaan akka ibsetti, kitaabni barattootaaf qophaa'u daree keessatti waliin mari'achaa yookaan waliin haasa'aa akka baratan kan taasisu yoo ta'e gaariidha. Faayidaan kanaas, caasaa afaanii barsiisuu qofa osoo hinta'iin dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu akka gabbifatan isaan gargaara jedha.

Kana malees, beekumsaafi muuxannoo barattoonni duraan qaban akka waljijjiiraniif waan gargaaruuf achi keessa jechoota adda addaa barachuuf gargaara. Fakkeenyaaf; haasawaa Afaan Oromoo nagaa walgaafachuuf geggeeffamu walsimsiisuu keessatti gahee jechoonni qaban ol'aanaadha.

Tooftaan kun afaan kan ilaalu meeshaa waliigaltee ta'uu isaatiin waan ta'eef, baratoota irraa dandeettii xinqooqaafi waliigaltee gahaa ta'eetu eegama. Dandeettii xinqooqaa jechuun unkaa afaanichaa beekuu yoo ta'u, dandeettii waliigaltee jechuun immoo tajaajila afaanichaa beekuu jechuudha. Kanaaf, waa'ee jechootaa waliin haasawaa keessa akka barataniif kitaaba barnootaa qopheessuun fudhatamummaa murteessaa qaba jechuudha.

**B. Afoola Adda Addaan Walqabsiisuun Dhiyeessuu**

Qophii kitaaba barataa keessatti afoolawwan adda addaa kanneen akka oduu duriifi baacoon walqabsiisuun jechoota dhiyeessuun haala salphaa ta'een akka barataniif gargaara. Brumfit C.J.fi R.A. Carter, (1986:17), "Biyyoota guddachaa jiran keessatti afoolli sirna barnootaa keessatti hammatamuun isaa guddina afaanichaaf gahee guddaa qabaata; barnootichas baay'ee jaallatamaa taasisa; akkasumas, aadaa hawaasa afaan barataa sanaan walbarsiisa," jedhu. Kanas gara keenyatti as fiduun afoola kanneen akka oduu durii keessatti faayidaafi garee jechootaa hammachiisuun kitaabilee barnootaa qopheessuun barattoota kan hawwatuufi si'eessu; akkasumas, aadaa hawaasa isaaniitiin walbarsiisa jechuudha. Kana malees, haala salphaa ta'een barruu qophaa'e keessatti waa'ee caasaa afaanii akka barataniif gargaara. Kanaaf, osoo afoola adda addaa kan akka oduu durii, mammaaksa, baacoofi kkf. keessatti garee jechootaa jiran haala hammachuu danda'uun dhiyeessuun kitaaba barataa qopheessuun fudhatamummaan isaa ol'aanaa ta'a. Sababni isaas, afoola kana keessatti garee jechootaa adda addaa kanneen akka maqaa, maqibsa, gochima, durduubeefaa afoola sana keessatti barattootni akka adda baafachaa deeman gochuun waan danda'aamuuf. KB akkaataa ibsame kanaan qindaa'ee dhiyaachuu dhabuun barattootaan hawwatamuu isaa xiqqeessuu danda'a.

**2.5.3. Mala Faayidaa Murtaa'aaf Dhiyeessuu**

Xiyyeeffannoon mala kanaa haala qabatamaa kitaaba barnootaa qophaa'u irratti. Barattoonni maal beekuu qabu kan jedhu yookaan maal barachuu barbaadu kan jedhuun walsimsiisuudhaan qophaa'ee hojii irra ooluu qaba. Kan kun irratti xiyyeeffatu: fedhii barattootaa, haala qabatamaa; Kana jechuunis, kitaabni barataa yeroo qophaa'u, qabiyyee isaa keessatti wantoota qabatamaan naannootti argaman aadaafi duudhaa hawaasaa barsiisu waliin walqabsiisuun dhiyeessuun bu'a qabeessa ta'uu isaa argisiisa. Dabalataanis, Caasaaleen haaraa yemmuu qophaa'an, unka afaanichaa qofa osoo hinta'in tajaajila unkaan afaanii sun ooluuf waliin walqabsiisuun qophaa'ee dhiyaachuu qaba, (Richards and Rodgers 2001:1). Kanaafuu, kanneen sirna barnootaa qopheessan: akkaataa uumamaa, seeraafi haala qindaa'ina qabiyyee garee jechootaafi unka caasaa haaraa qophaa'u sanaa; fakkeenyaaf, ulaagaafi tajaajila garee jechootaafi kkf irratti hubannoo gahaa qabaachuu qaba. Egaa kitaaba

barataa kutaa 9fi 10 kanneen keessatti jechoota haala qindaa'a ta'een ulagaa qoodiinsa jechootaa ibsuun, dhiyeessuun kallattiin barumsicha qabatamaa taasisuuf gargaara.

### 2.5.4. Murtaa'aatii Gara Dimshaashaatti (Inductive Method) Dhiyeessuu

Kunis adeemsa caasaan afaanii kitaaba keessatti ittiin qophaa'ee barsiifamu ta'ee, seera waan barachaa jiranii akka ofii isaaniin bira gahaan gochuuf gaaffilee murtaa'oo adda addaa ibsuun eegala. Dursa kitaabicha keessatti ibsi fakkeenya gabaabaa waliin barattootaaf waan dhiyaatuuf fakkeenya kenname irratti hundaa'uun caasaa afaanichaa akka baratan taasisa. As keessatti fakkeenyi kennamu seera waliigala afaanichaa kan mata duree kenname akka barataniif gargaaruudha. Akka fakkeenyaatti waa'ee Garee Maqaa jechoota mul'isanii kan dhiyeessu yoo ta'e, kana irraa ka'uun waa'ee Garee jechoota waliigalaa akka ofiin barataniif kan qopheessu ta'uu qaba, (Fireman,2000:19).

### 2.5.5. Dimshaashaa Gara Murtaa'aatti (Deductive Method) Dhiyeessuu

Kunis, kitaabicha keessatti erga seerri murtaa'aan tokko ibsameen booda fakkeenyiifi gilgaalonni dhiyaatan karaa to'atamaa shaakalsiisuuf kan qophaa'uudha. Kunis, fakkeenyaan yoo ibsamu garee jechootaa jiran fakkeenya bal'aa kennuun ibsuudha. Fakkeenya kenname kana irratti hundaa'uun barattoonni jechoota biroo maqibsoota adda addaa kenname keessaa akka addaan baasaniif kan shaakalsiisuudha, jedha, (Tashoomaa, 2005:216). Kana jechuun jechoota maqibsii ta'aan erga ibseen booda, fakkeenya adda addaa kan dhiyeessuudha. Egaa, barattoonnis, gilgaala kitaabicha keessatti dhiyaate irratti hundaa'uun jechoota maqibsa biroo uumuuf gargaaran jechoota kennaman keessaa akka addaan baasan shaakalsiisuuf kan qophaa'u ta'uu qaba jechuudha.

### 2.5.6. Ijaan akka Ilaalan Gochuufi Fakkeenya Kennuun Dhiyeessuu

Tooftaan kunis, caasaa afaanii barsiifamuuf qophaa'e fakkeenya kenname keessatti ijaan akka ilaalan kan taasisuudha. Harmer (1987:42) "Mataduree barsiifamuuf qophaa'e, himoota adda addaa keessa galchuun caasaa afaanii barsiisuun barbaadame sana gurraachessuun yookaan jala muruun ilaalanii akka addaan baafatan mala taasisuudha," jedha. Akka fakkeenyaatti jechoota: garee maqaa, maqibsa, gochimaa,gochibsiifi durduubee ta'aan, jala muruun kitaaba keessatti dhiyeessuun barattoonni haala salphaa ta'een caasicha akka baratan

kan taasisuudha. Walumaagalatti, yaadolee hayyoota armaan olii irraa argame kan ibsu, barnoota afaanii keessatti tooftaalee adda addaa gargaaramuun caasaalee afaanii dhiyeessuun guddina afaanichaaf barbaachisaa akka ta'e cimsee argisiisa.

## 2.6. Seerota Qophii Kitaaba Barnoota Afaanii

Duulaan, 2018 Slobin (1978: 301) waabeeffachuun seerota qophii kitaaba barnoota afaanii torba ibsee jira. Isaanis:

- Jechoota afaanichaa irratti xiyyeeffachuu,
- Dhamsagoonni jechoota afaanichaa sirnaan qindaa'uu,
- Ijaarsa jechootaafi dhamjechootaaf xiyyeeffannoo kennuu,
- Irra deddeebiifi kan nama danqan caasaa xinqooqaa afaanichaa keessaa hambisuu,
- Hariiroo hiikaa jechootaa haala ifa ta'eefi qulqullina qabuun dhiyeessuu,
- Qabiyyee dhiyaachuu qabu guutummaan dhiyeessuu,
- Faayidaa hiikni caasaa afaanichaa waliin qaban adda baasanii ibsuu kan jedhaniidha.

Akkaataa qophii seerota kitaaba barnoota afaanii asii olii kana keessaatti mul'atutti, ijaarsa jechootaafi dhamjechootaaf xiyyeeffannoo kennuu kan jedhu kallattiin mata duree qorannoo kanaan waan walqabatuufi xinjecha jalatti waan qoratamaniif, qabiyyee barnoota Afaan Oromoo keessatti jechootaafi garee jechootaa ibsuu irratti xiyyeeffachuun KB qopheessuun barbaachisaadha.

Harmer (1987:10) akka jedhutti, " barsiisonni unka maalii akka barsiisaniifi unkichi tajaajila maaliif akka oolu murteessuun barbaachisaadha," jedha. Kana jechuun qophii KB keessatti jechoonni afaanichaa hundi ulaagaa maaliin garee jiran jalatti akka qoodaman; duraa duubni dhiyaannaa isaanii baay'inni akaakuu garee jechoota afaanichaa haala walfakkaatuun, tajaajilli isaanii ibsamanii barattootaafi barsiisaaf dhiyaachuun gaariidha

## 2.7. Ulaagaalee Filannoo Kitaaba Barnootaa Gaarii

Richardsfi Renandyan (2002:65) "Kitaabni barnootaa, kan barsiisu qofa osoo hintaane; kan madaalus ta'uu qaba," jedha. Bu'uuruma kanaan, kitaabni barnootaa gaariin ulaagaalee kanaa gadiitiin qophaa'uu qaba.

- Kitaabichi kaayyoo barnootichaa kan of keessatti hammate ta'uu qaba.
- Kitaabichi jiruufi jireenya barattootaa ilaalcha keessa kan galchu ta'uu qaba.
- Gilgaalaafi dalagaaleen adda addaa qabiyyee boqonnichaan walsimee dhiyaachuu qaba.
- Kitaabichi kan hamilee barattootaa ijaaru ta'uu qaba.
- Kitaabni barataa hawwataa ta'uufi dogoggora maxxansaa irraa bilisa ta'uu qaba.
- Umurii, fedhiifi garaagarummaa dhuunfaa barattootaa giddugaleessa godhachuu qaba.

Egaa KB barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 bara 2005 qophaa'aan kunneen hanqina walsimannaa qabiyyee akaakuu garee jechootaa waan qabuuf xiyyeeffannoon itti kennamuun irra deebi'amee ilaalamuun gaarii ta'a. Kana jechuun, duraa duubaan dhiyaachuu dhabuu, ulaagaa qoodinsaa dhabuufi faayidaafi maalummaa gareewwan jechootaa ibsuurratti hanqina ballaa kan qaban ta'uu isaaniiti.

### 2.8. Ulaagaalee Madaallii Kitaaba Barnootaa Afaanii

Baruu barsiisuu keessatti qabiyyeen kitaaba barnootaa keessatti argaman yeroo yerootti madaalamaa deemuun kitaabicha haala yeroo faana fooyyessuuf murteessaadha. Kunis, hanqinaafi cimina jiru adda baasuun hanqina isaa fooyyessuun cimina isaa qabatanii itti fufuuf gargaara.

Bu'a qabeessummaa kitaaba barnootaa tokkoof, kitaabichi ija ogummaatiin xiinxalamee erga madaalamee booda fooyya'uu qaba. Richards (2001:258), Conningsworth (1995), wabeeffachuun, ulaagaalee kitaabni barnootaa ittiin madaalaman:

- Kitaabichi fedhii barattootaa; akkasumas, kaayyoofi galma barnoota afaaniitiin kan walsime ta'uu qaba.
- Dhimma barnoonni afaanichaa baratamuuf kan hojiirra oolchuufi barattoota bu'a qabeessa taasisee kan dhiyeessu ta'uu qaba.
- Adeemsa afaan baruu barsiisuu haalaan kan mijeessu ta'ee; tooftaa barsiisuu muraasaan kan hindaangeffamne ta'uu qaba.
- Barnooticha keessatti kan qophaa'uu qabu, qabiyyee afaanichaa kan barsiisuufi kan barataa giddugaleessa godhate ta'uu qaba.

Akkuma olitti ibsame tooftaan barsiisuu kallattii tokko qofaan kan dhiyaatu osoo hintaane, afoola adda addaa keessatti caasaa jechootaa dhiyeessuun barsiisuun akka danda'amu ibsa.

## 2.9. Sakatta'a Barruu Walfakkii

As keessatti waraqaaleen qorannoo mata-duree  qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban yookaan walfakkaatan qaacceffamanii dhiyaataniiru. Sakatta'a taasifameen, amma qoratichi beekutti, qorannoo kanaan guutummaatti kan walfakkaatanii hojjetaman kan hinargamne yoo ta'e iyyuu, mata-durichaan walitti dhufeenya kan qaban dhiyaataniiru. Kanaaf, qorataan waraqaalee qorannoo garaagaraa hojjetamanii qorannoo kanaan walitti dhufeenya qabu jedhe sakatta'uun walitti dhufeenyaafi garaagarummaa isaanii adda baasee wanta fooyya'uu qabus haala kanatti aanee jiruun ibseera.

Amma qoratichi hubatetti, Kallattiin mata-duree qorannoo kanaan guutummaatti walitti dhufeenya kan qabu, yoo hinjiraannellee haga tokko qorannoo kanaan kanneen walfakkaatan muraasni isaanii kanneen akka (Baye, 1986) Xiinjechaafi adeemsa hormaata jechoota Afaan Oromoorratti gama maqibsa, maqaafi gochimni akkam akka ta'aan ibseera. (Tasfaayee,2015) Qaaccessa dhiyaannaa jechaa qabiyyee kitaaba Afaan Oromoo kutaa 10^ffaa^ keessatti, (Tamasgeen,1992). Uumama jechootaarratti kan hojjetamaniidha.: Kabbadaa (2006) mataduree "Qaaccessa Dhiyaannaa Xinjechaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^ffaa^fi 12^ffaa^" jedhu irratti kan dhiyaateedha. Kunis, haala dhiyaannaa jechootaafi dhamjechootaa walbira qabuun kan dhiyeesseedha.

Namoonni kun qorannoon isaan adeemsisan walumaa galatti haalli jechaa Afaan Oromoo keessatti maalta'uu akka qabuudha. Garuu, hanga tokko Tasfaayeen kitaaba barataarratti qaacceessee dhiyeesseera. Haata'u malee, hanqina qophii dhiyaannaa garee jechaa gadi fageenyaan waan kaa'e hin qabu.

Qorannoon kun immoo mataduree "Xiinxala Dhiyaannaa Akaakuu Garee Jechootaa KB Afaan Oromoo Kutaa 9fi 10" jedhu irratti kan xiyyeeffatuudha. Kaayyoon isaa faayidaa, akaakuu, ulaagaa akkamiin qabiyyee garee jechoota Afaan Oromoo SBAO, KBfi QB keessatti akkamiin akka dhiyaatanii jiran, xiinxaluun garaagarummaa KBfi QB gidduu jiru sakatta'ee adda baasuu irratti kan xiyyeeffate. Hanqinaalee kitaabicha  keessatti argamaniifi

garee jechoota kitaabicha keessatti fakkeenya gahaan deggeramuun hinibsamin hafan adda baasee ibsuun furmaata isaa waliin kaa'ee jira. Qorannoo kanaan walitti dhufeenya kan qabu, kan biraan qorannoo Saamu'eel (2007) mata duree, "Qaaccessa Jechaafi Himaa Kitaaba Barataafi Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 10ffaa" jedhu keessatti garee jechoota ilaalee jira. Haata'u malee, akaakuu garee jechootaa ulaagaa qoodinsaa irratti ibsa bal'inaan late hin qabu. Qorannoon kun immoo  garee jechoota Afaan Oromoo gadifageenyaan xiinxaluun hiika isaan qaban, faayidaa, akaakuufi ulaagaa ittiin qoodaman ibsee jira.

Walumaa galatti, boqonnaa olitti dhiyaatee jiru keessatti, sakatta'a barruu mata duree qorataan qorannoo irratti geggeesse kanneen tumsantu ballinaan dhiyaatee jira. Kunis, maalummaa jechaafi garee jechootaa, ulaagaa gareen jechootaa ittiin qoodaman, akaakuu garee jechootaa, faayidaa garee jechootaa KB keessatti dhiyeessuun qabu, haala ittiin gareen jechootaaa KB keessatti ittiin dhiyaatan, seerota qophii kitaba barnoota afaanii, ulaagaalee filannoo kitaaba barnootaa gaarii, ulaagaalee madaallii kitaaba barnoota afaaniifi sakatta'a barruu walfakkii kanneen jedhantu ballinaan ibsamanii kan dhiyaataniidha.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun qorannoo jiran keessaa qorannoo akkamtaa (qualitative research) ta'ee, saxaxa ibsaan ibsamee dhiyaateera. Cohen, Manion and Morrison(2005:73), saxaxi qorannoo tokkoo kaayyoo isaan murtaa'a; kaayyoon qorannoo tokkoos saxaxaafi mala qorannichaan murtaa'a, jedhu.

Kanaaf, kaayyoon qorannoo kanaa gareen jechoota Afaan Oromoo KB kutaa 9fi10 keessatti haala akkamiin akka argaman qaaccessuun odeeffannoo kitaaba kana sakatta'uufi afgaaffii barsiisotaa irraa argame ibsuu irratti waan xiyyeeffatuufiidha. Akaakuun qorannoo kanaas, dameewwan xinqooqaa keessaa xinqooqa ibsaa (descriptive linguistics) gargaarameera. Sababni isaas, "Xinqooqni ibsaa faayidaafi caasaa afaanii karaa loogii hinqabneen ibsuu irratti ibsa gahaa laata; dhamsagaa kaasee caasaa afaanii hanga himaatti jiran irratti xiyyeeffachuun ibsa kenna," (Misgaanuu 2012:90). Kanaaf, garee jechoota Afaan Oromoof caasaa afaanichaa irratti hundaa'uun ibsa gahaa kennuuf damee xinqooqaa keessaa dameen kun filatameera. Bu'uura yoomeessa uumamaatiin qorataan SBAO, KBfi QB bara 2005 qophaa'e irratti hundaa'uun afgaaffii barsiisotaan gabbisuun qorannoo isaa geggeesseera. Kanaafis,qorannoo kanaf odeeffannoo argachuuf meeshaalee funaansa ragaalee, kanneen akka sakatta'a dookumentiifi afgaaffiitti dhimma ba'eera.

## 3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun kan irratti geggeeffame SBAO, KBfi QB sakatta'uun xiinxaluun kan geggeeffame. Tokkoon tokkoon kitaabilee lamaan boqonnaalee 18 kan qaban yammuu ta'aan, KBAO kutaa 9 keessaa boqonnaalee 4, 5, 7, 8, 9fi 10 keessatti qabiyyee garee jechootaa kan dhiyeessee jiru. Kan kutaa 10 immoo, boqonnaalee: 4, 6, 7, 8, 9fi 11 keessatti qabiyyeen garee jechootaa dhiyaatanii kan jiran. Shaakala gilgaalootaa garee jechootaan wal-qabataniin dhiyaatee jira. Qabiyyeen garee jechootaa kitaabilee kanneen keessatti dhiyaachuu; haala akkamiin akka dhiyaatanii jiraniifi hanqinaaleen mul'atan xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Kana malees, garaagarummaa KB, QB keessatti mul'atan adda baasee ibsuu irratti hundaa'uun kan raawwatame. Kaayyoo kana dhugoomsuuf barsiisota mana barumsaa

Begii sadarkaa 2ffaa Begii dhiira 3fi dhalaa 1, waliigala barsiisota 4f afgaaffii dhiyeessuun irratti geggeeffameera. Sababa kitaabaafi matadureen kun filatameef, qorataan bara 2003 hanga 2009tti kitaaba kana barsiisaa waan tureef, akkaataa gareen jechoota Afaan Oromoo KBfi QB keessatti dhiyaatanii jiran qindoomina gaarii waan hinqabuuf; qabiyyeen garee jechoota AO dhiyaatanii jiran muraasa ta'uufi ibsi bal'inaan fakkeenya waliin deggeramanii waan dhiyaatanii hinjirreef rakkoolee kanneeniifi kkf furuuf filatameera.

Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uuf, maddi ragaa tokkoffaa qorataan dhimma itti ba'e, sakatta'a dookimentiiti. Kunis, KB, QBfi SB kutaa 9fi 10 ti. Xiyyeeffannoon isaas, garee jechootaa kitaabicha keessatti argaman: boqonnaalee qabiyyeen garee jechootaa keessatti dhiyaatee jiru; faayidaafi akaakuu garee jechootaa achi keessatti dhiyaatanii jiran; hanqinaalee qabiyyeewwan garee jechoota AO KBfi QB keessatti argaman sakatta'uun ibsuudha.

Dastaan (2013:195) "Odeeffannoon kitaaba qorannichi irratti geggeeffamuuf filame keessaa argama,"jedha. Kanaaf, qorataan KBfi QB akka madda ragaa tokkoffaatti itti gargaaramee qorannoo kana geggeesseera. Kana malees, kaayyoo qorannichaa dhugoomsuuf afgaaffiin barsiisotaaf dhiyaateera. Sababni SBAO, KBfi QB sakatta'uu biratti afgaaffiin barsiisotaaf dhiyaateef,
qorannichi Xiinxala dhiyaannaa akaakuu garee jechootaa KB kutaa 9fi 10 keessatti jedhu irratti waan geggeeffameef barsiisonni kitaabicha barsiisaa jiran hanqinaalee dhiyaannaa garee jechoota AO kitaabilee kanneen keessatti argaman adda baasanii niibsu jedhameeti.

### 3.3. Iddattoofi Mala Filannoo Iddattoo

Qorannichaaf odeeffannoo barbaachisu argachuuf qaamoleen kallattiin mataduricha waliin walitti dhufeenya qaban: KB, QBfi SB kutaa 9fi 10 akkasumas, barsiisota kutaalee kanneen barsiisaa jiraniidha. Addunyaa (2011:20) "Qorannoo akkamtaa keessatti, qorataan odeeffannoo gadifageenya qabu argachuuf sakatta'a dookimentiitti dhimma ba'uudha," jedha. Kanaaf, iddattoon qorannoo kanaa KBfi QB kutaa 9fi 10 yoo ta'aan, afgaaffiin barsiisota mana barumsaa Sadarkaa 2ffaa Begii barsiisaa jiran dhiira 3fi dhalaa 1 mala akkaayyoon akkuma jiranitti qoratichi fudhatee iddatteeffateera. Sababni mala akkaayyoo, fayyadamuun barbaachiseef qorannoo ibsaa keessatti malli kun kaayyoo barbaadame

galmaan ga'uuf baay'ee murteessaa waan ta'eef. Berg (2001:32), "We developing a purposive sample, researchers use their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population" jedha. Kanaaf, qoratichis, KBfi QB irratti xiyyeeffachuun afgaaffii barsiisotaan deggeruun qorannoo isaa kana geggeesseera.

### 3.4. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanaman

Odeeffannoo funaannachuuf, meeshaalee odeeffannoo ittiin funaanan taasisuun qoratichi kan inni itti fayyadame, sakattaa'aa dookumentii; KB, QBfi SBAO kutaa 9fi 10ti. Akkasumas, afgaaffii barsiisotaa yammuu taa'an tartiibaan akka gadiitti kan ibsaman.

#### 3.4.1. Sakatta'a Kitaaba Baratаа Kutaa 9fi 10

Maddi meeshaalee funaansa ragaalee kan jalqabaa qorannoo kana galmaan ga'uuf filatame sakatta'a KB kutaa 9fi 10ti. Kitaaba kana keessattis boqonnaaleen qabiyyee garee jechoota AO keessatti dhiyaatan: kan kutaa 9ffaa boqonnaa 4, 5, 7, 8, 9fi 10, dabalataan KB kutaa 10 boqonnaa 4, 6, 7, 8, 9fi 11 adda ba'aanii sakatta'amaniiru. Kunis, irra caalaa kan irratti xiyyeeffatu, faayidaaniifi akaakuun garee jechoota Afaan Oromoo kitaabicha keessatti haala akkamiin dhiyaatee akka jiru adda baasuufi ibsa dabalataa kennuun, akaakuun garee jechootaa ulaagaa kamiin qoodamanii akka jiran sakatta'uu, akkasumas, kitaabilee kanneen keessatti mata duree garee jechootaa jedhu kennuun, garee jechootaa gooroofi gooreetti qooduun fakkeenya gahaa waliin dhiyeessee akka barattootaaf ifa ta'uu danda'utti kaa'uu isaa adda baasuu; hanqinaalee jiran sakatta'uun garee jechoota AO kitaabilee kanneen keessatti haala akkamiin dhiyaachuu akka qabu ibsuudhaan. Walumaagalatti, garee jechoota Afaan Oromoo KB keessa jiran maal akka fakkaataniifi akkamitti akka dhiyaatan kan keessatti sakatta'amaniidha.

#### 3.4.2. Sakatta'a Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 9fi 10

Maddi odeeffannoo kan lammaffaa qorannoo kana galmaan niga'a jedhamee filatame sakatta'a QB kutaa 9fi 10 yoo ta'u; kunis, kan irratti xiyyeeffatu gareen jechoota AO KB keessatti dhiyaatanii jiran QB keessatti akkamiin dhiyaatanii akka jiran kan adda baasuudha. Kunis, garaagarummaa KBfi QB gidduu jiru sakatta'ee ibsuu irratti xiyyeeffata. Kana jechuun ibsaafi fakkeenyi KB keessatti kennamee jiruufi deebii yookaan ibsi QB irratti

kennamee jiru garaagarumma qabaachuufi dhabuu isaa adda baasa. Kanaaf, qorataan ragaalee kana lamaan afgaaffii barsiisotaaf dhiyaateen walbira qabuun xiinxalee dhiyeesseera.

### 3.4.3. Sakatta'a Silabasii Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9fi 10

Qoratichi mata duree filate irratti qorannoo kan geggeesse, SBAO kutaa 9fi 10nis sakatta'eera. Silabasichi Kitaabilee barnootaa bara 2005, haara'anii qophaa'an waliin kan qophaa'ee dhiyaateedha. As keessatti, SBAO qabiyyee garee jechootaa, kaayyoo, qabiyyee, raawwiifi mala baruufi barsiisuun akkamitti akka kaa'ee adda baasuun kan sakattaa'amee ibsame.

### 3.4.4. Afgaaffii Barsiisotaa

Qorannoo kana geggeessuuf qorataan gaaffilee banamoo ka'umsaafi kaayyoo qorannichaan walqabatan baay'inni isaanii 8 ta'aan qopheessuun barsiisotaa fiamaniif afaaniin kan dhiyeesse. Sababa gaaffileen kunneen barsiisotaaf qophaa'anii dhiyaataniif yaada qorataan KBfi QB irraa argate cimsuuf; akkasumas, kan qorataan kitaabicha keessaa sakatta'ee bira hinga'iin hafe dabaluuf gargaara jedhameeti. Afgaaffiin kunis, odeeffannoo KBfi QB irraa argame duukaa xiinxaluun ibsamaniiru.

## 3.5. Malleen Qaaccessa Ragaalee

Akkuma armaan olitti ibsame qorannoon kun qorannoo akkamtaadha. Dastaa (2013:29), Odeeffannoon qorannoo akkamtaatiin funaanamu mala ibsaatiin akka dhiyaatu ibsee jira. Odeeffannoon argames ragaan deggeramanii ibsuun barbaachisaa akka ta'es ni ibsa. Meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman qaaccessa SBAO, KBfi QB kutaa 9fi 10 kan biraan ammoo afgaaffii barsiisotaati. Odeeffannoo argaman kanneen kaayyoo qorannichaa bu'uura godhachuun, haala walitti dhufeenya qabaniin walitti fiduun ragaalee argaman bifa barreeffamaatiin qindaa'anii kan dhiyaatan. Kunis, duraa duubummaa qabiyyee, unka, tajaajila, bakka galumsaafi faayidaa garee jechoota Afaan Oromoo qaban sakatta'uun kan xiinxalaman. Haaluma kanaan ibsaafi hiikni bal'inaan itti kennamee barreeffamaan qindaa'ee yaada hayyootaan deggeramee boqonnaa itti aanu keessatti kan dhiyaatu.

# BOQONNAA AFUR: QAACCEESSAAFI IBSA RAGAA

Mata duree qorannichaa haala dhiyaannaa Akaakuu garee jechaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 irratti, meeshaalee qorannoo kana milkeessuuf filatamanitti gargaaramuun sakattaa'an dokumentii kan sassaabaman qaacceeffamanii xiyyeeffannaan dhiyaatanii jiru. Kan biroon, odeeffannoo afgaaffiin barsiisotaaf dhuunfaan dhiyaatan yaada isaan kennan waliin qindaa'uun kaa'amee jira. Qaacceessa kana jalatti, kitaaba qajeelcha barsiisaa hin dhiyaanne. Sababiinsaa, kitaaba barataarraa addatti waan kaa'e waan hin qabneefidha. Silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanneen jedhaman meeshaalee sirna barnootaati. Haaluma kanaan, boqonnaafi fuula qabiyyee KBAO Kutaa 9fi 10, akkasumas, QB 9fi 10 gabatee gaditti jiru keessatti kaa'amaniiru.

## Gabatee 1

| | **Boqonnaa** | **Fuula Qabiyyee** |
|---|---|---|
| **KBAO Kutaa 9** | 18 | 173 |
| **KBAO Kutaa 10** | 18 | 171 |
| **QB Kutaa 9** | 18 | 117 |
| **QB Kutaa 10** | 18 | 113 |

Akkuma gabatee 1 irraa hubachuun dandaa'amutti, Kitaabni barataa, qajeelchi barsiisaafi kutaa 9fi 10, bara 2005/2012tti Federaala Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaatiin Maxxansi jalqabaa deggersa baajetaa biyya alaatiin qophaa'anii kan dhiyaatan. Haaluma kanaan, KBAO kutaa 9, boqonnaa 18fi fuula qabiyyeen irra jiru 173 qaba. Akkasumas, qajeelchi barsiisaa kutaa 9, boqonnaa 18fi fuula qabiyyeewwan irratti ibsaman, 117 kan qabu. Kan biraan KBAO kutaa 10, boqonnaa 18fi fuula qabiyyeen irra jiru, 171 qaba. QBBAO ammo, boqonnaa 18fi fuula qabiyyeen irra jiru 113 ofkeessaa qaba.

### 4.1. Qaacceessa Odeeffannoowwan Sakatta'a Dookumentiin Argaman

Jechoonni Afaan Oromoo haala caasluga ammayyaatiin bakka gurguddaa shan: maqaa, xumura, maqibsa, durduubeefi xumibsatti akka qoodaman beektonni irra hedduun nihimu (Geetaachoo, 2016: 93; Mirreessaa 2014: 58; Baye 1986: 47). Kanarraa kan hubannu, yaadni hayyootaa dhimma gareewwan jechoota AO irratti kennan, qoodiinsa isaaniitiif irra caalaa walfakkaataadha. Qoratichis yaaduma kana bu'uura taasifachuun gareewwn jechoota Afaan Oromoo KBAO keessatti, haala kamiin akka dhiyaatan xiinxalee jira. Qaacceessa kana keessattis, boqonnaalee kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 akkaataa gareen jechootaa itti dhiyaatanii jiraniifi dhiyaachuu qabantu dhiyaatee jira. Innis, akka armaan gadiitti bal'inaan kan ibsamu.

#### 4.1.1. Qaacceessa Akaakuu Garee Jechootaa KBAO Kutaa 9

Qaacceessa kana keessatti, boqannaalee kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 akkaataa dhiyaannaa gareen jechoota afaan oromoo itti dhiyaatanii jiraniifi dhiyaachuu qabantu ifa ta'ee jira. Innis, boqonnaalee, barannoofi fuula irratti argamaniin sakattaa'aamanii gabateen dhiyaachuun kan xiinxalaman.

**Gabatee 2 Xiinxala akaakuu dhihaannaa garee jechoota KBAO kutaa 9**

| | **Kitaaba Barataa Kutaa 9ffaa Keessatti Qabiyyee Garee Jechootaa Dhiyaatan** | | |
|---|---|---|---|
| Qabiyyee garee jechootaa dhiyaatan | Boqonnaa | Gilgaala | Fuula |
| Shaakala gilgaalaa akaakuu gaalee | 4 | | 37-38 |
| Maqaafi gosoota isaa | 4 | Gilgaala 5 | 39 |
| Shaakala maqaalee | | | 39 |
| Maqaa akka maqibsaatti | 5: | Gilgaala 4B | 49-50 |
| Shaakala maqaa akka maqibsaa | | | 50 |
| Maqibsaafi gosoota isaa | 7 | | 71-72 |
| Shaakala maqibsaafi gosoota isaa | 7 | ,Gilgaala 5 | 7 |
| Bamaqaafi Hennaa darbeennaa | 8,barannoo2; | | 81 |
| Shaakala gochimaa | 9,barannoo:4 | Gilgaala 9A | 89 |

| | | | |
|---|---|---|---|
| Gochima | 9,Yaadannoo | | 90 |
| Shaakala gochimaa | 9, | gilgaala 10 | 90 |
| Shaakala firoomsee | 10,barannoo 4: | gilgaala 6A | 101-102 |
| Maalummaafi tajaajila durduubee | 10 yaadannoo, | | 102-103 |
| Gochibsiifi gosoota isaa | 10 | | 103-104 |
| Shaakala gochibsaa | 10 | gilgaala 7A-D | 104-105 |

Gabatee olitti dhiyaatee jiru irraa hubachuun akka danda'amutti, KB kutaa 9ffaa boqonnaa 4 fuula 37-38 irratti yaadannoo gabaabaa gosoota gaalee irratti xiyyeeffatetu dhiyaatee jira. Gosoota gaalee ibsee dhiyeessuun isaa gaariidha. Haata'u malee, utuu maalummaa garee jechootaafi akkaataa qooddii isaanii fakkeenya kennuun ibsee gaarii ta'a. Sababni isaa garee jechootaa ibsuun, gosoota gaalee ibsuu yoo durse caalaatti barattootaaf ifa ta'a. Kunis, gaaleen AO akka Addunyaan 2012, ባዬ (2000) waabeeffachuun ibsetti, akaakuufi baay'inni gaalee akaakuufi baay'ina garee jechootaa bu'uurfata jechuun kan kaa'e. Hanqinni dhiyaannaa kana keessatti mul'atu, dhiyaannaa duraa duuba qabiyyeeti jechuun nidandaa'ama. Birraatuu(2010:9). Mc.Donugh and Show, (1993). Waabeeffachuun akkasitti kaa'ee ture, "Qindoominni qabiyyee kitaabilee barnootaa daran barbaachisaadha. Sababoonni qindoomina barbaachiseefis, qabiyyeewan meeshaalee barnootaa kanneen keessatti dhiyaatan hammam qindoominaafi walqabatiinsa akka qabaniifi kanneen akka dandeettiwwan afaanii, seerlugaafi hiika jechoota kitaabicha keessatti qindoominaan argamuusaanii, akkasumas gaaffileen kitaabicha Keessaa bahan ulfaatoo ta'uu isaanii, dubbisichi kitaaba keessaa ulfaatuusaa, fakkiiwwan kitaabicha keessatti dhiyaatan ammam aadaa hawaasa naannoo waliin deemuu isaaniifi qabiyyeewwan gilgaalota kitaabicha keessaa walta'anii qidoominan argamuu isaanii xiinxalanii bira gahuun rakkoo mul'ate eeruuf, waan nama dandeesisuufidha Kana jechuun, goosota gaalee ibsuun dura akaakuu garee jechootaa ibsuun yoo dhiyeesse caalaatti barattootaaf ifa kan ta'u. Yaada kanarraa kan hubannu, qabiyyee caasaa afaan tokkoo dhiyeessuun dura kamtu dura yoo dhiyaate gaariidha; kanjedhuufi akkaataa barsiisuufis ta'e barachuuf hawwataa ta'uu danda'utti dhiyaachuun gaarii akka ta'e hubanna.

Haaluma kanaan, KBAO kutaa 9ffaa Boqonnaa 4 (fuula,39) irratti garee jechaa maqaafi gosoota isaa qabiyyee jedhutu dhiyaate. Kunis, yaadannoo gabaabaa maalummaa maqaafi

gosoota maqaa kan jedhu fakkeenya muraasa waliin. Maalummaa maqaafi gosoota isaa fakkeenyaan deggeree dhiyeessuun gaariidha. Garuu akkaataa hubatamuu danda’uun, gareen maqaa ulaagaa maaliin akka ibsamuu danda’u waliin yoo dhiyaate caalaatti barattootaaf ifa ta’uu kan danda’u. Akkasumas,uumama jechoota garee maqaa fakkeenya kennuun tajaajila inni kennu waliin KBAO boqonnaa kana jalatti waan kaa’e hin qabu.

Akkuma boqonnaa lama keessatti, yaada hayyootaan ibsamee jiru; gareewwan jechootaa ulaagaa ittiin qoodaman qabu. Haaluma kanaan, gareen maqaa ulaagaa hiikaan, ittiin waamama yookiin moggaasa waan tokko kan bakka bu’uudha. Gareen maqaa ulaagaa xiinjechaan gareen jechaa kun dhamjecha akkamii dabalatee faayidaa seerlugaa akkamii akka ibsu ilaallata (Addunyaa, 2011).

KBAO kutaa 9, boqonnaa 7:( fuula 71) irratti, maqibsaafi gosoota isaa, yaadannoo jedhutu gabaabinaan kan dhiyaate. Kunis, Maqibsiin maqaa ykn bamaqaa ibsa. Kana jechuun waa’ee maqaa ykn bamaqaarratti odeeffannoo dabalataa kenna jechuudha. Maqaan ykn bamaqaan kan akkamii, qeeqa, maaliif wkf akka ta’e ibsa.

Akkuma boqonnaa lama keessatti ibsamee jiru, gareen maqibsii ulaagaalee jechoonni ittiin gareetti qoodamaniin kaa’amee jira. Haaluma kanaan, Geetaachoo, ( 2014). Garee ibsa maqaa ulaagaa garaa garaa sadiin ilaaluu dandeenya. Isaanis: Ulaagaa xiinhiikaa, ulaagaa xiinhimaafi xiinjechaatiin kan ilaalamuudha. Ulaagaa xiinkhiikaan maqaatti aanee galuun maqicha ibsa. Ulaagaa xiinjechaa dhamjecha garaagaraa ofitti dabaluun faayidaa garaagaraa kan agarsiisuudha. Akkasumas, ulaagaa xiinhimaan hima keessatti bakka qubannaa isaaniin eessa akka ta’aan kan mul’isuudha

Fakkeenya:

Nama diimaa arge.
⇩
Ibsa maqaati

Fkn. Oromiyaan badhaatuudha. Ishiin bal’oodhas. Kitaaba kana keessatti ibsiifi qoodinsi garee maqibsii kun maalirratti akka ta’e ibsamuun dhiyaachuu dhabuun hanqina isaati. Kitaaba kana boqonnaa 7 fuula 72 irratti gosoota maqibsaa kan dhiyaatee jiru. Gabaabinaan

akka hin ballannetti dhiyaachuun isaa gaarii yoo ta’eyyuu, gosootni maqibsaa kunneen maal akka ta’aaniifi tajaajila isaan himeen keessatti qaban hin ibsamne.

KB kana boqonnaa 7 gilgaala 5 fuula 73 irratti kan dhiyaate jiru shaakala maqibsaafi gosoota isaa akka barattoonni shaakalaniif kan dhiyaatee jiru. Kunis, akka gadiitti kan jiru.

Himoota armaan gadii keessatti maqibsoota jala sararuun gosa isaanii himi.

1. Qonnaan-bultoonni baayyeen sooroman.
2. Namni gowwaan bona dhadhaa, ganna ammoo ashaboo daldala.
3. Dargaggoonni hedduun bareedina ishii nidinqisiifatu.
4. Daldaltichi qarshii dhibba buufate.
5. Toleeraan fayyaa isaa sirriitti eeggata.
6. Ijji Dureettii qorsa fakkaata.
7. Sangaan Harargee faaran gabbata.
8. Intalli diimtuun sun hiriyaa tiyya.

Shaakalli gilgaalaa kun maqibsoota akka jala sararanii gosa isaanii akka himaniif kan dhiyaateef. Akkaataa kanaan dhiyaachuun gaariidha. Dabalataan, jechoota maqibsa ta’aanitti hima ijaaruun akka shaakalan gaaffiilee qopheessuun dhiyeessuun barbaachisaa ta’a.

KBAO kutaa 9 boqonnaa:8 (fuula-81) irratti yaadannoo gabaabaa qabiyyee bamaqaa walqabatu dhiyaatee kan jiru. Innis:

Bamaqaa jechuun jecha iddoo maqaa bu’uun tajaajilu jechuudha. Barreeffama keessatti maqaa tokko irra deddeebi’uun yoo fayyadamne nama nuffsiisuu danda’a. Nuffi akkasii hambisuuf maqaa yeroo tokko yoo caqasne sanaan booda bamaqaatti fayyadamuu dandeenya.

Fkn. Intalli magaalli sun obboleettii tiyya. Ishiin barattuu kutaa kurnnaffaati. Jechi **ishiin** jedhu, bamaqaa yoo ta’u gaalee maqaa intalli magaalli jedhu bakka bu’a.

Barannoo kana jalatti, haala kanaan gabaabinaan waa’ee bamaqaa dhiyeessuun isaa gaarii ta’ullee, hanqinni dhiyaannaa kana irratti mul’atu, hubannoo bamaqaa gahaa ta’e argachuuf

barattootaaf gahaa hin ta'u. Bamaqaan gosa adda addaa waan qabuuf, kana duukaa ibsa dabalataa waliin fakkeenyaan deggeramee yoo kan dhiyaatu ta'e caalaatti gaariidha.

KBAO boqonnaa 9, gilgaala 9 (fuula 89). Barannoo 4: shaakala gochimaa kan jedhutu dhiyaate. Akka armaan gadiitti haa ilaallu.

A. Himoota armaan gadii keessaa gochima addaan baasii barreessi.

1. Mucaan kun baayyee daddafee barreessa.
2. Tolasaatti bokkaan roobe.
3. Nuti deemaa jirra.
4. Caalaan kaleessa deeme.
5. Maatii keessan yeroo hunda gargaaraa.
6. Inni kubbaa taphachaa jira.
7. Kaleessa maaliif hafte?
8. Eessa deemaa jirta?
9. Jabaannee haabarannu.
10. Bor wajjiniin deemna.

Shaakalli gigaalaa dhiyaate barattootni akka shaakalan gochuun gaariidha. Dhiyaannaa shaakala gochimaa kana keessatti, maalummaa gochimaa tajaajila hima keessatti qaban ibsuun jechoota gochimaa akka tarreessan gochuu irratti yoo xiyyeeffate caalaatti ifa ta'uu danda'a.

Shaakala gochimaa gilgaala 9 keessatti erga dhiyeesseen booda fuula ;90 irratti yaadannoo maalummaa gochimaa irratti kennee kan  jiru. Yaadannoo dhiyaates, akka armaan gadiitti jira.

Yaadannoo

Gochimni hojiii hojjetame tokko yookaan gocha raawwatame tokko kan agarsiisu. Gochimni mathima qeenxee waliin galuuf mathima danuu waliin galu tokko miti. Gochimni mathima danuu waliin galu dhamjecha ' –an' yookaan 'ne' maxxanfachuun walta'iinsa mathimaaf gochimaa agarsiisa. Matima qeenxeef gochima isaa: Fkn: Ani **dhufe**.

Isheen **dhufte**.

Inni **dhufe**.

Matima danuuf gochima isaa:

Fkn:Nuti**dhufne**.

Isin **dhuftan**.

Isaan **dhufan**.

Hundeen gochima fakkeenya armaan olitti kennamanii ‘dhuf’ kana jedhu. Dhamjechi ‘e’ ennaa darbe agarsiisa. Dhamjechi ‘t’ ramaddii lammaffaa agarsiisa.

Kana malees, ramaddii 3ffaa saala dubaraa agarsiisa. Dhamjechi ‘an’ danooma ramaddii lammaffaaf sadaffaa yoo agarsiisu, dhamjechi ‘ne’ ammoo danooma ramaddii tokkoffaa agarsiisa. Dhiyaannaa akaakuu garee jechaa yaadannoo kana keessatti, gabaabinaan dhiyaachuun isaa sadarkaa barattootaa kanneen walbira yoo qabamu fooyyaa’adha. Dhiyaannaa kana keessatti hanqinni mul’atu yaadni gaaffii namatti kaasu jiraachuu mala. Kunis, matimni qeenteefi danuun maali kan jedhu barattootatti gaaffii nikaasa. Kanaaf, maalummaa matima qeenxeefi danuu ibsuun dhiyeessuun gaarii taa. KBAO boqonnaa 9 fuula 90 gilgaala 10, shaakala gochimaa dabalataan dhiyeessee kan jiru. Kunis, akka gadiitti dhiyaatee jira.

Gochima hundee kanaan gadiirrattti mathima qeenxeef mathima danuu fayyadamuun hima ijaari.

1. deem 4. ajjees 2. Nyaat 5. Reeb 3. Bit

Dhiyaannaan shaakala garee gochimaa gilgaala 10irrati laatame, barattootni shaakaluu haala isaan dandaa’aniin kan dhiyaate.

KBAO boqonnaa 10, barannoo 4Firoomsee/durduubee :gilgaala 6(fuula:101). shaakala garee firoomseetu dhiyaate. Haala armaan gadiin kan dhiyaate.

A. Himoota kanaan gadii keessaa froomsee addaan baasii barreessi.

Fkn: 1. Tolaan anaaf isa gidduu taa’e.

2. Mucaan keessan akka na bira hindhufne maaliif dhorkitan?

3. Caaltuuf kitaaba ergisuun barbaade.

Himoota armaan olii kessatti, ‘giddu’, ‘bira’ f ‘-fn’ froomse jedhamu.

Haaluma kanaan, froomsitoota himoota kanaan gadii keessatti argaman addaan baasii barreessi.

1. Barsiisaan waa’ee maatii keenyaa nugaafate.

2. Qalama kee teessoo jala barbaadi.

3. Jaldeessi tulluu gubbaa taa’uu jaallata.

4. Qarshichi saanduqa keessa jira.

5. Ana malee namni beeku hinjiru hinjedhiin.
6. Isiniif maal gochuutu nurraa eegama?
7. Mucaa kootiif wayaan bituu barbaade.
8. Inni obboleessa isaa wajjiin deemuu jaallata.

B. Firoomsitoota kanaa gaditti dhiyaatan keessaa flachuun keeyyanni kenname hiika ga'aa akka qabaatu godhi.

Waa'ee wajjiin -f Iddoo malee Irraa -itti dura Gara

Barnoonni jireenya ilmaan namaa keessatti __1_guddaa qaba. Barnoota __2__ guddina biyya tokkoo galmaan ga'uun baayyee rakkisaadha. Barumsa _3__ ilmaan namaa, akkam godhee rakkoo isaa__4_ furmaata akka argatu hubata. __5__barnootaa yeroo yaadnu yeroo heddu barattoonni sammuu keenyatti dhufu. Barattoonni qaama uummataa keessaa warreen barnoota idilee irratti bobba'ani jiran. Barattoonni garee uummata biroo 6 ta'uun guddina barnnoota biyya isaanii cimsuu keessatti iddoo guddaa qabu.

**Yaadannoo**

Firomseen jecha maqaa yookiin ba-maqaa dura ykn booda galuun tajaajila adda addaa kenna. Seerluga keessatti, fromseen koorniyaaf, baayyinaaf ramaddiin bifa isaanii kan hinjijjiirre ta'anii argamu.

Fkn.

gara malee keessa wajjin dura iddoo cinaa

gubbaa gidduu jala Irra bira waa'ee

Fkn.Firoomseen muraasni isaanii ofdanda'ani hiika kan qaban yeroo ta'an, irra caalaan ammoo ofdanda'anii hiika waan hinqabaanneef maxxantoota ta'anii galu.

**Gabatee 3: Akaakuu Firoomsee**

| Kanneen Ofdanda'aan | Kanneen maxxananii galan |
|---|---|
| akka | -dhaan |
| waa'ee | -tiin |
| erga | -iif |
| Duuba | -tiif |
| Booda | -tti |
| | -irra/irra |
| | Ni |
| | -f |
| | -dhaaf |

Shaakala gilgaala olii kana keessatti akkaataa gabaabaa ta'een durdeebee shaakalsiisuun dhiyeessuun isaa gaarriidha.

Erga shaakala taasisanii booda immoo hanga tokko maalummaa durduubeefi gosa isaa irratti immoo odeeffannoon dabalataa kennamuun dhiyaannaa gaariidha.
Hanqinni dhiyaannaa kana keessatti mul'atu, tajaajila isaafi durduubeeni ulaagaa ittiin qoodamu ibsuu dhabuudha.

KBAO kutaa 9 Boqonnaa 10 Barannoo 5 (fuula 103) Yaadannoo Gochibsaafi Gosoota isaa, kan jedhutu dhiyaatee jira. Dhiyaannaa garee kanaa akkaataa armaan gadiin xiinxalamaniiru.

Gochibsaafi Gosoota Isaa:

Gochibsi hima keessatti gocha ibsuuf tajaajila. Haaluma kanaan, gosoota gochibsaa hedduutu argamu. Kanneen keessa: gochibsa akkaataa, gochibsa yeroo, gochibsa bakka, gochibsa irra deddeebii, gochibsa gaaffi, gochibsa sadarkaaf gochibsa froomsituu gosoota gochibsaa warreen gurguddoo ta'uun nicaqasamu.

**Fkn.**

- Caalaan **saffsaan** deema.
- Isheen **amma** dufte.
- Kitaaba kee **achi** ka'i.
- **Guyya guyyaan** qo'achuutu isin irraa eegama.
- Caaltuun **tokkooffaa** ta'uun figicha xumurte.
- Barattoonni walgaa'ii gandaarratti **baayyinaa** argamani.
- 7. Ani **maaliif** akkan waamame naaf hingalle?

Jechoonni 'saffsaan', 'amma', 'achi', 'guyya guyyaan', 'tokkoffaan', 'baayyinaa'f 'maaliif' gochibsa ta'uun himmota galan keessatti bakka qabatanii jiru. Faayidaan jaraa akkuma gosa jaraa gara gara. Fakkeenyaaf hima isa jalaqaa keessatti gochibsi 'saffisaan' jedhu, Caalaan haala kamiin akka adeeme agarsiisa. Kanaafu gochibsi kun 'akkaataa' jalatti ramadama.

Akkaataan dhiyaannaa garee gochibsii yaadannoo waliin fakkeenyaan deggeree dhiyeessuun isaa gaariidha. KB kana keessatti wanti dagatame, yoo fooyya'e gaarii kan ta'u qoodinsa gochibsii irratti ulaagaan ittiin qoodame ibsamuun gaariidha.

KBAO kutaa 9 boqonnaa 10:Gilgaala 7: Shaakala Gochibsaa,( fuula, 104-105) irratti baratttootni akka shaakalaniif dhiyeessee kan jiru.

A. Fakkeenya armaan olitti kennamerratti hundaa'uun, gochibsaa himoota kanaan gadii keessatti aragamanu addaan baasuun dabtara keerratti barreessi. Gochibsaa kam akka ta'es agarsiisi.

- Abdiin carraa argate gammachuun fudhate.
- Inni hojii suutaan hojjechuu flata.
- Dabtara keessan bakka kana ka'aadha deemaa.
- Barsiisaan keenya bor walga'ii nuwaamaniiru.
- Isheen gargaarsa hiryootan mana ijaarratte.
- Abbaan isaa darbanii darbanii mana barumsaa keenya dhufu.
- Battallee Afaan Oromoo yoom akka qabnu barsiisaan keenya nutti hinhimne.
- Obbo Caalaan lafa ballinaan qotan.

B. Keeyyata kanaan gaditti dhiyaate keessaa gochibsa addan baasuun barressi. Itti aansuun gareen irratti mari'aadhaa.

Tolaan baratаa kutaa sagaliiti. Barnoota isaatiin cimaa, amala isaatiin ammo gaarii waan ta'eef, barattootaaf barsiisota biratti baayyee jaallatamaadha. Hojii manaa barsiisaan isaa kennaniif atattamaan hojjeta. Osoo hinhojjetiin mana barumsaa deemee hinbeeku. Gorsaaf qajeelfama barsiistonni isaa kennaniif gamachuuf kabajaan fudhata. Kun ammoo, guyyaa guyyaan jijjiirama barnoota isaarratti akka mullisuuf gargaareeran.

C. Mataduree barbaadde flachuun keeyyata mataa keetii tokko qopheessi. Keeyyatta barreessite keessatti ibsoota gochimaa argamanu jala sarari.

D. Gochibsoota kanaan gadiirratti himoota mataa keetii ijaari.

1. dafee dafee 6. Yoo 2. baayyee 7. Suuta 3. eessa 8. har'a 4. garmalee 9. gara-laafnaan 5. sirriitti 10. Jarjaraan

Shaakalli gochimaa gilgaala olii keessatti dhiyaatee jiru, haala gaarii ta'een barattootni akka jechoota garee gochibsii ta'aan irratti shaakala geggeessan carraa ni kenna.

### 4.1.2. Haala Xiinxala Dhiyaannaa Garee Jechootaa Silabasii Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9

Silabasiin BAO qabiyyee garee jechootaa haala gabatee armaan gadiin kaa'ee kan jiru.

**Gabatee 4: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 4 Kutaa 9**

| Kaayyoo | Qabiyyee | Gochaa Raawwatamuu | Raawwii Mala baruu fi barsiisuu fi Meeshaalee barnoota |
|---|---|---|---|
| Gaalee fi gosoota gaalee addaan baasanii barreessu<br><br>Maqaa fi gosoota isaa addaan baasanii barreessuu | Caaslugaa | Gaalee fi gosoota gaalee addaan baasanii barreessuu<br><br>Maqaa fi gosoota isaa barreessuu | Gaalee fi gosoota gaalee addaan baasanii akka barreessuu gochuu<br><br>Maqaa fi gosoota maqaa addaan baasanii akka barreessuu taasisuu |

Gabatee olii keessatti, Silabasiin BAO kutaa 9 akkaataa itti qabiyyee garee jechootaa itti dhiyeessee jiruudha kan agarsiisu. Kunis, boqonnaa 4 keessatti, kaayyoo gooroofi gooree, qabiyyee, gocha raawwatamuufi mala baruufi barsiisuu qabiyyichi ittiin dhiyaatu, waliin kan kaa'ee jiru. Silabasii dhiyaate kun hanqinni qabu, qabiyyee garee jechaa kana dhiyeessuurratti, adeemsa salphaarraa gara cimaatti yaadnirimee, boqonnaa lama keessatti ka'ee jiru hinhordofne. Kunis, qabiyyee gaaleefi gosoota gaalee dhiyeessuun dura, garee jechaa kanta'e maqaafi gosoota isaa kan jedhu dursuu qaba ture. Kanarraa kan hubannu, hanqina duraa duuba qabiyyee qaba jechuudha. Fooyya'ee yoo dhiyaate gaarii ta'a jechuudha.

**Gabatee 5: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 5 Kutaa 9**

| **Kaayyoo Gooree** | **Qabiyyee** | **Gochaa Raawwatamuu** | **Raawwii mala baruu fi barsiisuu fi Meeshaalee gargaarsaa** |
|---|---|---|---|
| Maqaa akka ibsa maqaatti ibsu | Caaslugaa | Maqaa akka ibsa maqaatti hima keessa baasuun barreessanii agarsiisuu | Maqaa akka ibsa maqaatti akka tajaajiiluu beeksiisuu |

Silabasiin BAO kutaa 9, akkuma gabatee olii kana keessatti arginu, boqonnaa 5 keessatti caasluga jalatti, qabiyyee maqaa akka maqibsaatti jedhu dhiyeessee kan jiru. Silabasii boqonnaa kanaa keessatti wanti xiinxalamu, boqonnaa 4 keessatti qabiyyee garee jechaa erga dhiyeessee, qabiyyee maqibsaatti jedhu kana boqonnaa ittii aanutti dabarsuun hinturre. Kunis, yaadnirimeen qabiyyichaa waantokko ta’eef, boqonnaa afur keessatti dhiyaachuu kan qabu. Qabiyyichi walitti fufiinsa akka qabaatuuf, facaa’a akka hintaaneef, qabiyyee yaadrimee walfakkaataa qaban walduukaa dhiyeessuutu gaarii ta’a.

**Gabatee 6: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 7 Kutaa 9**

| Kaayyoo Gooree | Qabiyyee | Gochaa Raawwatam | Raawwii mala baruu fi barsiisuu fi Meeshaalee gargaarsaa |
|---|---|---|---|
| Ibsa maqaa fi gosoota isaa addaan baasanii barreessuu | Caaslugaa | Faayidaa ibsaa maqaa fi gosoota isaa addaan baasanii barreessuu | Maqaa fi ibsa maqaa addaan baasanii akka barreessan taasisuu |

Gabatee olii kana keessatti, SBAO kun boqonnaa 7 keessatti garee ibsa maqaafi gosoota isaa kan jedhu dhiyeessee kan jiru. Akkaataa dhiyaannaa kanarraa wanti xiinxallu, irra deddeebiin qabiyyee barataa nuffisiisuu danda’u dhiyaatee jira. Fakkeenyaaf, boqonnaa 4 keessatti maqaafi gosoota isaa kan jedhu dhiyaatee jira, akkasumas boqonnaa shan keessatti maqaa akka maqibsaa kan jedhu dhiyaatee kan jiru, boqonnaa kana keessatti immoo ibsamaqaafi gosoota isaa jechuun kan dhiyeesse. Asirratti qabiyyicha haaraadha, garuu

yaadnirimeen qabiyyeewwan kanneenii tokko waanta’eef, barsiisaan qabiyyee kana yeroo barsiisu, gareewwan olitti dhiyaatan kaasuun isaa waanhinhafne. Akka yaada furmaataatti qabiyyeewwan kanneen walitti aansuun duraa duubaan dhiyeessutu gaariidha.

**Gabatee 7: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 8 Kutaa 9**

| Kaayyoo Gooree | Qabiyyee | Gochaa Raawwatamuu | Raawwii mala baruu fi barsiisuu fi Meeshaalee gargaarsaa |
|---|---|---|---|
| Bamaqaa fi gosoota isaa addaan baasanii barreessu | Caaslugaa | Bamaqaa fi gosoota isaa addaan baasii barreessuu | Bamaqaa fi gosoota isaa addan baasanii akka barreessan taasisuu |

Gabatee olii keessatti, garee jechaa dhiyaatee jiru, akkaataa hayyoota xinqooqa ammayyaatiin garee maqaa jala kan ilaalamu, bamaqaa/maqdhaala kan jennudha. Akaakuun jechaa kun akaakuu gooroo jechootaa jalaa, garee maseenaa jalatti ramadama. Haata’umalee, akkaataa dhiyaachuutuun qabiyyeen kun iddoo malee dhufee jira. Kunis, garee jecha maqaa waliin walitti aanaa yoo dhiyaate gaarii kan ta’u.

**Gabatee 8: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 9 Kutaa 9**

| **Kaayyoo Gooree** | **Qabiyyee** | **Gochaa Raawwatamuu** | **Mala baruu fi barsiisuu fi Meeshaalee gargaarsaa** |
|---|---|---|---|
| Faayidaa gochimaa ibsu | Caaslugaa | Gochimaa dubbisa keessaa baasanii barreessuu fi himaa itti ijaaruu | Faayidaa gochimaa maal akka ta’ee himaan barreessan akka agarsiisan taasisuu |

Gabateewwan SBAO boqonnaa 7, irraa ka’aanii jiran haga boqonnaa 9 olii kanaatti, akkaataan dhiyaannaa qabiyyee garee jechaa walitti fufiinsa qabiyyee gaarii kan qaban. Akka hanqinaatti, dhiyaannaa kana keessatti wanti mul’atu, duraa duuba caasaatiin kamtu dursa? Yoo kam dura dhufe, sirriitti barattootaaf ifa ta’uu danda’a kan jedhuudha.Caasaa keessoo AO yoo hordofne, kana jechuun caasaa matima, antimaafi gochima kan jedhu jechuudha.

Haala kanaan, bakka qubannaa garee jechoota AO hima keessatti qaban xiyyeeffannoo keessa hingalchine jecchuudha, silabasiin kun. Caasaa keessoo (deep structure) kan jennuun yoo ilaalle, maqaa, maqibsa, durduubee, gochibsafi gochima jechuun duraa duuba kanaan dhiyaachaa yoo dhufe gaariidha. Bakka kanatti, yeroo ibsuu akkaataa kanaan yoo duraa duubaan dhiyaatan gaariidha jenne malee, qubannaa himaa keessatti, akkaataa hiika kennuu danda'aaniin gareen jechootaa, dura, gidduufi boodarra kanneen dhufanii tajaajilan nijiru. Kanarraa kan hubannu, caasaa irraanaan himeen qindaa'anii hiika kennuun ergaa ittiin dabarfannu waanjiraniif, dirqama duraaduuba kana eeguu qabu kan jennu hinqabnu.

**Gabatee 9:Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa10 Kutaa 9**

| Kaayyoo Gooree | Qabiyyee | Gochaa Raawwatamuu | Raawwii mala baruu fi barsiisuu fi Meeshaa gargaarsaa |
|---|---|---|---|
| Ibsa gochima fi gosoota isaa hima keessa galchanii akka barressuu<br><br>Maalummaa durduubee addaan baasanii barreessuu | Caaslugaa | Ibsa gochima fi gosoota isaa hima keessa galchanii barreessuu<br><br>Maalummaa durduubee addaan baasanii barreressuu | • Ibsa gochimaa fi gosoota isaa hima keessa galchanii akka barreessan gochuu<br>• Maalummaa durduubee baasanii akka barreessuu gochuu |

Gabatee olii kana keessatti hubachuun akka dandaa'amu, SBAO akaakuu garee jechootaa lama walfaana dhiyeessee kan jiru. Kunis, ibsa gochimaa kan jedhuufi garee durduudha. Akkaataa kanaan dhiyaachuun isaa gaarummaa qaba yaa'a qabiyyee kan jennu eegee kan jiru jechuudha. Bakka kanatti, akka hanqinaatti kan ilaalamu, gochibsaafi durduubeen haala ittiin isaan walduukaa deemaniin kaayyoofi qabiyyee keessatti ka'uu kan qabu.

### 4.1.3. Qaacceessa Akaakuu Garee Jechootaa KBAO Kutaa 10

Qaacceessa kana keessatti, boqannaalee kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10 akkaataa dhiyaannaa gareen jechoota afaan oromoo itti dhiyaatanii jiraniifi dhiyaachuu qabantu ifa

ta'ee jira. Innis, boqonnaalee, barannoofi fuula irratti argamaniin sakattaa'aamanii gabateen dhiyaachuun kan xiinxalaman.

**Gabatee 10: Xiinxala akaakuufi dhihaannaa garee jechoota KBAO kutaa 10**

| | **Kitaaba Barataa** | | |
|---|---|---|---|
| Akaakuu garee jechootaa | Boqonnaa | Gilgaala | Fuulaa |
| Shaakala akaakuu gaalee | 3 | | 36 |
| Bamaqaafi faayidaa isaa | 4 | | 44 |
| Shaakala maqaafi gosoota maqaa | 6 | | 63 |
| Shaakala maqaafi gosoota isaa | ----- | Gil. 4 | 63 |
| Maqaa akka ibsa maqaatti | 7 | ----- | 73 |
| Shaakala maqaa akka ibsa maqaatti | ----- | Gil.4 | 73 |
| Maqibsaafi gosoota isaa | 8 | ----- | ------ |
| Gochimaafi gosoota isaa | 8 | ----- | 83-84 |
| Akaakuu maqibsaafi gochimaa | Barannoo 2 | ----- | 83-84 |
| Maalummaa gochimaa | 8 | ---- | 84-85 |
| Shaakala maqibsaafi gochimaa | __ | Gil. 4 | ----- |
| Gochibsaafi gosoota isaa | 9 | ---- | 100 |
| Gil.9 shaakala gochibsaafi gosoota isaa | __ | ---- | ---- |
| Durduubee | 11 | ---- | 113 |
| fayyadama durduubee | ---- | Gil.4 | ---- |

Gabatee olii kana keessatti, kan hinibsamne jechoonni KBAO kutaa 10, boqonnaa tokko keessaa jechootni garee maqaa ta'aan akka gadiitti xiinxalamanii jiru. Maqaa jechuun ittiin waamama wantootaa, eddoowwanii, bineensotaa, meeshaaleefi k.k.f.ti.KBAO kana keessaa jechoonni garee maqaa taa'aan iddoo garaagaraa keessatti facaa'anii dhiyaatanii jiru. Fakkeenyyaaf, boqonnaa 1dubbisa, gilgaalaa fi.k.k.f. keessaa kan funaanaman akka gadiitti haa ilaallu.

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Afaan | aadaa | odaa | Gufuu | qullubbi | qalbii |
| Falaasama | fooxaa | obboleettii | Gadda | lama | kitaaba |
| Saba | ejeersa | Amantiifi | Finfinnee... | | |

Jechoonni muraasni armaan oliitti eeramaani boqonnaa 1ffaa keessaatti iddoo garaa garaatti kan ibsaman yoo ta'an gareewwan jechootaa keessaa garee maqaa gosa garaa garaa keessaatti qoodamu.

Fkn:

| maqaa dhuunfaa | maqaa gamtaa | maqaa dimshaashaa |
|---|---|---|
| -odaa | -obbooleettii | -saba |
| -Finfinnee | -qullibbii | |
| -ejeersa | - gufuu | |

Maqaa killayaa     maqaa meeshaa

amantii    afaan     Fooxaa

Aadaa    qalbii    kitaaba

falaasama

Jechootni kunneen KB keessatti haala kanaan hinjiran. Qoratichaan walitti funaanamuun akkasitti kan kaa'amaniidha. Jechoonni kunniin kan gilgaalota keessaa, kaan immoo dubbisa keessaa kan bahaaniidha. Hundi isaaniiyyuu bakka galma isaaniitti tajaajila mataa ofii ni kennu.

Jechoota kunneen hima keessa galchuun ilaaluun ni danda'ama.

fkn. Afaan **Afaan** meeshaa walquunnamtii ilma namaati.

Hima armman olii keessaatti jechi afaan jedhu maqaadha. Garuu, hima kana keessaatti akka mathimaatti tajaajile. Maqaan akka ibsa maqaattis tajaajiluu ni danda'a. Haata'u malee, KBAO kutaa 10ffaa kun bifa kanaan bal'isee ibsee utuu dhiyyeessee baratann akka salphaatti hubachuu danda'a.

Gabatee oliirraatii kan hubannu KBAO kutaa 10ffaa Boqonnaa 3 gilgaala 4 (fuula;36) irratti kan dhiyaate, shaakala gosoota gaalee kan jedhudha.

Gil 4*:*A. Himoota armaan gadii keessaa gaaleewwan adda baasuun gosoota isaanii himi. Gaaffiwwan eega dhuunfaan deebistanii booda gareen irratti mari'achuun sirrii ta'uu keessan mirkaneeffadhaa.

1. Namni hamaan ofuma miidha.
2. Jaalalli dhugaa gatii hinbarbaadu.
3. Onesmoos Nasiib kitaabota heddu Afaan Oromootiin barreesse.
4. Daadhiin bardheengaddaa eebbifame.
5. Konkolaatichi saffsaan figa.
6. Saafa'een lukkuu diimaa qalte.

B. Himoota mataa keetii shan kan gaaleewwan adda addaa of keessaa qaban barreessii barsiisaa keetti agarsiisi.

Gilgaala olitti dhiyaaterraa wanti xiinxallu, akkaataa kanaan barattootni akka shaakalaniif carraa kennuunsaa gaariidha. Bakka kanatti barattootni hangam akaakuu gaalee beeku, kan jedhuuf dursi akaakuu garee jechaa irratti hubannoo akka gabbifatan taasisuun, gara shaakala gilgaalaatti yoo dhufan ba'eessa ta'a. Sababni isaa akkuma olitti ibsuuf yaalle, akaakuun gaalee baay'ina akaakuu garee jechoota afaanichaa waan bu'uurfatuuf, qabiyyeen dursa dhiyaachuu qabu, akaakuu garee jechootaa yoo ta'e gaariidha.

KBAO kutaa 10, boqonnaa 4, barannoo 3, (fuula 44) irratti yaadannoo gabaabaa 'bamaqaa' jedhu kan dhiyaate. Akkaataa gadiitiin kan ibsamanii jiran.

Gabateen armaan gadii ramaddii, lakkoofsaaf saala maq-dhaalota matayyaa (bamaqaa dhuunfaa) agarsiisa.

**Gabatee 11: Bamaqoota Afaan Oromoo Agarsiisu**

| Ramaddii | Lakkoofsa | Saala | |
|---|---|---|---|
| Qeenxee | Danuu | | |
| ramaddii 1ffaa | Ani | Nu'i /nuti | - |
| ramaddii 2ffaa<br>( kabajaaf) | Ati<br>Isin | Isin<br>isin | - - |
| ramaddii 3ffaa<br>(kabajaaf) | Inni<br>Ishiin<br>isaan | isaan<br>isaan<br>isaan | dhiira<br>dubartii<br>(dhiira ykn<br>dubartii |

Boqonnaa kana jalatti bamaqaa ilaalchisee yaadannoo bifa gabaabaa ta'een gabatee keessatti ibsee kaa'uun isaa gaariidha. Garuu, adda adda baasuun tajaajila maqdhaalaa fakkeenya waliin yoo ibsame gaarii ta'a. Dabalataan, maqdhaalli ofdanda'ee garee ta'uufi dhabuu irratti ibsa kennuun gaariidha.

(Gabbaroo, 2007; Addunyaa, 2010). bamaqaaleen, bakka maqaa bu'uun tajaajiluun garee maqaa jala galuu waan danda'aniifi, akka garee ofdanda'aa tokkootti ilaalamuu hindanda'an. Akka maqaafi maqibsaa horuufi uumamuuf dhamjechoota fufachuus hin danda'an.

Kanumaanis garee jechaa aseenaa jedhamu. Yaada hayyootaa kanarraa kan hubbannu, unka ofdanda'aa akka hintaane, akkasumas horuufi uumamuu akka hindandeenye nu hubachiisa. KBA kun, waa'ee bamaqaaleef, yaada dabalataa gahaa ta'e hinlaanne jechuudha. Kunis, bamaqaan garee maqaa jala akka galu; garee maseenaa ykn jechoota tajaajilaa akka ta'e ifa godhee hinjiru jechuudha.

Waankana ta'eef, tajaajila maqdhaalaa warreen ta'aan, kanneen akka ramaddii, lakkoofsa, saala jadhaman maal akka ta'aan fakkeenyaan ibsamanii dhiyaachuun barbaachisaadha. Jechootni, bamaqoota ta'aan bakka bu'aa maqaati jechuun ni dandaa'ama. Haata'u malee, KB kana keessatti haala rimiddii bamaqaa ilaalchisee, wanti ifa ta'e hinjiru. Bamaqoota keessatti wanti ballinaan beekamuu kan qabu, rimiddiin isaanii yoo walbira qabamee ibsameedha. Kitaaba kana keessatti garuu tokkoo tokkoo rimiddii isaanii irratti ibsi dabalataa hinjiru.

KBAO kutaa 10, boqonnaa 4, barannoo 3,Gilgaala 5 (fuula 45) irratti shaakala shaakala Bamaqaatu dhiyaatee jira.

Bamaqoota (maq-dhaalota) qeenxeef danuu gabatee armaan olii keessa jiranitti fayyadamuun, akkaataa isaan maqaa ykn gaalee maqaa bakka bu'uu danda'aniin himoota mataa kee barreessi.

Shaakala gilgaala olitti dhiyaate akkaataa kanaan dhiyeessuun gaariidha. Hanqinni jiru, shaakala kana qofaan barattoonni hubannoo bamaqaarratti qaban cimsachuu dhiisuu danda'u. Waan kana ta'eef, gilgaala dabalataa bamaqaa irratti shaakala akka taasisaniif dhiyeessuun barbaachisaadha.

KBAO kutaa 10, boqonnaa 6, barannoo 2,Gilgaala 4 (fuula 63) irratti shaakala maqaafi gosoota isaa kan jedhutu dhiyaatee jira. Akka armaan gadiitti ilaaluun nidanda'aama.

Himoota armaan gadii keessatti maqaalee adda baasuun jala sararii, gosa isaaniis himi.

1. Garbuun Baaleetti bal'inaan oomishama.    2. Hiyyummaan kabaja nama dhorka.
2. Ejjetaan hoolaa qalachuuf halbee qare.    4. Oromiyaan albuuda hedduu qabdi.
3. Ummanni Chaayinaa hojiidhaan cimoodha. 6. Obbo Ayyaanaan saawwan baayyee qabu.

7.Finfnneen handhuura Oromiyaati.    8.Firaaol muka muree, mana ijaare.

Dhiyaannaa gilgaala kanaa keessatti, maalummaa maqaalee ibsuun, tajaajila isaan hima keessatti qaban fakkeenyaan deggeree, ulaagaa qoodinsa isaanii erga ibsee booda gilgaala akka shaakalanii carraa yoo kenne gaariidha. Barsiisaan qabiyyee, kana yeroo dhiyeessu, gilgaala kana hojjechiisuun dura maalummaa maqaalee ibsuun isaa waan hin hafne; kitaaba keessattimmoo dhiyaatee hinjiru. Kanaafuu, akkaataa qabiyyeen isaa adda hincinneen yoo fooyya'ee dhiyaate gaariidha.

KBAO Boqonnaa 7, barannoo 2 yaadannoo maqaa akka maqibsaatti fayyadamuu jedhutu dhiyaatee jira. Haala gadiin kan dhiyaatu. Kunis, dhimma maqibsa akka maqaatti fayyadamuu ilaalchisee, "Jechoonni tokko tokko akka gosoota jechaa addaddaatti tajaajiluu akka danda'an hubachuu qabna. Fakkeenyaaf, gaalee 'bineensa bosonaa' jedhu keessatti jechoonni lachuu maqaadha. Haa ta'u malee, akkaataa asitti itti fayyadamneen, jechi, 'bosonaa' jedhu maqibsa, maqaa 'bineensa' jedhuu ibsa. Gaaffi, "Bineensa maalii/akkamii?

jedhu deebisa. Kanaafuu ofumaafuu maqaa ta’ee osoo jiruu, maqaa biraa ibsa jechuudha.” Jechuun ibsee jira.

Yaadannoo gabaabaa olii kanarratti, yaadrimeen dabalataa ka’uu qabu, maqibsi, maqaan maal akka ta’aan fakkeenyaan deggeramee yoo ibsame, barbaachisaadha.

Barannooma kana jalatti, gilgaala 4: ( fuula,73-74) shaakala maqaa akka maqibsaatti fayyadamuu, jedhu irratti barattootni akka shaakalaniif kan dhiyeessee jiru. Kunis, akkaataa gadiin kan ibsamu ta’a.

A. Himoota armaan gadii keessatti maqaalee akka maqibsaatti tajaajilan jala sarari.

1. Bishaan lagaa osoo hindanfsin dhuguun dhibee namatti fduu danda’a.
2. Aannan re’ee daran nama jabeessa.
3. Seerri biyya keenyaa ilkaan Arbaa eeyyama malee bitanii gurguruu nidhoorka.
4. Naannoo tokko tokkootti dammi daamuu qoricha jedhameet amanama.
5. Naannoo gammoojjiitti midhaan mukaatu bal’inaan oomishama.
6. Obbo Galgaloon horii gaanfaa 100f kanniisa gaagura 40 qabu.

Akkaataan gilgaalli olii itti dhiyaate, haala gaariin barattootni akka shaakalan nitaasisa. Dabalataan hubannoon isaan qabiyyee kanarratti qaban akka cimsataniif, jechoota maqaa ta’aanii akka maqibsaatti tajaajilan 5-10 barreessuun hima keessatti itti fayyadamuun akka agarsiisan taasisuun yoo dhiyaate gaariidha.

Gilgaaluma olitti dhiyaate, ‘B’isaa irratti immoo jechoota garee maqaa ta’aan 5 tarreessuun akka maqibsaatti fayyadamuun himoota shan ijaaruun akka shaakalan taasisee jira. Kunis, akka gadiitti kan ibsamu.

B. Maqaalee shanan armaan gadii akka maqibsaatti fayyadamuun himoota shan barreessi

1. rooba
2. beellada
3. baala
4. gogaa
5. qabeenya.

KBAO kutaa 10ffaa, Boqonnaa:8,Barannoo 2: (fuula,83-85). Irratti 'Akaakuu Maqibsaafi Gochimaa' mata duree jedhu jalatti, yaadannoo maqibsaafi gosoota isaa, akkasumas, 'Gochimaafi Akaakuusaa' kan jedhan duraaduubaan dhiyeessee jira. Akka armaan gadiitti ibsuun kan xiinxaluun kan ibsaman.

**A. Maqibsaaf Gosoota Isaa**

Maqibsi maqaa ykn bamaqaa ibsa. Kana jechuun waa'ee maqaa ykn bamaqaarratti odeeffannoo dabalataa kenna.

Fkn: Talileen cimtuudha. Ishiin bareedduudhas.

Jechi **cimtuu** jedhu, Taliilee ibsa; inni **barreedduu** jedhu ammoo maqibsa ishii jedhu ibsa. Kanafuu jechoonni **cimtuuf**i **barreedduu** jedhan maqibsoota.

Afaan Oromoo keessatti maqibsi maqaa ykn bamaqaa ibsamu sana booda dhufa.

**Gosoota Maqibsaa**

Maqibsi gosoota armaan gadii qaba.

1. Maqibsoota baay'inaa

   Fkn: Barattoonni **hundi** qulqullina dhuunfaa isaanii eeggachuu qabu.

Daldaltichi midhaan **baay'ee** bite.

2. Maqibsoota lakkoofsa agarsiisan

   Fkn: Sababa balaa konkolaataa kaleessa uumameen namoonni **kudhan** dhuman.

Lakkoofsi **kudhan** jedhu maqaa namoonni jedhu ibsa.

3. Maqibsoota abbummaa agarsiisan

   Fkn: Barsiistuun **teenya** baayyee cimtuudha.

Miidhaginni **ishii** nama hawwata.

4. Maqibsoota iyyaafannoo agarsiisan.

   Fkn: a. Dhaabbanni fayyaa kun ummata **meeqa** tajaajila?

   b. Mul'anni kee **maali**?

Hima 1ffaa keessatti maqibsi **meeqa** jedhu maqaa ummata jedhu ibsa. Hima

2ffaa keessatti maqibsi **maal**i jedhu, maqaa mul'ata jedhu ibsa.

5. Maqibsoota maalummaa agarsiisan

   Fkn: Namichi dheeraan sun eessuma kiyya.

   Loon Horroo aannan baayyee elmamu.

Hub: Maqibsoonni maalummaa agarsiisan maalummaa, bifa, amalaaf kkf ibsu.

**B. Gochimaaf Akaakuu Isaa**

i. Maalummaa gochimaa

Gochimni wanta himni waa'ee matimaa ilaalchisuun jedhu ibsa.

Fkn.

1. Daraartuun **kofalte**.
2. Bosonni baayyeen **manca'e**.
3. Namni sun hamaa**dha**.
4. Barattoonni heddu qormaata **darban.**

Gochima hima tokkoo salphumatti beekuuf/adda baasuuf, gaaffi "Himni waa'ee matimaa ilaalchisee maal jedha?" jedhu gaafadhu.

Deebiin gaaffichaa gochima. Hima keessatti matimniif gochimni waliin deemuu qabu. Matimni qeenxeen gochima qeenxee waliin yoo deemu, matimni danuun gochima danuu waliin deemuu qaba.

Fkn. 1. Isaan dhufan.

2. Inni dhufe.

Hima 1ffaa keessatti danoomni gochimaa dham-jecha -an jedhuun yoo ibsamu, qeenxummaan ammoo, dham-jecha -e jedhuun ibsama.

ii. Akaakuu gochimaa Wanta gochimni, hima keessatti matima ilaalchisuun ibsurratti hundaa'uun,gochima akaakuu adda addaatti qooduun nidanda'ama.

Fkn:

1. Gochimoota gocha agarsiisan

   Fkn: Dabaleen konkolaataa bite.

Barataan foddaa cabse.

2. Gochima ta'umsa agarsiisan

Fkn: 1. Hundeen barsiisaa**dha**.

2. Ishiin obboleettii koo**t**i.

Hima 2ffaa keessatti dham-jecha **-ti** jedhutu ta'umsa agarsiisa.

3. Gochima walqabsiistuu( walitti froomsituu)

Fkn: 1. Dabalaan barsiisaa **ta'e**.

2. Jiituun haadha ishii f**akkaatti**.

Hima 1ffaa keessatti gochimni ta'e jedhu matima Dabalaa jedhuuf barsiisaa walitti qabsiisa. Hima 2ffaa keessatti ammoo gochimni fakkaatti jedhu Jiituuf haadha ishii wal qabsiisa.

4. Gochima darbeeyyii (transitive verb)

Fkn.

• Jabaan qeerrensa ajjeese.

Hima kana keessatti gochi ajjeesuu mathima Jabaan jedhurraa gara anthima qeerransa jedhutti darbeera.

Gama biraatiin,

• **Qeerransi Jabaadhaan ajjeefame**, jechuu dandeenya.

5. Gochima faaldarbeeyyii (intransitive verb)

Fkn.

• Gurbaan guddate.

Hima kana keessatti gochi mathima Gurbaan jedhurraa eessumattuu hindabarre. Kanaaf, gochima faaldarbeeyyii ykn kan hindabarre jenna jechuudha.

Boqonnaa kana jalatti, dhiyaannaan akaakuu garee jechaa lama walfaana kan dhiyaatanii jiran. Qabiyyee kanneen, duraa duubaan walitti fufiinsaan dhiyeessuun isaa qabiyyichi walitti fufiinsa akka qabaatu waan taasisuuf, barattootni hubannoo gahaa akka qabaatan nitaasisa.

Akkaataa dhiyaannaa kana keessatti, gabaabinaan waan dhiyeesseef jechoota afaanichaa garee maqibsaafi gochimaa barattootni daran adda baafachuu akka dandaa'anitti, tajaajila gareen kunneen hima keessatti qaban, akkaataa uumama isaanii hammachiisuun, ulaagaa

isaan ittiin qoodaman waliin yoo dhiyaatan hawwattummaan qabiyyichaa nidabala. Garee maqibsii dhiyaatanii jiran  yoo ilaalle, haalli dhiyyeenya garee jechaa kanaa  guutuu miti. Mata duree isaarraa yommuu kaanu waa'ee maq-ibsii bal'inaan otuu hin ibsiin gosootaatti ce'e. gosoonni maq-ibsii meeqa akka ta'an hin ibsine.

Fkn "maqibsoota baay'ina agarsiisan" jedhu fakkeenya fudhate. Baay'ina maalii agrasiisu? Isaanoo eenyuufa'i? Kan jedhu irratti ibsa hin keenniine. Fakkeenya kenname keessaatti jecha kamtu akka jecha kam ibsu hinkaa'amne.  Fakkeenyoonni dhiyaatanii jiran kan nama hawwatan miti. Hojiichi narraa haa bahuu malee hayyoota ogummaafi dandeettii ciccimoo qaban waan hirmaachise hin fakkaatu- kanaafuu carraa kanatti fayyadamuun hayyoonni xinqooqaa dandeetti gurguddoo qaban oromiyaarraa hedduminaan waan jiraniif isaan kana hirmaachisuun irra deebi'amee utuu qophaayee gaarii ta'a.

KBAO kutaa 10ffaa, Boqonnaa 8,(fuula 86) barattootni maqibsaafi gochima akka shaakalaniif gaaffilee gilgaala 4 irratti kan dhiyyeesseefi jiru. Akka armaan gadiitti kan xiinxalaman.

Himoota armaan gadii keessatti maqibsootaaf gochimoota adda baasuun gosa/akaakuu isaanii himi.

1. Barattoonni muraasni qormaata kufan.    2. Intala abshaala saniin hinmichoomiin.

3. Fardeen isaanii garbuu keenya nyaatan.   4. Abbaan Tolaa hoolota torba gurgure.

5. Namichi sanyii facaasu kun Margaadha.  6. Ganda keenya keessaa eenyu beekta?

7. Intalli abbaa Galgaloo sun 'Moonaaliizaa' fakkaatti.   8. Foon sangoota Salaalee nimi'aawa.

9. Gurbaan magaalli sun nimiidhaga.   10. Namoonni tokko tokko dhibee garaa kaasaa ilaalchisuun hubannoo dogoggoraati qabu.

Shaakala gilgaalaa kana, akkaataa kanaan boqonnaa kana jalatti erga yaadannoo kennee dhiyeessuun isaa gaariidha. Haata'umalee, barattoonni hubannoo garee maqibsaafi gochimaa irratti qaban, caalaatti gabbifachuu akka dandaa'aniif, gilgaalli dabalataa kennamuufiin gaariidha. Fakkeenyaaf, garee maqibsootaafi gochimootaa 5-10 ta'aan tarreessuun hima itti ijaaruun akka shaakalan taasisuun barbaachisaadha.

Boqonnaa 9 barannoo 3 gilgaala 9A, fuula 100 irratti ‘shaakala Gochibsaafi Gosoota isaa’ kan jedhu barattoonni akka hojjetaniif kennee jira. Akka armaan gadiitti kan dhiyaatan.

A. Gochibsa himoota kanaan gadii kessatti argaman addaan baasii barreessi. Gosa gochibsa kam akka ta’es agarsiisi.

1. Mucaan saffsaan deema.
2. Inni barnoota fedhiin barachaa jira.
3. Ishiin bor dhufti.
4. Nuti booda dubbanna.
5. Yoo nadhabde bakka kanaa ka’ii deemi.
6. Obboleessi koo waggaa waggaan dhufee nugaafata.
7. Barnoota Afaan Oromoo guyyaa guyyaan baranna.
8. Inni fraan biyya alaa dhaqe.
9. Barattoonni baayyinaan mooraa mana barumsa isaanii qulqulleessuu irratti hirmaatan.
10. Ani maaliif akkan waamame naaf hingalle?

B. Gochibsa kanaan gadiirratti himoota mataa keetii ijaari. Gosa gochibsaa hima irratti ijaartes maddiitti barreessi.

| | |
|---|---|
| amma | Harra |
| darbee darbee | guutummatti |
| bal’inaan | eessatti |
| gaddaan | sodaan |

Gochibsi hima keessatti gocha ibsuuf tajaajila. Haaluma kanaan, gosoota gochibsaa hedduutu argamu. Kanneen keessaa: Gochibsa akkaataa, gochibsa yeroo, gochibsa bakkaa, gochibsa irra deddeebii, gochibsa gaaffi, gochibsa sadarkaaf gochibsa froomsituu gosoota ibsa gochimaa warreen gurguddoo ta’uun beekamu.

Gilgaala olii keessatti, barattootni gosoota gochibsaa akka shaakalaniif kan dhiyeessee jiru. Kunis, gosa gochibsaa irratti hubannoo qabaachuu isaaniifi akka shaakallii irratti

geggeessaniif. Haata'umalee, barattootni garee gochimoota afaanichaa hubachuuf shaakalli kun gahaa ta'uu dhiisuu danda'a. Kanaaf, maalummaa, tajaajilafi ulaagaa qoodinsaa isaa irratti ibsa dabalataa kennuun qabiyyee gochimaa adda baafachuu akka danda'aanitti yoo dhiyaate gaariidha.

Boqonnaa 11, barannoo 2 (fuula 113) irratti KBAO kutaa 10 yaadannoo akaakuu gabaabaa garee jechaa durduubee dhiyeessee kan jiru. Kitaaba kana keessatti qabiyyeen akaakuu garee jechootaa boqonnaa kana keessatti kan xumuramu. Akka armaan gadiitti kan xiinxalaman.

**Yaadannoo Durduubee**

Durduubeen maqaa dura yookiin boodaratti galuun tajaajila gochibsaa kan akka iddoo, yeroo, sababaaf haala ibsuu danda'a. Kana malees, jechoota hundee yookaan bu'uura horteerratti dabalamuun adeemsa jechoota haaraa uumuu keessatti iddoo guddaa qabu. Dabalataanis, dhamjechoota seerluga agarsiisan kan akka lakkoofsaaf ramaddii saalaa wajjin galuu danda'u.

**Fakkeenya:**

Inni akka fardaa figa. Ishiin gara mana barumsaa deemte.
Itti dabalii barreessi. Tolaan obboleessa saatiif dabtara bite.
Shaakala Fayyadama Durduubee
Durduubee kanaan gadii irratti himoota mataa keetii ijaari.
1.irra 2.waan
3.waliin 4.waa'ee 5.erga

Kitaaba kana keessatti gareen jechaa durduubee dhiyaate, akkaataa dhiyaannaa barachuu barattootaaf, hawwataa ta'een miti. Sababni isaa hubannoo barattoota kanneenii durduubee irratti qaban gabbisuuf gahaa miti. Kunis, kitaaba kana keessatti, ulaagaan gareen kun ittiin qoodame, garee gooroo jechootaa jalaa kam jalatti akka ramadamu, hinibsamne.

Geetaachoo,(2014:F.14).akka ibsetti, gareen durduubee gosa garee gochimaa keessaa tokko ta'ee maqaa duraafi boodaan kan galuudha. Garee durduubeen ulaagaa xiinjechaan ilaalamuun dhamjecha maxxanfatee faayidaa seerlugaa ibsu hinqabu. Horsiisa jechootaa keessattis hundee ta'uun hintajaajilan. Yaada kanarraa akka hubatamutti, gareen durduubee

dhamjecha hinmaxxanfatu, horsiisa jechaa keessatti hundee ta’uun hintajaajilan. Karaa biraa jechoota tajaajilaa ta’uun tajaajila caaslugaa garaagaraaf kan oolan. Kana jechuun gareen durduubee hima keessatti ykn caasaa himaa keessatti dura maqaattis ta’e booda garee maqaatti maxxanee galuun faayidaa seerlugaa adda addaa ibsuu mala.

Haaluma kanaan, KBAO dhimma waa’ee garee durduubeef, hubannoo dabalataa akka barattootni adda baafataniif kan late hinqabu. Kanaaf, qoodiinsi durduubee ulaagaan qoodiinsaafi tajaajilli hima keessatti qabu ibsamee yodhiyaate gaariidha.

Fkn’f:

a. Manatti gale.
b. Gara manaa gale.

Akkuma qaacceessa sakatta’a barruu, Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti hubachuun dandaa’ametti, dhiyaannaan akaakuu garee jechaa akkaataa barbaachisummaa isaatti kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatanii akka hinjirreedha. Kitaabileen kanneen keessatti gareen jechootaa jiran walqabatiinsa qabiyyee hin qaban, kanneen jiran darbanii darbanii kan dhiyaatan. Isaan kaan immoo ibsa wayii garee jechootaa ilaaallatu utuu hinlaatin, shaakala gilgaalaa qofa kan dhiyeessu. Dabalataan, qoodiinsa isaanii irratti, ulaagaa ittiin qoodaman waan ibse hinqabu. Kitaaba kanneen keessatti, barattootni hubannoo garee jechootaa irratti qaban akka gabbifataniif yaadannoon ballina qabu fakkeenyaan deggeramee dhiyaatee hin jiru. Kan biraan hariiroon gareen jechootaa kenneen hima keessatti waliin qaban irratti ibsi latamee jiru hinmul’atu.

KBAO kutaa 9fi 10 keessatti, gareen jechaa dhiyaatan akkaataa dhiyaachuu qabanitti duraa duuba qabiyyee eeganii kaa’amanii hin jiran. Hanga tokko boqonnaa kitaabichaa muraasa keessatti kan dhiyaate garee maqibsaafi gochimaa yoo ta’u, darbee boqonnaa kan biro keessatti immoo waa’een maqaa dhiyaatee jira. Haata’u malee innis ulaagaa gareen jechaa ittiin dhiyaachuu qabuun hin dhiyaanne.

Gareen jechootaa ulaagalee garaagaraa sadiin xiinxalamuu akka danda’aaman ogbarruu firoominaa keessatti ilaallee jirra. Isaanis, xiinhiika, xiinhimaafi xiinjecha. Askeessatti, garee jechaa ibsuu kan ilaallatu, ulaagaa xiinjechaati. Dhamjechi garee jechaa dabalatee faayidaa

seerlugaa ibsuu agarsiisa. Akkasumas, ulaagaa xiinhimaatti, gareen sun hima keessatti eessa akka qubatu ibsa. Akkuma ibsamuuf, yaalame kitaaba kanneen keessatti garuu, ulaagaa garee jechaa osoo hintaane, gareen jechaayyuu ballinaan ibsamanii hinjiran. Kanaaf, kitaabichi, akkaataa dhiyaannaa garee jechaa irratti hanqina waan qabuuf yoo fooyya'e gaariidha.

KBAO kutaa 9fi 10 kanneen keessatti, ilaaluun akka dandaa'ametti ulgaaleen garee jechaa ibsamee akka hin jirreedha. Garee jechaa hunda isaanii ibsee waan hinjirreef kanneen dhiyaatanii jiran hanga tokko karaa alkallattiin ulaagaa xiinjechaa kaa'uuf yaaleera. Haata'umalee ibsa keessatti faayidaa dhamjechootaa garee jechaa waliin qaban adda baasee hinkeenye. Garee jechaa jiran ulaagaa isaan walfakkaataniin akka amala isaaniifi tajaajila isaan kennan wanta ibsee kaa'ellee ballinaan ibsee hinjiru.

Garee maqaas ta'e, kan maqibsaa gilgaala ittiin hojjechiisuu irraan kan hafe ulaagaalee jiraniin ifa godhee, garaagarummaafi tokkummaan garee maqaafi ibsa maqaa akkasumas, gochimaafi durduubee adda ba'uun akkaataa qabiyyee walitti fufaa ta'een hindhiyaanne. Faca'aanii kan dhiyaatanii jiraniidha jechuudha.

Sakatta'a dhiyaaterra hubachuun akka dandaa'mutti, gareen gochimaa dhaamjecha akkamii dabalachuun faayidaa seerlugaa akkamii akka agarsiisu wanti ifa ta'e ballinaan hinjiru. Gareen gochimaa, haalli qoodinsa isaa, maalummaan isaa gareewwan biroorraa maaltu adda akka isa taasisu, kitaabilee sakattaa'aman kanneen keessatti ibsamee hinjiru. Akkasumas, sakattaa'a dhiyaaterraa hubachuun akka dandaa'amutti, KBAO kutaa 9fi 10 qabiyyee gareewwan jechootaarratti, ibsa barattootni akka hubataniif adda baafachuun danda'aanitti kaa'e hinqabu. Kunis, mata dureen gareewwan jechootaa jedhu utuu hinkaa'iin, qabiyyee gaggabaabaa darbee darbee ibsee kan jiru. Qabiyyeewwan jiranis, hawwatoo miti. Dabalataan, waa'ee gareewwan gooroofi gareewwan maseenoo kanneen jedhan irratti wanti ifa ta'e hinjiru.

Walumaa galatti, KBAO kanneen keessatti hanqinoonni kanneen akka; yaadannoo gahaan qabiyyee garee jechaa irratti dhibuu, rakkoo qindaa'ina duraaduuba qabiyyee garee jechoota

AO, gilgaalootni qabiyyee kana irratti dhiyaatan gahaa ta’uu dhabuu, kutaa kutaatti, irra deebiin yoo jiraateyyu, fooyya’insi qabiyyee garee jechootaa irratti kan hinjirre ta’uufi jechoonni akkaataa ulaagaa qoodinsaa jiruun adda bahaanii dhiyaatanii kan hinjirre ta’uun adda bahee kanjiru.

### 4.1.4. Haala Xiinxala Dhiyaannaa Garee Jechootaa Silabasii Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 10

Silabasiin BAO qabiyyee garee jechootaa haala gabatee armaan gadiin kaa’ee kan jiru

**Gabatee 12: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 3 Kutaa 10ffaa**

| Kaayyoo Gooree | Qabiyyee | Gochaa Raawwatamuu | Raawwii mala baruu fi barsiisuu fi Meeshaalee gargaarsaa |
|---|---|---|---|
| Gaalee fi gosoota gaalee addaan baasuu<br><br>Ciroo fi gosa isaa addaan baasanii qayyabatu | Caaslugaa | Gaaleewwan dubbisaa keessa argatan addaan baasanii himuu<br><br>Ciroowwaan dubbisaa keessaa baasan ni ibsuu | Maalummaa fi gosoota gaalee irratti ibsa kennuuf akka shaakalaan taasisuu<br><br>Ciroo fi gosoota ciroo ibsa kennuu baraattoota shaakalsiisuu |

Akkuma gabatee 11 irratti SBAO kutaa 10 kun kaa’e jiru, qabiyyee gaaleefi gosoota gaalee akkasumas, ciroofi gosa isaa caasluga keessatti dhiyeessee kan jiru. Qabiyyeen kun dhiyaachuun gaariidha. Gaaleefi gosoota gaalee dhiyeessuun dura, dhiyaannaa akaakuu garee jechootaa qabiyyee boqoonnaa

kanaa keessatti dhiyaachuutu gaarii ta’a. Sababni isaa, gosni gaalee kan murtaa’u baay’ina garee jechaa afaan tokko keessa jiraniin waanta’eef. Kanaaf, barattootni gosa gaalee barachuun dura akaakuu garee jechaa adda baasanii yoo beekan akaakuu gaalees hubachuu danda’u.

**Gabatee 13: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 4 Kutaa 10**

| Kaayyoo Gooree | Qabiyyee | Gochaa Raawwatamuu | Raawwii mala baruu barsiisuu fi Meeshaalee gargaarsaa |
|---|---|---|---|
| Bamaqaa (maq-dhaala) ramaddi fi saala isaa ni ibsu. | Caaslugaa. | Maalummaa bamaqaa addaan baasanii barreessuu | Fakkaeenya kennuudhaan maaalummaa fi ramaddi bamaqaa akka shaakalan gochuu |

Gabatee olii kana keessatti, SBAO akka dhiyeessetti bamaqaa (maqdhaala) ramaddii isaa waliiin qabiyyee jedhu, kaa'ee kan jiru. Akkaataan dhiyaannaa silabasii kana keessatti irraa jalummaa ykn duraaduubummaa qabiyyee kan eege miti. Karaa biraa salphaarraa gara cimaatti osoo hintaane, akkasumatti kan dhiyaatee jiru. Akkuma hubachuun dandaa'amutti, boqonnaa sadii keessatti qabiyyee gaaleefi ciroo dhiyeessee ka'ee, qabiyyee bamaqaa dhiyeessuun isaa duraaduubummaa qabiyichaa kan eegee jiru miti jechuun nidandaa'ama.

**Gabatee 14: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 6 Kutaa 10**

| Kaayyoo Gooree | Qabiyyee | Gochaa Raawwatamuu | Raawwii mala baruu barsiisuu fi Meeshaalee gargaarsaa |
|---|---|---|---|
| Maqaa fi gosoota maqaatti gargaaramuun hima ijaaru | Caaslugaa | Maqaa fi gosoota maqaa hima keessatti itti fayyadamu barreessuu | Maqaa fi gosootaa maqaa addaan baasan akka barreessan taasisuu |

Akkuma gabatee olii keessatti hubachuun danda'aamutti, SBAO kutaa 10$^{ffaa}$ keessatti qabiyyee maqaafi gosoota isaa jedhu dhiyeessee kanjiru. Askeessatti wanti xiinxallu, qabiyyee kana haala kanaan dhiyeessuun gahaa akka hintaane ilaaluu dandeenya. Kunis,

gosoota maqaafi itti fayyadama isaa dhiyeessuun dura maalummaa maqaa, barbaachisummaa maqaa qabiyyee jedhu, yoo dursee dhiyeesse gaarii ture.

**Gabatee 15: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 7 Kutaa 10**

| Kaayyoo Goree | Qabiyyee | Gochaa Raawwatamuu | Raawwii mala baruu barsiisuu fi Meeshaalee gargaarsaa |
|---|---|---|---|
| Maqaa akka ibsa maqaatti fayyadamuun barreessuu | Caaslugaa | Maqaa akka ibsa maqaatti tajaajiiluu barreessuu | Maqaa akka ibsa maqaatti akka tajaajiiluu shaakalsiisuu |

Gabatee kana keessatti SBAO qabiyyee maqaa akka maqibsaatti fayyadamuu kan jedhu dhiyeessee jira. Askeessatti akaakuu garee jechaa lama ilaaluun kan hinoolle. Yeroo kana gareen jecha maqaa boqonnaa jaha keessatti ka’ee waan jiruuf, ammas yeroo dhiyaatu qabiyyee irradeddeebi’ame ta’uu danda’a. Waan kana ta’eef, qabiyyeen kun boqonnaa jaha keessatti utuu dhiyaatee gaariidha.

**Gabatee 16: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 8Kutaa 10**

| Kaayyoo Gooree | Qabiyyee | Gochaa Raawwatamuu | Raawwii mala baruu barsiisuu fiMeeshaalee gargaarsaa |
|---|---|---|---|
| Ibsa maqaa fi gosoota isa addaan baasanii barreessuu<br><br>Gochimaa akaakuudhaan addaan baasanii himu | Caaslugaa | Ibsa maqaa fi gosoota isaa addaan baasanii barreessii<br><br>Gochima fi gosoota isaa hima keessa galchuun barreessuu | Ibsaa maqaaa fi gosoota isa addaan baasanii bakka barreessan taassisuu<br><br>Gochimaa akaakuudhaan addaan akka baasanii gochuu |

Akkuma gabatee 15 keessatti ibsamee jiru, SBAO qabiyyee garee jechootaa lama walfaana dhiyeessee jira. Qabiyyeewwan kunneenis, ibsamaqaafi gosoota isaa addaan baasuu kan jedhuufi ibsa maqaafi gosoota isaa kanneen jedhaniidha. Akkaataan dhiyaannaa kun, garee jechaa lama walfaanaa akka dhiyaatan gochuun gaariidha. Haala dhiyaannaa irratti, akaakuu isaanii dhiyeessuun dura;maalummaafi barbaachisummaa qabiyyeen jedhu yoo dhiyaate gaarii ture.

**Gabatee 17: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 9 Kutaa 10**

| Kaayyoo Gooree | Qabiyyee | Gochaa Raawwatamuu | Raawwii mala baruu barsiisuu fi Meeshaalee Gargaarsaa |
|---|---|---|---|
| Caasaa himaa addaan baasanii ibsuu<br><br>Ibsa gochimaa fi gosoota isa barreessuu | Caaslugaa | Caasaa hima addaan baasanii barreessuu.<br><br>Ibsa gochimaa fi gosoota isaa barreessuu | • Caasaa himaa maal akka ta'an ibsuu, fakkeenya kennu<br>• Caasaa himaa addaan baasanii walitti akka himaan taasiisuu (matima, , antima gochima )<br>• Ibsa gochimaa fi gosoota isaa akka barreessan gochuu |

Gabatee, olii kana keessaa hubachuun akka dandaa'amu, qabiyyeen dhiyaatee jiru caasaa himaa addaan baasuufi ibsa gochimaafi gosoota isaa barreessuu kan jedhuudha. Ammas kanarraa wanti hubatamu, qabiyyee cimaa irraa gara salmaatti yookaan immoo dimshaasharraa gara murtaa'atti kan deemee jiru. Akkaataa dhiyeessii irrattimmoo salphaarraa gara cimaatti utuu dhiyaatee irraa jalaan barattoonni isa cimaa adda baasaa deemuun kan danda'aan.

**Gabatee 18: Xiinxala Dhiyaannaa garee jechaa Qabiyyee Silabasii BAO Boqonnaa 11 Kutaa 10**

| Kaayyoo Gooree | Qabiyyee | Gochaa Raawwatamee | Raawwii mala baruu fi barsiisuu fi Meeshaalee gargaarsaa |
|---|---|---|---|
| • Durduubeen kaayyoo keessatti hindhiyaanne. | • Caaslugaa | Hindhiyaanne | Qabiyyeen durduubee kaayyoo gooroo keessa jira raawwii keessatti immoo hindhiyaanne. |

SBAO boqonnaa 11 kutaa 10 keessatti, qabiyyee durduubee kaayyoo gooroo irratti kan dhiyeessee jiru. Akkasumas, KB keessattis dhiyaatee jra. Silabasii kana keessatti garuu,

kaayyoo gooree, qabiyyee, gocha raawwatameefi malabaruufi barsiisuu keessatti homaa hinibsine. Ta'us, qabiyyeenkun KB keessa waan jiruuf nibarsiifama.

Walumaa galatti, xiinxalli SBAO kitaabilee lamaan keessatti qabiyyeewwan garee jechootaa dhiyaatan haala kanaa olitti ibsameen xiinxaluun dandaa'ameera. Haaluma kanaan, hanqinni jiru duraaduuba qabiyyee eeguun dhiyaachuu dhabuun nijira, irradeddeebiin nimul'ata, qabiyyeen yaadnirimee walfakkaataa qaban walfaana dhiyaachuu dhabuun nijira. Akkasumas, hanqinni walitti fufiinsi qabiyyee haala dhiyaannaa SBAO kana keessatti nijira.

## 4.2. Qaacceessa Afgaaffii Barsiisotaa

Mata duree kana jalatti qaacceessa afgaaffii barsiisotaaf dhiyaate, deebii isaan kennan akkaataa gadiitti qindaa'ee kan dhiyaatee jiru.

Gaaffii 1[ffaa] Haalli dhiyaannaa Akaakuu garee jechaa Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 gahaadha jettuu? Kan jedhuuf barsiisaa 1[ffaan] gaafa guyyaa 18/9/2011 akka armaan gadiitti yaada isaanii laatan.

Barsiisaan Mana Barumsaa Begii sadarkaa 2[ffaa] kutaa 9fi 10 barsiisaa akka turan dubbatanii, deebii isaanii akkasiin eegalan. "*KBAO kutaa 9fi 10 keessatti haalli dhiyaannaa akaakuu garee jechootaa gahaa hinfakkaatu. Dhimma kana irratti, yeroo baay'ee marii taasisaa turreerra. Barataan kutaa 10 xumuruun osoo waanbu'uura tokko hinqabatin barsiisaa ta'aa jira. Sababni isaa irra caalaa xiyyeeffannoon kitaaba barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9fi 10 dandeettiiwwan Afaanii irrattidha.*

*Akkasumas, xiyyeeffannoo kan inni late irra caalaa dhimma afoolaa irrattidha. Kana jechuun dhiyaannaan isaa kun garamitti jechuu osoo hintaane, boqonnaalee afoolli jala jiran hunda keessatti dubbisa dhiyaateen walqabsiisuun kallattii itti jechoonni gosa garaa garaa dhiyaatan hammachiisuun dhiyeessuun nidandaa'ama. Gareen jechootaa kanneen afoola keessattillee baratamuufis ta'e barsiisuufillee kan mijataniidha. Akkuman duratti dubbachuuf yaale, dhiyaannaan garee jechaa haala faca'insa qabuun darbee darbee boqonnaalee jiran keessatti kan dhiyaatanii jiran. Irra caalaa kan dhiyaatanii jiran dubbisa kennamerratti hundaa'uun jechoota hiikaasaanii tilmaamuufi boqonnaalee muraasa keessattimmoo, jecha faallaafi hiikaa isaanii dhiyeessuurratti kan fuulleeffateedha. Garuu,*

*kan ta'uu irra ture, jechoota dhiyaatan hunda keessatti gosa garee jechootaa jiran hammachiisuun jechootarratti ulaagaa jiran bu'uura taasifachuun bal'inaan ibsi gahaan itti kennamee yoo kan dhiyaatan ta'e caalmaatti gaarii ta'a ture. Waan kana ta'eef, akkaataan dhiyaannaa garee jechaa KBAO kutaa 9fi 10 keessa jiru akka gahaa hin taane akkaataa dhiyaannaa kitaabichaarraa nihubatama."* Jechuun kan deebisan.

Barsiistuun 2[ffaan] gaafa 20/9/2011 gaaffii 1[ffaa]dhaaf deebii yeroo kennan, akkas jechuun dubbatu. "*Kitaaba kana mootummaan waggoota shan shaniin fooyyeessee manneetii barnootaaf dhiyeessaa jira. KBAO inni amma itti fayyadamaa jirru kun bara 2005 kan maxxanfameefi isa duraarra qabiyyeensaa fooyya'adha. Haalli dhiyaannaa gareewwan jechichaas dabaleera. Garuu gahaadha jechuun hindandaa'amu. Sababni isaa hanqinni kitaabicha keessatti mul'atu saffisa guddina afaanichaa waliin bakkeetti ba'aa waan deemuuf, boris hanqina hanbisuuf dhamaana miti. Hanqina mul'ateef furmaata laachaa kan itti aanee dhufu barbaanna.*

*KBAO kutaa 9fi 10 irratti gareen jechootaa akkaataan dhiyaannaa isaanii wantootni barsiifamuu qaban akka gaariitti qabatanii hindhiyaanne. Kitaabilee kanneen keessatti hanga tokko garee jechootaa jedhee ifatti kaa'uu yoo baate, shaakala gilgaalaa dhiyeessuun garee jechootaa dhiyeesseera. Garuu, hubannoo barataa akka cimsutti gadi fageenyaan wanti kaa'ame hinjiru. Haalli dhiyaannaa garee jechaa, akka garee jechaa barsiisuutti qindoomina gaariin hinjiru. Yaadannoo gahaa kennee, barattootni akka adda baafatanitti fakkeenya dabalataa fudhatee kan ibsamanii jiran miti. Kanaafuu, akkaataan dhiyaannaa akaakuu garee jechaa KBAO kanneen keessatti waan ilaalamuu qabaniidha*." Jechuun yaadasaanii xumuran.

Gaaffii 1[ffaa] irratti kennameef, barsiisaa 3[ffaan] gaafa 22/09/2011 yeroo deebii laatan, akkas jechuun kan ibsan. "*Dhiyaannaan akaakuu garee jechaa KBAO keessatti akka barataan sadarkaa kana irra jiru barachuu irra jirutti dhiyaatee hinjiru. Kanammoo, sababan jedheefan qaba; akkaataan dhiyaannaa garee jechaa KBAO kutaa 9fi 10 keessatti barsiisaa jirruufi kan kutaa 7fi 8 waliin adda addummaa akka qabutti natty hinmul'anne. Kana yeroon jedhu akkaataan dhiyaannaa isaanii garaagarummaa hinqaban jechuufan. Keessumaa kutaa 8ffaa barsiisaa waanan tureef, nan beeka; jijjiiramni dhiyaannaa garee jechaa hinjiru jechuun nandandaa'ama. Kana yeroon kaasu, wanta jechuu barbaade kan dhiyaatee jiru*

*gaariidha. Garuu bifa isaa jijjiirrachuun laafaarraa gara cimaatti deemuu qaba ture. Kanaaf, haalli dhiyaannaa garee jechaa anaan quubsaadha nahinjechisiisu. Kana caalaammoo qaama dhimmi isaa ilaallatu nifooyyeessa jedheen abdadha.*" Jedhu.

Gaaffii 1ffaa ilaalchisuun barsiisaa 4ffaan gaafa guyyaa 23/09/2011 akkas jedhu, "*Haala dhiyaannaa akaakuu garee jechaa KBAO kutaa 9fi 10 gahaadha jechuu baadhus, hanga tokko ka'umsa wanti ta'u nijira. Isa kitaabichi mataa butee kaa'e kanammoo, gadifageenyaan yeroo fudhatanii barsiisuuf kitaabichi ballina qaba. Hordoffiin jirus, barataan hammam hubate kan jedhu, osoo hintaane, kitaabichi dhumeeraa kan jedhuudha. Kanaaf, barataan gidduutti waan hubachuu qabu osoo hinhubatin hafa. Itti fufuun qabiyyeen kamiyyuu KB keessatti, akka barataaf galuutti dhiyaachuun gaariidha. Kana jechuun, akka waan barataan wabii dubbisu kan biraa qabuutti kaa'amuu hinqabu. Qormaataafillee kan isaan ilaalan kitaabilee kanneen waanta'aaniif xiyyeeffannoo argachuu qaba. Barattootni naannoo magaalaa jiran kitaaba biro argatanii dubbisuun of deggeruu danda'u. Garuu, naannoo baadiyyaa kanneen jiraatan kitaabuma barataa argachuufuu nirakkatu.*

*Kanaaf, haalli dhiyaannaa garee jechaa kitaabilee kanneen keessatti haala qindaa'ina qabuun, akkataa hubannoo barattootaa gabbisuu danda'utti, kan dhiyaate hinfakkaatu. Waan kana ta'eef akkaataan dhiyaannaa garee jechaa KBAO kanneen keessatti, gahaadha nama hinjechisiisu.*" Jedu.

Gaaffii 2ffaa: KBAO kuta 9fi 10 keessatti akaakuun garee jechootaa haala kamiin ibsamanii jiruu? Barsiisaa 1ffaan guyyaa gaafa 18/09/2011 gaaffii dhiyaateef akkas jechuun kan deebisan. "*Gareen jechaa barnoota Afaanii kam keessattiyyuu baay'ee murteessoodha. Akkuma beekmu gareen jechootaa akka caasaa AOtti bakka gurguddaa afuritti qoodamu. Isaanis: Maqaa, Ibsa maqaa, garee gochimaafi durduubeedha. Gareen jechaa kunneen hundi haala ifaa ta'een KBAO kanneen keessatti wanti dhiyaatee kaa'ame ballinaan hinmul'atu. Akaakuun garee jechaa kiboota kanneen keessatti dhiyaatanii jiran maqaa akka maqibsiitti fayyadamuufi akaakuu maqibsaafi gochimaati. Kanneen keessaa, hanga tokko ifa ta'ee kanjiru waa'ee maqibsaafi gochimaati. Akaakuuwwan garee jechootaa jiran haala qindoomina qabanii kitaabilee AO keessatti duraa duubaan qindaa'anii dhiyaachuu qabu turan. Isaanis, tartiiba caaslugaa eeguun haala amala isaaniin kaa'amuu qabu malee*

*boqonnaa garaa garaa keessatti faca'aanii kaa'amuu hinqaban. Haalli ibsa isaas akkataa barattootaaf hubatamuu danda'uutti yoo kaa'ame gaariidha."*jechuun kan deebisan.

Gaaffii 2ffaa irratti dhiyaateef, barsiistuu 2ffaan gaafa guyyaa 20/09/2011 deebii yeroo kennan akkas jechuun ibsu. "*KBAO kutaa 9fi 10 keessatti, haala barataaf hubatamutti kaa'amee bal'inaan kan mul'atu miti. Garuu, nama dura qabiyyicha irratti beekumsa qabuuf, maaljechuu akka barbaadame nigalaaf. Kitaabilee kanneen keessatti akaakuun garee jechootaa jiran garee jechaa ta'uu isaaniif adda ba'ee wanti ibsu hinjiru. Nutu, yeroo barsiifnu kitaabilee biroo wabeeffachuun akka barsiisuuf mijatutti kan dhiyeessinu.*

*Akkaataan gareen jechootaa kitaabilee kanneen keessatti itti dhiyaatanii jiran faffacaa'adha. Kunis, caasluga jalatti kaa'uun akaakuu maqibsaafi gochimaa boqonnaafi fuula tokko jalatti kaa'amee kan jiru. Maqaafi ibsi maqaammoo boqonnaafi fuula kanbiroo irratti kan dhiyaatan. Irra caalaa amalootaafi tajaajila jarreen kanaa baruuf tartiiba walitti aanuun tokkoon ilaaluutu gaariidha. Kanaaf, akka yaadakootti osoo iddoo tokkotti walfaana duraa duubaan dhiyaatanii ba'eessa. Adda adda ba'uunsaanii amalaafi tajaajilli isaanii adda waan ta'aan fakkaachuu danda'a waanta'eef walfaana dhiyaachuun barbaachisaadha.*

*Gabaabumatti, haalli dhiyaannaa garee jechaa akkaataa ballina qabuuf ifaa ta'aanii dhiyaachuu haadhiisan malee nijiru. Kanaaf, bifa qindoomina qabaniin gareen jechaa tartiibaafi amala afaanichaa eeguun ibsamuu qabu. Haalli amma ittiin ibsamanii jiraniin walitti fidanii amalaafi tajaajila isaan qaban dhiyeessuun rakkoo ta'uu danda'a. Waan kana ta'eef, walitti aananii yoo qabiyyee barnootaa keessatti dhiyaatan barsiisuufi ta'e, barattootni akka adda baafataniif ni salphata.* Jechuun kan deebisan.

Gaaffii 2ffaa irratti afgaaffii dhiyaateef, barsiisaa 3ffaan gaafa guyyaa 24/09/2011 deebii isaanii akkaataa gadiin kan ibsan. "*Gareewwan jechaa KBAO kutaa 9fi 10 keessatti bifa faca'insa qabuun garee jechaatiin of hin ibsin malee, nijiru. Garuu, osoo gareewwan hunda altokkotti utuu qabiyyee biraa gidduu hingalchin barsiifamanii gaariidha. Kanaafuu, gareen jechaa akka barbaadametti hinta'in malee, hinjiru jechuu hindandeenyu."* Jechuun yaada isaanii gabaabinaan kaa'an."

Barsiisaa 4[ffaan] gaafa guyyaa 22/09/2011 gaaffii 2ffaadhaaf yeroo deebii laatu, akkas jechuun dubbatu. "*KBAO kutaa 9fi 10 keessatti akaakuun garee jechootaa dirqama akkasitti dhiyaachuu qabu jennee waan ibsanu hinjiru. Garuu, akka nama barsiisaa jiru tokkootti, ykn ittisiqeenyaan akka nama hubannoo barattootaa ilaalaa jiru tokkootti waajechuu nandanda'aa. Gareen jechaa ati nagaafatte kaa'amuu dhiisuun waa'ee jechaa kallattii biroon barsiisuun nidandaa'ama. Gareen jechaa kallattii addaan haataa'umalee, kitaabicha keessatti dhiyaatee jira. Akkaataan dhiyaannaa isaas, waa'ee garee jechaa barsiisuuf quubsaa miti. Gareen jechaa waa'ee jechaa barsiisuuf bu'uura guddaafi yeroo gabaabaatti kan ittiin jechi barsiifamu hubachiisuu danda'uudha. Kanaaf, warren kitaaba kana wixineessan wayitii barnootichaaf kenname walbira qabuun haala quubsaa ta'een dhiyeessuu qabu*." Jedhu.

Gaaffii 3ffaa, Ulaagaaleen garee jechaa ittiin qoodaman haala kamiin ibsamanii jiruu? Kan jedhuuf, gaafa guyyaa 25/09/2011 barsiisaa 1[ffaa] akkanatti ibsu. "*KBAO kutaa 9fi 10 keessatti waa'een ulaagaalee garee jechaa wanti ifa ta'ee taa'ee jiru hinjiru. Haata'umalee, gareen jechootaa jiran hundi ulaagaalee jiraniin qoodamuu qabu. Ulaagaaleen kunneenis: Ulaagaa xiinhiikaa, ulaagaa xiinhimaafi ulaagaa xiinjechaati. Kanaaf, KBAO kutaa 9fi 10 keessatti dursa ulaagaaleen garee jechaa kunneen adda bahaanii ifa ta'uu qabu ture. Garuu, haalli dhiyaannaa garee jechaa kitaabilee kanneen keessatti ulaagaaleen garee jechaa xiinhiika, xiinhimaafi xiinjechaa adda ba'aanii yaadni kaa'ame tasumaa hinjiru jechuun yaada isaanii kan ibsan. Kunimmoo, garee jechaas ta'e jecha barsiisuu keessatti, ulaagaleen kanneen barbaachisummaa guddaa qabu. Barattoonni sadarkaa lammaaffarra yeroo gahaan haala jechootni ittiin qindaa'aniifi qoodamanii tajaajila Afaanicha keessatti itti kennan adda baafachuun beekuun barbaachisaadha. Adda baafatanii beekuuf immoo kallattii kan itti agarsiisuu tokko kitaabilee barnootaa irraa barataniidha. Garuu, amma kitaabileen kunneen irra caalaa dhimma hiika jechaa waan xiyyeeffateef hanqina garee jechaa balballoomsuu irratti niqaba.*" jedhanii kan ibsan.

Gaaffii 3[ffaa]; irratti dhiyaateef, barsiistuu 2[ffaan] guyyaa gaafa 21/092011 deebii isaanii yeroo kennan akkas jedhan. "*Kitaaba kanneen keessatti, waa'ee ulaagaa garee jechaa adda baasee ibsuu haafuutii, gareen jechootaa jiraniyyuu akkaataa barbaadamaniin hindhiyaanne. Dhiyaanneen garee jechaa kunneen addaan ciccitaadha. Fakkeenyaaf, KBAO kutaa 10,*

*fuula 83 irraa yoo ilaalle, waa'ee akaakuu maqibsaafi gochimaa kaa'a; darbeemmoo fuula 113 irratti durduubeetu dhiyaatee jira. As keessatti jarreen kun sadanuu, amalaafi tajaajilli isaaniin walitti hidhatanii waan deemaniif, maaltu akka isaan adda adda bahaan isaan taasise. Barsiisaan jarreen kana yeroo barsiisu, utuu hinjaallatin akka barattootaaf hubatamuu danda'utti, iddoo tokkotti walitti fidee ibsuuf dirqama.*

*Fakkeenya biraa yoo fudhanna ammas kitaabuma kana keessatti, fuula 73 irratti waa'ee maqaafi maqibsaatu jira. Fuula 84 irratti immoo waa'ee maqibsaafi gochimaatu jira. An amma yeroon barsiisu, haala barsiisuuf mijatuun gareewwan jechootaa fuula adda addaarra jiran kanneen walitti fiduun yaadannoo baasee kanan barsiisu. Gabaabumatti, gareen jechootaa dhiyaatan haala quubsaan dhiyaatanii jiru yoo jenne, dhugaa hinfakkaatu."* jechuun yaada isaanii xumuran.

Gaaffii 3ffaa irratti dhiyaateef barsiisaa 3ffaa guyyaa 25/09/2011 akkas jechuun deebisan. *"Haala ulaagaa garee jechootaa ilaalchisee, gaaffii lammaffaa irratti, akkaataa gareen jechootaa itti dhiyaatan quubsaa akka hin taane dubbannee turre. Haaluma kanaan gareen jechootaa osoo akka barsiisuuf mijatutti hindhiyaatin akkaataa ulaagaa isaas dhiyaatee jira hinjedhu. Irra caalaammoo, waa'ee ulaagaa garee jechootaa kana barattoonni sadarkaa kanatti barachuuf nidirqamu jedhee hintilmaamu. Kanaafuu, ulaagaan garee jechootaa ibsamuu dhabuu akka hanqinaatti hinfudhadhu."* jechuun yaada isaanii ibsuun kan xumuran.

Gaaffii 3ffaa irratti dhiyaateef, barsiisaa 4ffaa akkas jechuun ibsan, *"KBAO keessatti, jechoonni gareen jechaa jedhamanii jiran garee jechaa jedhamuufii wanti adda baasu, utuu hinjiraatin akkaataa ulaagaansaa itti dhiyaatu jira jechuun hindandaa'amu. Deebii kanaaf, yaada koo yeroon ibsu ulaagaa garee jechaa wanti ilaallatu dhiyaannaa kitaabilee kanneen keessatti hinjiru. Garuummoo, ulaagaa garee jechaa sadarkaa kanatti barachuu yoo baataniyyuu dhiibba niqabaata jedhee hintilmaamuu"* jechuun kan deebisan.

Gaaffii 4ffaa: Akaakuun garee jechoota Afaan Oromoo KBAO kutaa 9fi 10 keessatti argaman qoodiinsa walfakkaataa ta'een qoodamuun ibsamanii jiruu? Jedhuuf barsiisaa 1ffaan guyyaa gaafa 26/09/2011 akkas jechuun deebii kan laatan. "*Dhiyaannaan akaakuu garee jechootaa kitaabilee kanneen keessatti, hammamiin isaanii hin murtaa'in malee boqonnaalee jiran keessa facaa'anii kan jiran. Baay'ina qoodiinsa isaanii irratti wanti ifa ta'ee jiru hinmul'atu.*

*Haala kanaan, qoodiinsa walfakkaataadhaan hinjiran. Kunis, aakaakuu garee jechaa jiran irratti xiyyeeffachuun shaakala gilgaalaa kenna; akkasumas, garee jechootaa tokko irratti yaadannoo gabaabaa kan kennee jiru."* Jechuun kan dubbatan.

Gaaffii 4ffaa: olitti dhiyaateef, barsiistuu 2ffaan guyyaa 22/09/2011 akkas jechuun kan dubbatan*, "KBAO kutaa 9fi 10 keessatti gareen jechootaa jiran haala faffaca'aa ta'een kan argaman. Kitaabileen barataa kanneen qooddii garee jechootaa adda baasuun hinibsan. Fakkeenyaaf, KBAO kutaa 10 keessatti, akaakuu gaalee yeroo ibsu bakka afuritti qoodee kaa'ee jira. Akaakuun gaalee AO akaakuu garee jechootaarratti kan bu'uureeffate. Kitaabilee kanneen keessatti garuu, akaakuu garee jechootaa utuu hinibsin akaakuu galee arfan ibsee kan jiru. Kanarra kan hubannu kitaabni barataa kunneen qooddii garee jechootaa hammamii isaanii homaa waan ifatti adda baase hinqabu."* jechuun kan dubbatan.

Gaaffii 4ffaa; dhiyaateef, barsiisaa 3ffaa guyyaa 27/09/2011 deebii akkas jedhu kan laatan. "*Akaakuun garee jechootaa KBAO kutaa 9fi 10 keessatti, haala hawwataa ta'een dhiyaachuu haadhaban malee ibsamanii jiruu. Qooddii isaanii irratti garuu KB kanneen waan ibsa latan wayii hinqabu."*jechuun yaada isaanii gabaabinaan kan laatan.

Barsiisaa 4ffaan guyyaa 23/09/2011 4ffaa dhiyaate irratti, yaada akkas jedhu kan laatan, *"KBAO akaakuu garee jechootaa akkaataa qoodinsa isaanii irratti, waan ballinaan waan ibse hinqabu. Jechootni gareetti qoodamuu isaaniitiif yaadrimeen barataaf hubannoo kennu dhiyaachuu qaba ture. Waan kana ta'eef, KBAO kanneen qoodiinsa garee jechootaa irratti ibsa laachuu dhabuun hanqina fooyya'uu qabuudha."* jechuun yaada isaanii kan kennan.

Gaaffii 4.1 Qoodamiinsa kanaaf ibsaafi fakkeenyi gahaan kennamee jiraa? Gaaffii jedhuuf, barsiisaa 1ffaan 27/09/2011 deebii kennaniin, "*Akaakuu garee jechaa qooduurratti ibsa gahaa fakkeenyaan deggerame waan late hinqabu. Garuummoo utuu adda baasee qoodee ibsuun dhiyeesse hubannoo barattootaa nicimsa jedheen yaada.*" Jechuun kan dubbatan.

Gaaffii 4.1 dhiyaaterratti, barsiistuu 2ffaan guyyaa 22/09/2011 yeroo ibsan, *"Gareen jechootaa KBAO keessatti ibsamuu ibsamanii jiru. Garuu, barsiisuuf akkaataa hawwachiisaa ta'een kan dhiyaate miti. Gareen jechaa amma kana jechuun utuu hinibsin garee jechootaa boqonnaalee jalatti darbee darbee bifa faca'insa qabuun kan dhiyeessee*

*jiru. Utuummoo, qoodamiinsa isaaniif yaadrimee dhiyeessuun fakkeenyaan deggeree dhiyeesse gaarii ta'a."* jechuun yaada furmaata ta'a jedhan laatanii yaada isaanii xumuran.

Gaaffii 4.1. dhiyaate kanarratti, barsiisaa 3[ffaan] 26/09/2011 akkas jechuun ibsan, *"Jechoota gareetti qooduun barbaachisummaa guddaa qaba. Sababni isaa jechoonni afaan tokko keessatti argaman hedduu waan ta'aaniif yoo garee gareetti qoodan malee, hunda altakkaatti adda baasanii hubachuun rakkisaa ta'uu waan danda'uuf. Keessuma haalliifi amalli garee jechoota AO yoo qoqqoodanii ilaal malee hubachuuf kan nama rakkisaniidha. Kanaaf, kBAO kutaa 9fi 10 keessatti immoo, haalli itti gareen jechootaa qoqqoodamanii jiran adda bahee hinmul'atu. Garee jechootaa jiran gareema jechootaa ta'uusaaniifiyyuu barsiisaa barsiisitu kitaabilee wabii fayyadamuun yaadannoo dabalataa barbaadee adda baasuun barachuuf barsiisuuf akka ta'utti kan dhiyeessu.*" jechuun yaada isaanii laatan.

Gaaffii 4.1 olii dhiyaate kana irratti, barsiisaa 4[ffaa], guyyaa 28/09/2011 akkas jechuun dubbatan,"*Gareen jechoota AO kitaaba barataa keessatti, haala barataa hawwachuu danda'uun dhiyaachuu qabu turan. Kitaabileen kunneen hanga barbaadamu waa'ee jechaa hinibsine; mataa mataa tuqee kan dhiyeesse. Qoodinsa isaanii irratti immoo akka seensaatti illee waandhiyeesse hinqabu. Kanaaf, kitaabileen kunneen yoo qabiyyeen isaanii fooyya'uun akka hubannoo barattootaa gabbisuu danda'aanitti dhiyaatan gaariidha."* jedhu.

Gaaffii 5ffaa: Jechoota Afaan Oromoo gareetti qooduun dhiyeessuun faayidaa maalii qaba? Jedhuuf barsiisaa 1[ffaan] guyyaa 28/09/2011 akkana jechuun deebisan, *" Jechoota AO gareetti qoodanii dhiyeessuun faayidaa olaanaa qaba. Faayidaan isaas, jechoota amma kana baayyatan qoqqooduun hiruun tajaajila isaan himeen AO keessatti kennan hubachuuf nama gargaara. Dabalataanis, jechoota afaanichaa hedduu ta'aan yeroo gabaabaa keessatti haala namaa galuun akka ibsuu danda'aaniifillee kan nama gargaaruudha."* jedhu.

Gaaffii 5[ffaa]: dhiyaate irratti, barsiistuun 2[ffaan] guyyaa 30/09/2011 akkana jechuun kan ibsan. *"Jechoonni afaan tokkoo gareetti qoodaman malee akkasumatti qoratamuun isaanii rakkisaadha. Kanaaf, gareetti qoqqoodamanii dhiyaachuun jechootaa barbaachisaadha. KBAO keessatti immoo faayidaan jechootni gareetti qoqqoodamuun qaban irratti waan ibse hin qabu. Haata'u malee, utuu ibsee dhiyeesseemmoo barbaachisaa ture."* jedhu.

Gaaffii 5[ffaa]: Gaaffii olitti dhiyaateef, barsaan 3[ffaa] guyyaa 01/10/2011 akkas jechuun deebisaniiri. *"Jechoonni qoqqoodamanii dhiyaachuun waaltina jechoota afaanichaafuu ga'ee olaanaa qaba. Kitaaba barata keessatti qoodamanii dhiyaachuun isaaniimmoo qabiyyee garee jechootaa irratti dhiyaatan kanneen haala salphaa ta'een barattoonni akka hubatan isaan dandeessisa. KBAO kutaa 9fi 10 keessatti gareen jechootaa dhiyaatanii jiru. Garuu, maaliif akka dhiyaatan akkasitti qoodamanii dhiyaachuun isaanii immoo tajaajila maali akka qabu wanti ibsame hinjiru."* Jechuun kan dubbatan.

Gaaffii olitti dhiyaate kanarratti, guyyaa 02/10/2011 barsiisaan 4[ffaa] akkana jechuun dubbatan, " *Tajaajilli qoodiinsi garee jechootaa qabu KB keessatti baay'ee guddaadha. Utuu qoodamanii hinjiraannee barsiisuuf, akkasumas barattoonni barachuuf nirakkatu. Garuu, KBAO faayidaa qoodinsaa irratti yaada bal'aa ibsee late hinqabu. Qabiyyee kana irratti qaamni dhimmi ilaalu, irra deebiin ilaalee yoo fooyyeesse gaarii ta'a."* jechuun kan ibsan.

Gaaffii 6[ffaa].Garee jechootaa gooroofi gooree jedhamuun KBAO kutaa 9fi 10 keessatti wanti ibsame jiraa? Gaaffii jedhuuf barsiisootni afgaaffiif dhiyaatan deebii walfaakkaatu waankennaniif bakka tokkotti yaadni isaan kennan kan ibsame. " *KBAO kutaa 9fi 10 keessaatti, qabiyyeen garee jechootaa gooroofi gooree jedhu hinjiru. Utuu jiraatanii ibsamanii dhiyaatanii gaariidha. Waa'ee jechootarratti hubannoo bal'aa barattootni akka argatan waan taasisuuf. Kitaabilee kanneen keessatti, mata dureemtu Garee jechootaa jedhu bal'inaan adda ba'ee utuu ibsamee jiraateeyyuu gaarii ture.*" Jechuun yaada isaanii kan ibsatan.

Gaaffii 6.1 Garee Maseenaa (jechoota tajaajilaa) garee banamaa(jechoota qabiyyee) kanneen jedhaman ibsamanii jiruu? Gaaffiin kunis, gaaffii 6[ffaa] olitti dhiyaatee jiru waliin walitti dhufeenya waan qabuuf, deebii walfakkaataa laatanii jiru. Deebiin isaaniis, "*Garee maseenaafi garee banamaa kan jennu, qoodiinsa gareewwan gooroo jechootaati. Garee maseenaa yoo jennu, jechoota tajaajilaa afaanichaati; garee banamaa yoo jennuimmoo jechoota qabiyyee afaanichaati. Egaa erga KBAO akka kanatti qoodee osoo hintaane, karaa alkallattii ta'een jechoota maseenoos, jechoota qabiyyees hanga ta'e ibsuu yaaleera. Waa'ee garee jechaa kaasuun erga hinhafnee qabiyyee dhimma garee jechaa waliinwalqabatan sirriitti ibsuutu gaariidha*." Jechuun kan deebisan.

Gaaffii 7ffaa: Haalli qophii dhiyaannaa garee jechaa, KBAO kutaa 9fi 10 fi QBBAO walfakkeenyaafi garaagarummaa isaa irratti yaada maalii qbdu? Barsiisonni afgaaffiif dhiyaatan gaaffii kanarratti deebii walfakkaatu waan kennaniif bakka tokkotti yaadni isaanii kan ibasmee jiru.

"*Kitaaboleen kunneen walfakkeenyas, garaagarummaas niqabaatu. Garuu, haala dhiyaannaa garee jechaarratti wanti addaa qajeelcha barsiisaa keessatti kaa'amee hinjiru. Walfakkeenyi isaanii KBfi QB haala dhiyaannaa garee jechaarratti qabiyyeen isaan dhiyeessan walfakkaataadha. Kana jechuun wanti kitaaba barataarratti gilgaalaan gaafatee jiru deebiin isaa QB irra nijira jechuudha. Qajeelchi barsiisaa gilgaalota qabiyyee garee jechaan walqabatuuf deebii laata malee,wanti addaa qabiyyee garee jechaarratti ballisee ibsee kaa'u hinqabu. Walumaagalatti, haalli qophii dhiyaannaa garee jechootaa kitaabilee kanneen keessatti qabiyyee kana irratti, KB ykn QB tu fooyyee qaba waanjennu hinqabnu.QB mata duree addaa KB irraa addatti ibsee waankaa'e waanhinqabneef.Kitaaba barataa keessatti yammuu gaaffii gilgaalaa dhiyeessu qajeelcha barsiisaarrattimmoo, deebii kan kennu. QB irra caalaa dandeettiiwwan afaanii cimsuuf gargaara; keessattuu dhaggeeffachuun waandhagaa'an deebisanii ibsuu ykn barreessuu akka dandaa'aniif gargaara."* Jedhanii yaada isaanii kan laatan.

Egaan, deebii barsiisota oliirraa kan nuti hubannu, haalli qophii dhiyaannaa garee jechaa akkaataa barataaf hubannoo gahaa kennuu danda'utti ; kaayyoo jecha Afaan Oromoo barsiisuufi tajaajila gareen jechaa Afaan Oromoof qabu haala guutuu ta'een galmaan gahuu hindandeenye jechuudha.

Walumaagalatti, kanneen kaa'aman immoo, deebii gilgaalaa deebisuuf kan dhiyaataniidha. Waankana ta'eef, dursa gareefi ulaagaa isaan itti qoodaman adda baasuun, maalummaafi maaliif akka fayyadan kaa'ee booda shaakala gilgaalaafi qabiyyee biroommoo boodarra aansuun dhiyeessee gaariidha. Kunimmoo, beekusa barataan qabiyyee garee jechaa irratti qaban gabbisuu irra darbee fedhii isaan caasaa AO barachuuf qaban nidabala jechuu dandeenya.

Gaaffii 8ffaa: Qabiyyee garee jechootaa barsiisuuf, dhuunfaa dhuunfaa keessaniin gochi isin gootan maali? Qabiyyee kana yammuu dhiyeessitan gochi isin gootan yoo hinjiraanne gara

fuulduraatti ejjennoo isin qabda maali? Barsiisonnni gaaffiin kun dhiyaateef, dhuunfaan ta'us yaadnifi ejjennoon isaan kennan waan walfakkaatuuf bakka tokkotti ibsamuun kan kaa'aman.

Barsiisootni afgaaffiin kun dhiyaateef, akka dhuunfaa isaaniitti waa'ee garee jechaa barattoota barsiisuuf, mala mataa isaanii fayyadamaa akka jiraniifi amma qabiyyeen garee jechaa kitaabilee kanneen keessa jiran fooyyaa'anii dhiyaatanitti kan itti fayyadaman ta'uu dubbatan. Innis, *" Wayitiin Afaan Oromoo torbee keessatti lama qofaa waan ta'eef, yeroo brnoota idileen alatti barsiisaa jirra. Kana malees, dhimma qabiyyee garee jechaa irratti kitaabilee wabii caasaa garee jechaa kan barsiisan fayyadamuudhaan barsiisaa kan jirru. Barattootnis, kitaabilee qabiyyee garee jechaa irratti ibsa gahaa fakkeenyaan deggerame, akka barbaadanii dubbisan gorsuun kallattii kan agarsiifnu. Akkasumas, qabiyyee garee jechootaa kitaabilee kanneen keessatti faca'anii jiran bakka tokkotti walitti qabuun akka barattootaaf hubatamuu danda'utti adda adda baasnee ibsuun fakkeenya dabalataa waliin kan barsiifnu jechuun.*" yaaada isaanii kan kennan.

Walumaa galatti, gaaffiilee barsiisotaaf dhiyaaterraa, yaadni qorannoo kana gabbisuu waa hedduun dhiyaateera.Yaada isaanii kanarraa hubachuun kan dandaa'amu, KBAO 9fi 10 keessatti qabiyyeen garee jechootaa xiyyeeffannoo argatee akka hinjirreedha. Kunis, KB kunneen dandeettiiwwan afaanii hunda qixaan ibsuurratti hanqina guddaa akka qabuudha. Dhimma garee jechootaarratti ibsa gahaa utuu hinlaatin shaakala gilgaalaa qofa dhiyeessa jechuudha. KBAO kanneen keessatti, qoodiinsi garee jechootaa haala hubatamuu danda'uun maalummaa, faayidaafi akaakuun garee jchootaa ulaagaa barbaachisuun qoodamanii kan jirre ta'uu hubanna.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana jalatti, qabiyyeen ibsaman: cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaadha.

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun, qophii dhiyaannaa akaakuu garee jechaa KBAO kutaa 9fi10 irratti geggeeffameedha. Kunis, gaaffilee bu'uuraa kanneen akka: Gareen jechootaa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9fi 10 keessatti haala ifaafi qindaa'ina qabuun dhiyaatee jiraa?, Gareen jechootaa KBAO kutaa 9fi 10 keessatti baay'inni qoodinsa isaanii haala walfakkaatuun ibsamanii jiruu?, KBAO kutaa 9fi 10 keessatti mata duree garee jechootaa jedhuun, akaakuu garee jechootaa gooroofi gooree, jechoota maseenoofi banamoo qabiyyeen jedhan ibsamanii jiruu?, Ulaagaa gareen jechoota Afaan Oromoo ittiin qoodaman ibsuun jechootni Afaan Oromoo KB kutaa 9$^{ffaa}$fi 10$^{ffaa}$ keessatti akkaataa barbaachisuun dhiyaatanii jiru? Kan jedhan kan deebiseedha.

Kaayyoon qorannichaa haala qophiin dhiyaannaa garee jechaa KBAO kutaa 9fi10 hojiirra oolaa jiru sakatta'uun dhiyeessuudha. Gama biraan bu'aa qorannoo kanaarraa kan fayyadaman adda bahee ifee jira. Qorannichis kan daangeeffame, caasluga jiran keessaa xiinxala dhiyaannaa akaakuu garee jechaa qofaarrattidha.

Qorannichis, mala akkamtaafi sakatta'aa dokumentiin kan raawwate yeroo ta'u, malli ittiin odeeffannoon funaaname, dookumentii sakatta'uudha. Akkasumas, Afgaaffii barsiisota mana barumsaa Sad. 2$^{ffaa}$ Begii irraa barsiisan afuriif mala kaayyeeffataan fudhatamanii dhiyaateen kan xumurameedha.

## 5.2. Argannoowwan

Argannoo qorannichaa keessatti bira gahaaman akka kanaa gadiitti dhiyaatee jira.

Akkaataan qophii dhiyaannaa garee jechaa KBAO kutaa 9fi 10 keessatti bifa ifaa ta'een dhiyaatee akka hin jirree qorannoo kanaan adda bahee jira.

Gareewwan jechootaa KBAO kutaa 9fi 10 keessatti karaa alkallattiin jiraataniyyuu, akka hubannoo barataaf ta'utti dhiyaatanii akka hin jirre adda bahee jira. Kanneen jiran ammoo boqonnaalee jalatti darbanii darbanii faca'aanii kan jiran kunimmoo barattoonni adda baafachuuf haalli isaan itti rakkatan nijira.

Kana malees, jechoonni maqaa, maqibsa, gochima, gochibsiifi durduubee jedhamanii darbanii darbanii kitaabilee kanneen keessatti mul'atan garee jechootaa ta'uu isaaniif wanti adda ba'ee jirullee hinjiru. KBAO kutaa 9fi 10 keessatti, qabiyyeewwan garee jechootaa akkaataa ifa ta'uu danda'aaniin murtaarra gara dimshaashaatti dhiyaatanii akka hinjirre xiinxala qorannoo kanaan taasifameen hubachuun dandaa'ameera.

Walumaagalatti, qorannoo kanaan qabxiiwwan ijoofi gurguddoo olitti kaa'aman argannoo qorannichaan kallattii garaagaraan mirkanaa'uun kan adda ba'eedha.

## 5.3. Yaboo

Yaboon qorannichaaf kaa'ame akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

Jalqabarratti kaayyoon garee jechaa barsiisuu kallattii kamiinuu hubatamuun dhiyaannaa kitaabaa keessatti ibsuun bu'a qabeessa akka ta'e beekuun barbaachisaadha. KBAO kutaa 9fi10 keessatti qabiyyeen gareewwan jechoota AO adda ba'uun; maalummaa isaanii, faayidaafi ulaagaa ittiin qoodamaniin akkaataa barattootaa ifa ta'uu danda'aaniin mata duree gareewwan jechootaa jedhu jalatti duraa duubaan qindaa'anii irra deebiin ilaalamanii yoo qophaa'aan gaarii ta'a. Kunis, qaamni qophii KB qopheessu, qabiyyeen garee jechootaa jiran sadarkaa kanatti gahaa ta'uufi dhiisuu isaa ilaaluun hayyoota afaanii irratti afeeruun kitaabileen kanneen irra deebiin akka fooyya'u gochuudha. Karaa biraa, Gareen jechaa jiran ifatti garee jechaa ta'uu isaaniif, ulaagaan qoodiinsa isaanii ibsamee guutummaatti ifa taa'anii, akka amala isaaniitti walitti dhufuun dhiyaachuufi fakkeenyaan deggeramuun

waa'eensaanii adda ba'ee ibsamuu qabu. Akaakuun garee jechootaa jiran hundi haala qophii dhiyaannaa KBAO kutaa 9fi10 boqonnaalee keessatti utuu hinfaca'in kaa'amuu qabu. Qabiyyeewwn garee jechootaa, akkaataa adda faca'uu hinqabneen dhiyaachuun barbaachisaadha. Akkasumas, dhimma qabiyyee kanaa irratti fakkeenyi gahaa ta'eefi yaadannoowwan qabiyyee kanaan walqabatan haala gaariin dhiyaachuu qabu. Gareewwan jechootaa gooroo kanneen jedhaman kanneen kam akka ta'aan, gooree kanneen jedhamanis, marti isaaniituu fakkeenyaan deggeramanii barsiisuuf, barachuufis hawwatoo akka ta'uu dandaa'anitti dhiyaachuun gaariidha.

Qaamoleen itti dhiyeenyaan kitaaba kana qopheessaniifi barsiisaa jiran maal gochuu akka qaban akka gadiitti ibsamee jira.

Haala qophii dhiyaannaa garee jechaa KBAO kutaa 9fi 10 keessatti mul'atan furuuf barsiisonni kitaabolii wabii qabiyyichaaf nita'a jedhaniin walbira qabuun barsiisuufi barataan akka dubbisuuf  haala mijeessuudha.

Yaboon kun kallattiidhaan kan inni ilaallatu, qaamolee kitaaba kana wixineessan (qopheessitoota kitaabichaa) jechuudha. Itti aansuun, barsiisota kitaabichattti fayyadamuun barsiisan hunda kan ilaallatuudha.

**Wabiilee**


Abarraa Kaasaayee .(2010).Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa^fi 10^ffaa^f. Mana maxxansaa hin qabu.

Abarraafi Kaawwan (1998). *Caasluga Afaan Oromoo (max 3^ffaa^) jild- 1* Biranna Enterprise: Addis Abeba.

Addunyaa Barkeessaa. (2010). Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo. Finfinnee, Oromiyaa

_______(2011). Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo (Concept of Applied Research). Finfinnee, Oromiyaa.

_______ (2011). Sanyii: Jechaafi Caasaa Isaa. Finfinnee, Oromiyaa: LinePrinting & Advertising PLC.

_______(2016). Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo.Oromiyaa, Finfinnee.

Addunyaa Barkeessaa (2012). Natoo. *Yaadrimee caasluga Afaan Oromoo*. Mega PP: Finfinnee, Oromiya

Anderson, S.R. (1992). *Amorphous Morphology*. Cambridge: Cambridge University Press.

Allwright.R.L (1990), *What Do We Want Teaching Materials For Currents In Language Teaching* ,Oxford: Oxford University Press.

Atkins, And et al. (1995). *Skill Development Methodology, Part II*.Addis Ababa: Addis Ababa University.

Baye Yilmam. (1981). "Oromo Substantives: Some Aspects their Morphology and synax." Addis Ababa: Addis Ababa University (unpublished MA Thesis)

_______.(1986). "The Phare Structure of Ethopian Oromo." London: University of London, school of "Oriental Studies (PhD Dissertation)

Berg, B.(2001).*QualitativeResearch Methods for the Social sciences*.CaliforniaState University,Long Beach

Birraatuu Tarreessaa.(2010). *Qaccessa Qabiyyee Kitaabilee Barataa Kutaa 9^ffaa^fi 10^ffaa^*. Waraqaa Qorannoo Digirii 2^ffaa^: Yuun. Finfinnee.

Brumfit C.J.fi R.A. Carter. (1996). *Literature in Language Teaching*. London: Oxford University Press.

Caasluga Afaan Oromoo Jildii 1^ffaa^ (1995). *Gumii qormaata Afaan Oromootiin* komishinii fi Turzimii Oromiyaatti Finfinne.

Creswell, J. W. (2007). *Qualitative Inquiry and Research Design* .(2nd ed.).sag publication icon.

Crystal, D. (1997). *The Cambridge: Encyclopedia of Language*. Cambridge: Cambridge University Press.

Cohen, L. Minion, L. & Morrison K. (2005). *Research Method in Education, (5th ed.).*

Cunningworths, A. (1995). *Choosing Your Course book*. Oxford Heinemann.

Dastaa Dassaalany. (2013). *Bu'uura Qorannoo*, Max.2ffaa. Far East Trading PLC.

Dublin, Fraud & Olshtain, Elite, (1986*). Course Design: Developing programs and Materials for Language Learning***.** Cambridge: Cambridge university press.

Duulaa Dilboo . (2008*). Xiinxala Dhiyaannaa Dhaamjechoota Afaan Oromoo Kitaa Barataa Kutaa*

Freeman, L. (2000). *Techniques and Principles in Language Teaching*. United Kingdam: Oxford University Press.

FRDI-tti Ministeera Barnootaa. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa: Kutaa 9ffaa:* MK. PUBLISHERS.Ltd.

_______. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 9ffaa:* MK.PUBLISHERS.Ltd.

_______. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa: Kutaa 10ffaa:* MK.PUBLISHERS.Ltd.

_______. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 10ffaa:* MK.PUBLISHERS.Ltd.

Gabbaaroo Tulluu (2007).Caasluga Afaan Oomoo-11 Barnoota Barsiisotaa Finfinnee: Yunivarsitii Kolleejii Aalfaa

Geetaachoo Rabbirraa (2011), *Seerluga Afaan Oromoo*. Addis Ababa. Kuraz international Publishing Enterprize.

_______.(2014).Furtuu. Caasluga Afaan Oromoo: Meeggaa printing Press. Finfinnee.

_______. (2016). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo Ktaa 9 ii 10*,Max.5ffaa.

Dublin,Fraud &Olshtain, Elite, (1986).*Course Design: Developing Programs And Materials*

*ForLanguage Learning*. Cambridge: Cambridge University Press.

Green Baum and Nelson (2002). "Introduction To English Grammer 2nd ed, Langman: Pearson Education Lmt.

Harmer, J. (1987). *Teaching and Learning Grammer.* UK Longman York Press.

Harmer, J. (1991). *The Practice of English Language Teaching*. UK: Longman York press. London & New York: Rout ledge.

John D. Bransford, Ann L. Brown, and Rodney R. Coocking (1999). How People Learn, brain, mind, Experience and School. National Academy Press. Washington, D.C.

Lammiifi Cimdii. (2018). *Eenyummaafi Tajaajila Gochibsaa.* Qorannoo Jimmaa Yuuniversiitii. Kan hinmaxxanfamin.

Lyons, J. (1981). *Language and Linguistics*. Cambirdge: Cambridge university press

Mc Grow Hill Vocabulary Teaching and Learning, Wright Group….PP.1

Mc Donough, J. and Shaw, C. (1993). *Materials and English Language Teaching*. Oxfor: Blank Well published Ltd.

Mirreessaa Amanuu (2014). Qalbii: Seerluga Oromoo: Mana maxxansaa Elleni p.p.plc. Finfinnee.

Mitikkuu Dibbeessaafi Tashoomee Egeree (1992). "Seerluga Afaan Oromoo: Hidha 2ffaa Xiinjecha. Finfinnee.

Misgaanuu Gulummaa. (2012). *Biiftuu Guddina Afaanii.Finfinnee*: Subi printing press.

Matthews, P. H. (1991). *Morphology. 2nd (edit).* Cambridge: Cambridge University Pres.

MC. Donough, J and Shaw, C. (1993). *Materials and Methods in English Language Teaching.* Oxford: Blackwell publishers ltd.

NEK-International.Consultancy (1999), *Teachers Education Handbook*: Addis Ababa.

O'Grady, W. and Dobrovolisky M. (1996). *Contemporary Lingustics Analysis: an Introduction.* Cambirdge university press.

O'Grady William (1996). *Contemporary Linguistics Analyses, An introduction* (3rd ed) Copp LTD: Tronto.

Qajeelcha Qophii Qo'annaafi Qorannaa Sirna Barnoota (B.B.O). (1995) *Silabasii Barnoota Afaan Oromoo*.Oromiyaa Finfinnee.

Radford (1999). Linguistics Introduction. Cambrdge UP. Cambrdge.

Richard, J.C.(2001). “*Curriculam Development In Language Teaching*.” Cambrdge UP. Cambrdge.

Richards J. C and Rodgers T.S. (2001). *Approaches and Methods in Language Teaching. A description and analysis*. Great Britain: Cambridge University Press.

Richards J.C. and W.A. Renandya. (2002). *Methodology of In Language Teaching*.

Saamu’eel Nagaasaa. (2007). *Dhiyaannaa Barnoota Caasluga Afaan Oromoo Kitaababarataa kutaa 10ffaa keessatti.* Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa: Yuun. Finfinnee.

Slobin, B. (1978). *Cognitive Prerequisites for the Dev"t of Grammar*. New York: Wiley.

Sharma, K. And Tuteja, T. (2005). *Teaching Of Language And Linguistics*. Delih: Ajay Verma.

Tashoomaa Balaayinaa. (2005). *Mala baruu barsiisuu* (Moojula).Yuuniversitii Jimmaa: Faakaltii Barnootaa Damee Barnoota Afaan Oromoo.

Temesgeen Nagaasaa. (1992). *Qubee Afaan Oromoo*. Wiirtuu Barruulee Waaltina Afaan Oromoo keessatti: Finfinnee: mana maxxansaa daldalaa jildii 5ffaa fuula 36-51l.

__________. (1993). “*Word Formation in Oromo.*” Unpublished MA thesis in Lingustic. AA: AAU.

Wiirtuu Jildii 8. Finfinnee: Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa.

Xilahun Gamtaa (1995). *Seera Afaan Oromoo*. Mana maxxansaa Daldalaa: Finfinnee.

ጌታሁን አማሬ ። (1989)። ዘመናዊ የአማርኛ ሰዋሰዉ በቀላል አቀራረብ። አድስ አበባ ንግድ ማተሚያ ድርጅት።

# DABALEE-A

## AFGAAFFII BARSIISOTAA

## YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA, KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIISIMIIFI QUNNAMTIIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII.

Qoratichi Xiinxala Akaakuu Garee Jechoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 9ffaa fi 10ffaa Bara 2005 qophaa'an ilaalchisuun qorannoo geggeesse gabbisuuf afgaaffii barsiisotaaf dhiyaatan akka armaan gadiitti kan kaa'e. Kaayyoon afgaaffii kanaas, qorataan qorannoo taasisaa jiru kana dhugoomfatee qorannicha gabbisuuf hireen barsiisonni Afaan Oromoo kutaalee kanneen barsiisaa turaniifi barsiisaa jiran qaban baay'ee murteessaa dha. Sababni isaas, barsiisonni kitaabicha barsiisuu irratti muuxannoo waan qabaniif hanqina gama garee jechootaa kitaabicha keessatti mul'atan adda baasanii ibsuu danda'u. Kunis, barnooticha yeroo barsiisaa turanitti waan isaan mudachaa ture irraa ka'anii afgaaffii banamaa sadddeet dhiyaateef kana bal'inaan nideebisu jedhee qorataan waan yaadeef afgaaffii asii gadii dhiyeesseeraaf.

**1.Odeeffannoo naaf kennitaniif dursee isin galateeffadha**.

1.1 Odeeffannoo Dhuunfaa Barsiisichaa (Maqaa barreessuun barbaachisaa miti).

1. Saala____________ Umurii __________ Bara tajaajilaa ______________

2. Sadarkaa barumsaa: M.A.______________ Digirii__________________

3. M/B _________________________ Kutaa Barsiisu: ktaa 9 ____ kutaa 10 ____

1.1 **Gaaffiilee Barsoosotaaf Diyaatan**.

1.Haalli dhiyaannaa Akaakuu garee jechaa Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 gahaadha jettuu?

________________________________________________________________________

_____ ___________________________________________________________________

2.KBAO kutaa 9fi 10 keessatti akaakuun garee jechootaa haala kamiin ibsamanii jiruu?

________________________________________________________________________

3.Ulaagaaleen garee jechaa ittiin qoodaman haala kamiin ibsamanii jiruu?

________________________________________________________________________

4.Akaakuun garee jechoota Afaan Oromoo  KBAO kutaa 9fi 10 keessatti argaman qoodiinsa walfakkaataa ta'een qoodamuun ibsamaniijiruu?

________________________________________________________________________________
_______________________________________________________________________

4.1 Qoodamiinsa kanaaf ibsaafi fakkeenyi gahaan kennamee jiraa?

________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________

5. Jechoota Afaan Oromoo gareetti qooduun dhiyeessuun faayidaa maalii qaba?

________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________

6. Garee jechootaa gooroofi gooree jedhamuun KBAO kutaa 9fi 10 keessatti wanti ibsame jiraa?

________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________

6.1Garee Maseenaa (jechoota tajaajilaa) garee banamaa(jechoota qabiyyee) kanneen jedhaman

ibsamanii jiruu?

________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________

7. Haalli qophii dhiyaannaa garee jechaa, KBAO kutaa 9fi 10 fi QBBAO walfakkeenyaafi garaagarummaa isaa irratti yaada maalii qbdu?

________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________

8. Qabiyyee garee jechootaa barsiisuuf, dhuunfaa dhuunfaa keessaniin gochi isin gootan maali? Qabiyyee kana yammuu dhiyeessitan gochi isin gootan yoo hinjiraanne gara fuulduraatti ejjennoo isin qabda maali?

________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________
_______________________________________________________________________________

**DABALEE B**

Gabatee 2,Xiinxala akaakuu dhihaannaa garee jechoota KBAO kutaa $9^{ffaa}$

| **Kitaaba Barataa** | | | | **Qajeelcha Barsiisaa** | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| Qabiyyee garee jechootaa dhiyaatan | Boqonnaa | Fuula | Qabiyyee garee jechootaa dhiyaatan | Gilgaala | Boqon naa | Fuula |
| Shaakala akaakuu gaalee | 3 | 36 | Gaaleefi gosoota isaa | | 4 | 30 |
| Maqaafi gosoota isaa | 4 | 38 | Shaakala maqaafi gosoota isaa(deebiifi ibsi itti hin kennamne. | | 4 | 30 |
| Shaakala maqaalee | Gilgaala 5 | 39 | Shaakala maqaa akka maqibsaa | | 5 | 37 |
| Maqaa akka maqibsaatti | 5 | 50 | Shaakala Maqibsaaf Gosoota Isaa | Gilgaala 5 | 7 | 48 |
| Shaakala maqaa akka maqibsaa | | 50 | Shaakala Bamaqaa | Gilgaala 4 | 8 | 53 |
| Maqibsaafi gosoota isaa | 7 | 63-70 | Barannoo 4: Gochima Shaakala Gochimaa | Deebii gilgaala 9 | 9 | 60 |
| Bamaqaafi gosoota isaa | 8 | | Shaakala gochiaa | Gilgaala 10 | 9 | 60 |
| Maalummaa akaakuufi tajaajila gochimaa | 9 | 89 | Barannoo 4: Firoomsee (Durduubee)<br>Shaakala Firoomsee | Gilgaala 6A | | |
| Gochima | Barannoo 4 | 89 | Barannoo 5: Gochibsaaf Gosoota Isaa<br>Shaakala Gochibsaa | Gilgaala 7 | 10 | 66-67 |
| Gochibsaafi gosoota isaa | 10 | | | | | |
| Maalummaafi tajaajila durduubee | 10 | | | | | |
| Gochibsiifi gosoota isaa | 10 | 103 | | | | |

**DABALEE C**

Gabatee 3, Xiinxala akaakuu dhihaannaa garee jechoota KBAO kutaa 10ffaa

| Kitaaba Barataa | | | Qajeelcha Barsiisaa | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Akaakuu garee jechootaa | Boqonnaa | Fuulaa | Akaakuu garee jechootaa | Boqonnaa | Fuulaa |
| Bamaqaafi faayidaa isaa | 4 | 44 | Maqaaf Gosoota isaa Deebii gilgaala 4. | 6 | 53-54 |
| Shaakala maqaafi gosoota maqaa | 6 | 63 | Barannoo 2: Shaakala maqaa akka maqibsaatti Caaslugaa Deebii Gilgaala 4: | 7 | 59 |
| Shaakala maqaafi gosoota isaa | Gil. 4 | 63 | Barannoo 2: Shaakala Caaslugaa maqibsaafi gochimaa<br>Deebii Gilgaala 4 | 8 | 64-65 |
| Maqaa akka ibsa maqaatti | 7 | 73 | Deebii gilaala 9: Shaakala Gochibsaaf Gosoota Isaa<br>Deebii gilgaala 9Afi 9B | 9 | 75-76 |
| | | | | | |
| Shaakala maqaa akka ibsa maqaatti | Gil.4 | 73 | Barannoo 2: Caasluga Shaakala Faayidaa Durduubee<br>Deebii gilgaala 4 | 11 | 83 |
| Maqibsaafi gosoota isaa | 8 | | | | |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Gochimaafi gosoota isaa | 8 | 83-84 | | | |
| Akaakuu maqibsaafi gochimaa | Barannoo 2 | 83-84 | | | |
| Maalummaa gochimaa | 8 | 84-85 | | | |
| Shaakala maqibsaafi gochimaa | Gil. 4 | | | | |
| Gochibsaafi gosoota isaa | 9 | 100 | | | |
| Gil.9 shaakala gochibsaafi gosoota isaa | | | | | |
| Durduubee | 11 | 113 | | | |
| Gil.4 fayyadama durduubee | | | | | |

**DABALEE D**

**Gaaffii mirkaneeffannaafi sakattaa'a KB Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa irratti dhiyaate.**

| Lakk | Gosa Gaaffii | Jira | Hinjiru |
|---|---|---|---|
| 1. | Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 maalummaa akaakuu garee jechaa haala barattootaa galuun fkn deggeree ibsee jiraa? | | |
| **2.** | KBAO kutaa 9fi 10 keessatti ulaagaaleen jechoota gareetti qooduuf itti dhimma baanu maal maal akka ta'aan kaahamaniiruu? | | |
| 3. | Gareen jechootaa hundi qabiyyee kitaaabichaa irratti dhiyaatanii jiruu? | | |
| 4. | Gareen jechootaa yoo jiraatan ulaagaa isaaniifi amala isaanii eeganii jiruu? | | |
| 5. | Ulaagaan garee jechaa ibsan maalfaatu dhiyaatee jira? | | |
| 6. | Tokkoon tokkoon garee jechoota AO ibsaafi fakkeenyaan deeggaramaniiruu? | | |
| 7. | Gareen maqaa ulaagaa xiinjechaan maal akka ibsu kaa'ee jiraa? | | |
| 8. | Gareen maqibsaa ulaagaa xiinjechaan maal akka maxxanfatee jiru ibsuun kaa'ee jiraa? | | |
| 9. | Gareen gochimaafi dhamjecha kam maxxanfatee faayidaa seerlugaa ibsu kaa'eeraa? | | |
| 10. | Garaagarummaa gareewwan jechaa kaa'ee jiraa? | | |
| 11. | KBAO keessatti, garee jechoota gooroofi gooree kanneen jedhaman dhiyaatanii jiruu? | | |
| 12. | Qabiyyeen garee jechaa banamaafi maseenaa jedhu kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatanii jiruu? | | |
| 13. | Hiikoon tokkoon tokkoon garee jechaaf laatame yaadrimee sirrii dabarsaa? | | |
| 14 | Uumaamni jechootaa garee maqaarraa maqaabaasuu dhiyaatee jiraa? | | |
| 15 | Uumamni jechootaa garee maqibsaarraa garee biraa baasuun dhiyaatee jiraa? | | |
| 16 | Uumamni jechootaa garee gochimaarraa garee biroo baasuu dhiyaatee jiraa? | | |
| 17 | Uumamni jechootaa garee durduubee garee biroon walitti fiduun uumee jiraa? | | |

**DABALEE E.**

## Odeeffannoo Waliigalaa Barsiisota Afgaaffiin dhiyaateef

| T/ L | Maqaa Koodiin | Saala | Umurii | Sad. Barumsaa | Bara Tajaajilaa | Maqaa M/B | Guyyaa Afgaaffiin Taasifame |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | C. O | Dhiira | 30 | Digirii Jalqabaa | 7 | Sadarkaa lammaffaa Begii | 18/09/2011 |
| 2. | L. G | Dhalaa | 28 | Digirii | 5 | Sadarkaa lammaffaa Begii | 20/09/2011 |
| 3. | D. L | Dhalaa | 35 | Digirii Jalqabaa | 10 | Sadarkaa lammaffaa Begii | 23/09/2011 |
| 4. | G. D | Dhiira | 33 | Digirii Jalqabaa | 6 | Sadarkaa lammaffaa Begii | 22/09/2011 |

**DABALEE F**

**Walitti Dhufeenyaafi Garaagarummaa Dhiyaannaa Qabiyyee Garee Jechootaa KB, QB Kutaa 9fi 10**

**Keessatti Dhiyaatanii**

| **Qabiyyee KBAO Kutaa 9** | **Qabiyyee QB Kutaa 9** | **Qabiyyee KBAO Kutaa 10** | **Qabiyyee QBkutaa 10** |
|---|---|---|---|
| Boq 4: gaaleefi gosoota gaalee adda baastee hubbatta; barreeffama keessatti sirriitti itti fayyadamtas. maqaafi gosoota isaa. Caasluga Gaaleefi Gosoota Isaa Maqaafi Gosoota Isaa Barreessuu | 3. Caasluga- gaaleefi gosoota gaalee, maqaafi gosoota isaa | Boq 3. •<br>• gaaleefi gosoota isaa hima keessaa addaan baafatta.<br>• ciroofi gosoota isaa hubatta.<br>Caasluga:Gaaleefi gosootasaa, | • Gaaleefi gosoota isaa<br>• Ciroofi gosoota isaa |
| Boq 5: maqaan akka maqibsaatti tajaajiluu isaa hubattee himoota kee keessatti itti fayyadamta. | • Maqaan akka maqibsaatti tajaajiluu | Boqonnaa 4.<br>bamaqaafi faayidaa isaa hubatta. | Boq.4<br>• Bamaqaa, ramaddii, saalaafi faayidaa isaa |
| | | Boq.5<br>• hiika jechoonni akka galumsaatti laatan himta. | • Caasluga- Bamaqaa, sirna tuqaalee-sarara xiqqaa, sarara guddaafi itti fufaa,<br>henna muraannaafi muraannaalaa<br>• Hidda dhalootaa barreessuu |
| Boq 6 | • Shaakala | Boq.6. | |

| | | | |
|---|---|---|---|
| hindhiyaanne | ogummaa<br>jechootaa | • maqaafi gosoota maqaa adda baastee himt<br>:Maqaafi gosootasaa | • Caasluga-maqaafi gosoota maqaa |
| Boqonnaa 7: maqibsaafi gosoota isaa hubatta. | Boq.<br>• Shaakala jechootaa<br>• Maqibsaafi gosoota isaa | Boq.7 maqaan akka ibsa maqaatti akka tajaajiluu.<br><br>Barannoo 2: Caasluga Yaadannoo<br>Maqaa Akka Maqibsaatti Fayyadamuu | BOQ7<br>• Maqaa akka maqibsaatti |
| Boq 8: bamaqaafi gosoota tajaajila hennaa darbeennaa | Boq. 8• Shaakala jechootaa<br>• Bamaqaafi gosoota isaa<br>• Hennaa darbeennaa | Boq.8. maqibsaafi gosoota isaa • gochimaafi gosoota •<br>Caasluga: Akaakuu Maqibsaafi Gochimaa | Boq.8<br>Dubbisuufi dubbachuu • Dubbisa “<br>• Hiika jechootaa<br>• Maqibsaafi gosoota isaa<br>• Gochimaafi akaakuu isaa • |

| | | | |
|---|---|---|---|
| • maalummaa, akaakuufi tajaajila gochimaa • | Boq.9 hiika jehchootaafi faallaa jechootaa<br>5. Gochimaa | Boq.9 .<br>• gochibsaafi gosoota isaa Caasluga : gochibsaafi gosootasaa | Boq.9 • Hiika galumsa jechootaa<br><br>• Ibsa gochimaafi gosoota isaa |
| Boq10<br>gochibsaafi gosoota isaa hubatta.<br>• maalummaafi tajaajila durduubee(firomsee) hubatta. | Boq.10 Hiika jechootaa<br>• Ibsa gochimaafi gosoota isaa<br><br>•Maalummaa durduubee(firomsee)fi bakka hima keessatti qaban | --- | ------- |
| Boqonnaa 11•<br>walsimannaa mathimaa, anthimaafi gochimaa • | Boq. • Hiika galumsa jechootaafi gaaleewwanii<br>• Walsimanna mathima, anthimafi gochimaa | Boq.11<br>durduubee hima keessatti itti tajaajilamta.<br><br>Caasluga Yaadannoo Durduubee | Boq11<br>• Faayidaa durduubee |

**Irbuu**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti ibsame, hojiin qorannoo kanaa hojii jalqabaafi yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti dhimma kanaan walfakkaatuuf kan hojiirra oole akka hin taane. Kana malees, wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa Gaaddisaa Biqilaa

Mallattoo________________

Guyyaa____________________